**SAKATTA’A ITTI FAYYADAMA MEESHAALEE AADAA AMANTII WAAQEFFANNAA KEESSATTI: HAALA QABATAMAA GODINA SALAALEE ANNAA JIDDAA**

**JIRRAA DHINSAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAAFFAA (MA) GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**FULBAANA BARA 2014**

**FINFINNEE**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII**

# QAACCESSA ITTI FAYYADAMA MEESHAALEE AADAA AMANTII WAAQEFFANNAA KEESSATTI: HAALA QABATAMAA GODINA SALAALEE AANAA JIDDAA

**QORATAAN:- JIRRAA DHINSAA**

**GORSAAN: MULUGEETAA NAGAASAA (PhD)**

**FULBAANA BARA 2014**

**FINFINNE**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**DHAABBATA QORANNOO DIGIRII DURAA BOODDEE**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo, Hog-barruufi Fookiloorii gamiisaan guuttachuuf Jirraa Dhinsaa mata duree “Itti fayyadama meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa keessatti: haala qabatamaa Godina Salaalee Aanaa Jiddaa” jedhuu kan qophaa’ee sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa’een qorannoon kun hojjatamee jira.

KOREE QORMAATAA

Gorsaa______________________________ Mallattoo____________Guyyaa_______________

Qoraa Keessaa________________________ Mallattoo____________ Guyyaa______________

Qoraa Alaa___________________________ Mallattoo____________ Guyyaa_______________

# Galata

Duraan dursee qorannoo kanaa akka galma ga'uuf jalqabaa hanga dhumaatti seeraan tartiiba eegee akkan hojjedhu yaadaafi Ogummaa isaaniin yeroo isaanii osoo hin qusatiin dadhabbiifi nuffii tokko malee gorsaafi deeggarsa ogummaa kan naaf kennaa turan gorsaa koo Dr.Mulugeetaa Nagaasaa galannin isaaniif qabu guddaadha.

Gama biroon, maatii koo osoo ofiif hin baratiin deeggarsa barbaachisu hunda naaf gochuun na barsiistaniif bakka guddaa isaaniif qaba. Kanaaf, galata keessaniif rabbiin umrii keessan naaf haa dheeressuu, hamtuun isin argin isniin jechuun barbaada.

Akkasumas waraqaa qorannoo kana akka barbaadameen akkan dalaguuf kan na cinaa dhaabbattee na jajjabeessaa jirtu haadha manaa koo Asteer Warquu Tolaatiif galanni kee guddaadha. Dabalataanis, hiriyoota koo waraqaa qorannoo kana hojjachuu irratti na cinaa dhaabbachuun deeggarsa ogummaan na gargaaraa jirtan hundaaf galanni koo daangaa hinqabu.

***Axereeraa***

*Meeshaaleen aadaa Amantii Waaqeffannaa keessatti faayidaa adda addaa kan qabuudha. Hanga ammaatti qorannoon meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa keessatti dhimma itti bahaman irratti qorannoon gadi fageenya gaggeeffame bal'inaan hinjiru. Meeshaaleen kunniin yeroo ammaa hawaasa Oromootiin dagatamuu haala dandaa'u keessa jira. Kanummarra ka'uun qorataan qorannoo kanaa haalli itti fayyadama meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa Oromoo Salaalee maal akka fakkaatu ilaaluuf murteesse. Kanuma bu'uureffachuudhaan daangaan qorannoo kanaa "Sakatta'a itti fayyadama meeshaalee aadaa Amantii Waaqeffannaa ilaallatan haala qabatama Godina Salaalee keessaa Aanaa Jiddaa irratti kan xiyyeeffateedha. Kaayyoon ijoo qorannoo kanaa akkaataa itti fayyadama meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaan haala qabatama Godina Salaalee Aanaa Jiddaa keessatti argaman qaaccessun ibsuudha. Gama kanaan qorannoon wal fakkiifi yaad-rimee haayyootaa gama itti fayyadama meeshaalee aadaa wajjiin kan walitti dhufeenya qabaniis ilaalameera. Madda ragaawwan qorannoof kanaaf ta'us kan qindaa'e hawaasa keessatti odeef keennitoota manguddootaafi dubartoota akkasumas, hogeeyyii Waajjira Aadaafi Trizimiifi hordoftoota amantii waaqeffannaa hubannoo akkaataa itti fayyadama Meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa  keessatti dhimma itti Bahaman irratti qaban 16 irraa odeeffannoo funaanuuf mala iddatteessuu miti carraa (akkaayyoo) fayyadamuun filachuun erga odeeffannoon qorannichaaf barbaachisu walitti qabameen baada, mala qorannoo Akkamtaa (qualitative)tti dhimma bahamuun odeeffannichi qaacceffameera. Akka waliigalaattis akkaataa itti fayyadama meeshaaleen aadaa amantii weaaqeffannaa Aanaa Jiddaa keessatti yeroo ammaa akka duraanii kan hin jirre ta'uufi dhaloota haaraayaatiin salphatti irraaffatamuu danda'uusaa mul'isa. Akkasamus, meeshaalee ammayyaan bakka buufamaa jirachuu isaanii argannoo qorannoo kanaatiin bira ga'ameera. Argannoo qorannicha, keessatti tuqaman irratti hundaa'uun Meeshaaleen Aadaa amantii waaqeffannaa keessatti dhimma itti Bahaman akka hin badneef qaamni dhimmi ilaallatuufi Waajjirri Aadaafi Turizimi Godina Salaalee aanoolee godinicha keessatti argamanitti godambaa ijaaruun  cinaatti gosa isaaniitiin qooduun qorannoo  gadi fagoo irratti taasisuu barbaachisaa ta'uun akeekameera. Haaluma walfakkaatuun ogeessota meeshaalee aadaa omishaanif deeggarsi barbaachisu gama waajjira Intarepiraayisi Mayikiroo xixiqqaatiin taasisuun akka gabaatti dhiyeessanii madda galii argachuu danda'an gochuun meeshaalee aadaa kana badiirra hambisuun labata dhuufuuf osoo dabarsani ummaticha faana turuu kandanda'uta'uunkaa'ameera.*

**BAAFATA**

| **Qabiyyee** | Fuula |
|---|---|

Galata ... i

Axereeraa ... ii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ... 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa ... 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ... 4

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ... 5

1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa ... 5

1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa ... 5

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ... 5

1.5. Daangaa Qorannichaa ... 6

1.6. Hanqina Qorannichaa ... 6

1.7. Haala Walii Galaa Hawaasa Naannoo Qorannichaa ... 7

1.7.1. Qubsuma Aanaa Jiddaa ... 7

1.7.2. Hidda Latiinsa Uummata Aanaa Jiddaa ... 8

1.7.3. Amantaa Hawaasa Aanichaa ... 11

1.7.4. Sirna Fuudhaafi Heerumaa Hawaasa Aanichaa ... 12

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ... 16

2.1. Fookiloorii ... 16

2.1.1. Afoola ... 17

2.1.2. Aartii sochii Qaamaa ... 17

2.1.3. Duudhaa Hawaasaa ... 17

2.1.4. Meeshaalee Aadaa ... 27

2.2. Yaaxxina Qorannichi Bu'uureffate ... 29

2.2.1. Yaaxina Faayidaa (Functional theory) ... 29

2.2.2. YaadiddamaAadaa Hawaasaa (Folk Cultural Theory) ... 29

2.3. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii ... 30

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ..... 32
3.1. Saxaxa Qorannoo ..... 32
3.2. Madda Odeeffannoo Qorannichaa ..... 33
3.3. Iddaattoofi Mala Iddatteessuu ..... 33
3.3.1. Iddetteessuu Akkayyoo ..... 34
3.3.2. Iddatteessuu Darban dabarsaa (Iyyaaffannoo) ..... 34
3.4. Malleen Funaansa Ragaalee ..... 34
3.4.1. Daawwannaa ..... 35
3.4.2. Afgaaffii ..... 36
3.4.3. Marii Garee ..... 37
3.5. Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaaname ..... 37
3.6. Mala Qaaccessa Ragaalee ..... 38
BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAA ..... 39
4.1. Itti fayyadama Meeshaalee Aadaa Amantii Waaqeffanna ..... 39
4.1.1. Meeshaalee Aadaa Sirna Irreechaa Keessatti Fayyadan ..... 40
4.1.2. Meeshaalee Aadaa Sirna Ateetee Keessatti fayyadan ..... 42
4.1.3. Meeshaalee Aadaa Wadaajaa Keessatti Fayyadan ..... 45
4.1.4. Meeshaalee Aadaa Sirna Gubaa keessatti Fayyadan ..... 46
4.1.5. Meeshaalee Aadaa Sirna Fuudhaafi Heerumaa Keessatti Fayyadan ..... 48
BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAAFI YABOO ..... 77
5.1. Guduunfaa. ..... 77
5.2. Argannoo ..... 79
5.3. Yaboo ..... 80
Wabiilee ..... 82
DABALEE A ..... i
DABALEE B ..... iii

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Qabeenyaafi ogommaa dhalli namaa jiruufi jireenya isaa keessatti horate keessaa tokko aadaadha. Yaada kana Hundeessaan (6411.A.L.G.O) tti “Aadaan kuusaa beekumsaa Kan muuxxannoo, kan amantii kan yaada yeroo kan waa’ee Qolloo (universe) kan qabeenyaa sabni tokko yeroo dheeraa keessa kuufatedha” jechuun ibsa.

Yaaduma kana deeggaruun Warqinaan (2008:23) yoo ibsu. “Aadaan jiruufi jireenyi uummata tokkoo kan biraa irraa gargar bahee kan ittiin beekamu dhimmoota eenyummaa of keessatti kan qabu; misoomaa fi ijaarsa biyyaa tokkoo irraatti ga’ee ol aanaa gumaachuu irratti kan akka furtuutti itti fayyadamamudha” jedha. Yaada kana irraa wanti hubatamu aadaan calaqqee jiruufi jireenya ummata tokko kanneen biroo irraa adda baasee kan beeksisuu fi guddinaafi misooma biyyaaf illee shoora ol aanaa kan taphatu ta’uu ibsa.

Dabalataanis Asaffaan (2009) waa’ee aadaa yoo ibsu, “Aadaan walxaxoo beekumsa, amantii, oguma, seera, hamilee, dandeettiifi amala namni tokko akka miseensa hawaasaatti qabudha” jedha. Kunimmoo aadaan akkuma jireenyi hawaasaa wal xaxaa ta’e, aadaan hawaasichaas jireenya wal xaxaa hawaasa Sanaa kan ibsu ta’uu isaati.

Akkasumas Warqinaan (2008:26) hiika UNESCO wabeeffachuun yommuu ibsu “aadaan akka hubannoo giddu galeessatti waan sammuu namaa keessa jiru tokko karaa qabamataa ta’een kan ittiin hubachuun nama dandeessisudha. Akkasumas akkaataa sirna jireenya dhala namaafi mirgi dhala namaa kan ittiin kabajamuufi muuxxannoo isaafi amantii isaa kan ittiin agarsiisudha”…jedha.

Aadaan kamiyyuu hawaasa aadicha hordofuuf calaqqee eenyummaa hawaasa aadicha hordofuuti. Yaada kana ilaalchisees Hayiluun (1997:112) yeroo ibs “Sabni tokko saboota biroo irraa kan inni ittiin adda ba’u daangaa ykn biyya keessa jiraatu qabaachuun gamatti aadaa qofaa isaatti kanneen biroo irraa adda ba’ee ittiin beekkamu dhuunfaatti baachuu isaati” jedha. Itti dabaluun akka Warqinaan (2008:29) Tsagayee (1990) wabeeffachuun ibsutti ammoo “Aadaan mallattoo eenyuummaa saba tokkooti” jedha. Ittuma fufuun, “Dhiigni nama keessatti akkuma lubbuu uumuu aadaan ammoo saba tokko keesatti lubbuu uuma” jechuun ibsa. Yaada kana irraa waanti hubannu aadaan jireenya Saba tokkoo keessatti murtessaa ta’uu ibsa. Kunis sabni tokko aadaa malee jiraachuu akka hin dandeenye kan addeessuudha.

Kana malees, Hundeessaan (6411:17) A.L.O tti immoo aadaa yoo ibsu, “Aadaan agarsiisaa karaa jireenya uummata tokkoo ta’ee uummanni kun otoo itti hin yaadiin dhalootaa dhalootatti daddarbaa kan turee fi har’as dadarbaa kan jiru dha.” jechuun ibsa.

Yaada kana irraa wanti hubatamu haawaasni tokko jiruu fi jireenya isaa gaggeessuu keessatti qajeelfamni isaa inni guddaan aadaa ta’uufi aadaa kana ammoo qabatamummaan gochaafi afaaniin dhaloota duraan ture irraa dhaloota itti aanutti haa darbu jedhamee otoo itti hin yaadamiin darbaa kan tureefi kan jiru ta’uudha. Kunimmoo akka walii galaatti aadaan yaada bal’aa ta’ee kan misoomaafi ijaarsa biyyaaf ta’u of keessatti hammatee jirudha.

Akkasumas “aadaan akkuma seeraa daangaa jireenya hawaasaa ta’ee hawaasni hundi daangaa isaa keessaa hin ba’u; aadaa isaa keessa socho’a” Warqinaa, (2008:IV) jechuun ibsa. Kunimmoo aadaan qajeelfama hawaasni tokko jiruu fi jireenya isaa geggeessuu keessatti ittiin qajeelfamuufi agarsiisaa daangaa hawaasichi keessa socho’uu qabuuti. Walumaa galatti aadaan mallattoo hawaasni tokko hawaasa biroo irraa adda ba’uun ittiin beekamudha jechuun ni danda’ama.

Uummanni Oromoos sabaafi sablammoota Itoophiyaa keessa jiraatan keessaa uummata bal’aa aadaa, seenaa, duudhaa dhugeeffannoofi falaasama sirna Gadaa mataa ofii qabudha. Qabeenyaafi ogummaan akkasumas falaasamni uummata kanaa mallattoo eenyummaa jiruufi jireenya isaa keessatti iddoo olaanaa qabanidha. Isaan keessaa eenyummaa isaa kan ta’e aadaa isaati. Aadaan Oromoo baayy’ee bal’aafi jireenya uummataa kan calaqqisiisu waan ta’eef eenyummaasaati. Aadaan Oromoo kun bal’aa akkuma ta’e tajaajilliifi hiikni isaan saba kana biratti qaban ni bal’ata.  Aadaa sabni Oromoo qabu keessaa waa’ee meeshaalee aadaa hawaasa Oromoo yoo fudhanne gosoota aadaa sabichaa keessa jiran keessaa haalli itti fayyadama meeshaalee aadaa isaan ijoodha. Innis akkaataan hojiifi itti fayyadama isaa aadaa hawaasichaa kan bu’uura godhatudha. Sababni isaa meeshaaleen aadaa sabni tokko fayyadamu waan inni yaaduufi hojjatu waan sirriitti ibsuf.

Meeshaaleen Aadaa Oromoo waantoota adda addaa irraa hawaasni harkaan tolchuun dhimmoota adda addaaf kan fayyadamu dha. Yaada kana ilaalchisuun Misgaanuun (2011:19) “Meeshaaleen aadaa Oromoos fedhii qabatamaa hawaasni kun waantoota aadaa fi hawaasummaa ilaalcha aadunyaaf qabu miidhagina ittiin ibsuufi dandeetti uumuu isaa kan ittiin ibsatu taasisuuf waanta ijaan argamuufi qabatamaan bakka bu’udha” jechuun ibsa. Akkasumas meeshaan aadaa kan afaaniin dubbatamuufi gurraan dhagahamurra kan ijaan ilaalamuufi harkaan qaqqabamudha.

“Meeshaaleen aadaa waantota fookilooriin hawaasaa tokko ittiin calaqisiifamaniifi dhalootaa dhalootatti ittiin darban keessaa isa tokko. Akkasumas meeshaaleen aadaa Oromoo kan hawaasni Oromoo ittiin yaadatamuufi kalaqni hawaasichaa kan ittiin ajaa'ibsifatamudha" jechuun Imaanaa (2007:78)ibsa. Yaada kana irraa hubachuun akkuma danda'amutti meeshaaleen aadaa hawaasa namoota beekumsa hawaasichaa qaban kanneen dandeetti aartiifi kalaqaa ajaa'ibsiifatan akkasumas, qabiyyeewwan meeshaalee aadaa kana irraa ka'uun irra deebi'ani dagaagina isaanii ariifachiisaan gidduutti hiikaafi tajaajila guddaa qabachuu isaaniiti.

Dabalataanis, faaayidaa meeshaalee aadaa ilaalchisee Misgaanuu (2011:22) yeroo ibsu “meeshaaleen adaa fedhii qabatamaa namoonni waantoota aadaafi hawaasummaa, ilaalcha addunyaaf qaban, miidhagina, ittiin ibsataniifi dandeettii uumuu isaanii kan ittiin agarsiifatan” jedha. Yaada kana irraa wanti hubatamu meeshaaleen aadaa agarsiisa eenyummaa hawaasa tokkooti. Kana jechuunis fedhiin dandeettiiniifi ilaalchi hawaasni kun qabu meeshaalee kanaan calaqqisa jechuudha.

Gosoonni meeshaalee aadaa Oromoo qabu hedduudha. kanas hawaasni Oromoo jiruufi jireenya isaa gaggeessuuf jecha wantoota adda addaa irraa hojjechuun kan dhimma itti ba'udha. Akkasumas haala hawaasni Oromoo keessa darbe kan agarsiisanidha. Yaada kana deeggaruun Misgaanuu(2011:18) yeroo ibsu “Wantotni wanta aadaa (meeshaa aadaa) jalatti tarreeffaman kan hawaasni tokko jireenya isaa dabarse keessatti muuxannoo akkamiitiin akka dhimmicha raawwatan ifa kan godhudha” jedha. Akkasumas, Imaanaan (2007:74) faayidaa meeshaalee aadaa yoo ibsu, “Meeshaaleen aadaa sirnoota adda addaaf akkasumas nyaataafi dhugaatiin walqabatan gosawwan meshaa aadaa keessaa tokko ta'ee ilaalchawwan aadaa kan calaqqisiisaniifi ayyaneffannaa gara garaa irratti tajaajila kan kennanidha. Meeshaalee aadaa keessaa kanneen akka Sabaroo, Jaaloo, Okolee, Qorobee, Qorxii, Weessoo fi kan kana fakkaatan meeshaalee aadaa nyaataafi dhugaatii ayyaana ateeteen waqabatani” jedhee ibsa.

Keessumaayyuu Meeshaaleen aadaa dhimma amantaaf oolan meeshaalee aadaa kaan irraa wanti ittiin adda ta'u kabajaafi ilaalcha uummanni isaaf qabudha. Meeshaaleen dhimma amantaaf oolan kunniinis meeshaalee ulfoo jedhamu. Yaada kana Dirribiin (2012:107) yoo ibsu, “ulfaan meeshaalee adda addaa waaqeffataan yeroo waaqa kadhatuufi ayyaaneffatu ittiin waaqa kadhatuufi jifaarratudha” jedha.

Kanumaan wal qabatee Oromoo Tuulamaa biratti meeshaaleen aadaa hawaasni dhimma itti bahu heddu yoo ta'an kessumaayyuu meeshaaleen ulfaa amantii waqeffannaa keessatti hiikaafi faayidaalee adda addaaf oolan hedduutu turan. Haa ta'u malee sababoota amantaa alaa

dhufaniitiin akkasumas, guddinaafi teekinoloojiitiin meeshaaleen kunnii akka waan boodatti hafaafi fudhatama hin qabneetti ilaalamuun dhabamsiifamaa turaniiru. Yeroo ammaa kanatti immoo adaduma uummanni Oromoo duudhaa isaa ganamaatti deebi'aa dhufeen meeshaaleen aadaa kunniin walitti funaanamaafi godambaawwan garaa garaa keessatti kuufamaa dhufaniiru. Garuu qorannoon meeshaalee aadaa kana irratti hojjatame waan hin jirreef qorannoon kunis fookloorii hawaasa Oromoo keessaa meeshaalee aadaa keessumaayyuu immoo kanneen amantii waaqeffanna keessatti dhimma itti bahaman haala qabatamaa Godina Salaalee Aanaa Jiddaa irratti xiyyeeffachuun kan hojjatamedha.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Uummanni kamiyyuu aadaa, duudhaa, amantaa hawaasummaa, falaasama, walumaa galatti wanta ittiin beekamu qaba. Isaan keessaa tokko aadaa isaa ennaa ta'u, innis beekumsa hawaasichi qabu waliin hidhata qaba. Isaan keessaa aadaafi amantaa yoo fudhanne dhimmoota addaan bahuu hindandeenyeefi inni tokko isa biraa irratti raarra'ee jiraatudha.

Kanaaf uummanni Oromoos uummata aadaafi amantii mataa isaa kan ittiin beekamu qabudha. Isaan keessa tokko meeshaalee aadaati. Meeshaaleen aadaa kunniinis faayidaalee adda addaa kan qabanidha. Isaan keessaa meeshaaleen sirna waaqeffaanaa keessatti uummanni Oromoo dhimma itti bahu isa tokko yoo ta'u, kanas; Gumii W.A.(2018:96) "Kallachi, Caaccuu, Bokkuufi kkf meeshaalee ulfaa waaqeffataan kabajuufi haala adda addaa keessatti itti dhimma bahudha" jechuun ibsee jira. Meshaaleen kunniin tajaajilaafi ergaa mataa isaanii qabu.
Qoratichis mataduree kanarratti qorannoo kana geggeessuuf ka'umsa kan isaaf ta'e, dhimmoota fookiloorii meeshaalee aadaa garaa garaa irratti qorannoowwan hojjataman jiraatanis mataduree "Itti fayyadama meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa keessatti" jedhu kana irratti kana dura qorannoon gaggeeffame waan hin jirreef, dhimma kana irratti qorannoo gaggeessee argannoo tokkorra gahuuf kaka'ee jira. Kana malees, namoota gara fuulduraatti mataduree kana fakkaatu irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif bu'uura kaa'ee darbuuf, akkasumas, dhimmi kun barreeffamaan qindaa'ee yoo taa'e bu'aa buusuu danda'a jedhee waan amaneef qoratichi mata duree kana irratti qorannoo kana gaggeessee jira.

**Qorannoon kunis gaaffilee armaan gadii deebisuu danda'a jedhamee abdatama:**

õ Meeshaaleen aadaa amantii waaqeffannaa keessatti dhimma itti ba'aman maal fa'i?

- Meeshaaleen aadaa kunniin maal maalirraa hojjatamu?
- Meeshaaleen aadaa amantii waaqeffannaaf oolan kunniin yoomessa akkam akkamii keessatti hojiirra oolu?
- Faayidaan hawaasni meeshaalee aadaa kanniin irraa argatu maali?
- Meeshaaleen aadaa amantii waaqeffannaa kunniin yeroo ammaa sadarkaa maaliirra jiru?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa akkaataa itti fayyadama meeshaalee aadaa amantii Waaqeffannaa keessatti haala qabatamaa Godina Salaalee Aanaa Jiddaa qaaccessuudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa

Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti:

- Meeshaaleen aadaa amantii waaqeffannaa keessatti dhimma itti ba'aman maal fa'aa akka ta'an ibsuu
- Wantoota meeshaaleen aadaa amantii waaqeffannaa keessatti dhimma itti ba'aman irraa hojjataman xiinxaluun ibsuu
- Yoomessa meeshaaleen aadaa amantii waaqeffannaa keessatti hojiirra itti oolan adda baasuu
- Faayidaan meeshaaleen aadaa amantii waaqeffannaa keessatti qaban ibsuu
- Haala yeroo ammaa meeshaaleen aadaa kunniin irra jiran addeessuu

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun itti fayyadamni meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa keessatti maal akka fakkaatu qaaccessuufi ibsuu irratti kan xiyyeeffatedha. Bu'aan qorannoo kana irraa argamus itti fayyadama meeshaalee aadaa kana adda baasuufi gosoota isaanii tarreessuu qofa osoo hin ta'iin, haala itti fayyadamni isaa yeroo ammaa irra jirullee ni addeessa. Dabalataanis meeshaalee kanniin eenyu akka dhimma itti bahuufi maal irraa akka hojjataman akkasumas,ergaa maalii akka dabarsuu danda'u ni ibsa. Itti dabaluun qorannoon adeemsifame kun uummata Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Jiddaa jiraataniif faayidaa guddaa qaba. Walumaagalatti, firiin qorannicharraa argamus bu'aawwan kanneen qabata.

- ✓ Akkaataa itti fayyadama meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa keessatti gochaa qofaan hojiirra oolaa tureefi faayidaa isaa qorannoo kanaan bira gahame gara barreeffamaatti jijjiiruun galmeeffamee dhaloota dhufuuf akka turu gochuu, guddinaafi dagaagina barreeffama Afaan Oromoof gumaata lachuuf gahee guddaa qaba.
- ✓ Dhaloonni haaraan qorannicha mana kitaabaa uummataa aanichaa keessaa dubbisuudhaan faayidaan meeshaaleen aadaa amantii waaqeffannaa keessatti qaban hubannoo argachuuf ni gargaara jedhamee yaadama.
- ✓ Ummanni Oromoo naannoo kanaa kanneen maalummaafi faayidaa meeshaaleen aadaa amantii waaqeffannaa keessatti qaban beekanis ta'ee hinbeekne faayidaa meeshaalee aadaa akka hubataniifi kunuunsa barbaachisaa akka taasiisan ni kakaasa.
- ✓ Kana malees namoota gara fuulduraatti mata duree kanaan wal-fakkaatu irratti qo'annoofi qorannoo geggeessuu barbaadaniif akka ka'umsaafi madda odeeffannootti ni gargaara.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Bakki qorannoon kun irratti gaggeeffame Naannoo Oromiyaa, Godina, Shawaa Kaabaa, Aanaa Jiddaa jedhamuun beekamutti yoo ta'u, meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa irratti kan hojjatamedha. Meeshaaleen aadaa kunniin aanaadhuma kana qofa keessatti kan argamuufi hojiirra oolu osoo hin taane naannoo Oromiyaa kanneen biroo keessatti argamuu danda'a. Haa ta'u malee sababoota baay'ina uummataa, bal'ina lafaafi aadaa uummataa irraa ka'uun Aanaa Jiddaa qofarratti daangeffameera. Daangaan qabiyyee qorannichaas, sakatta'a itti fayyadama meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa hawaaasa naannoo kana irratti kan xiyyeeffatedha.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Adeemsa hojii keessatti wantoonni akka hanqinaatti nama mudachuu danda'an jiraachuun beekamaadha. Haa ta'u malee waan rakkoon nama mudateef hojicha irraa duubatti deebi'uu osoo hin ta'iin rakkoo sana keessa darbanii hojii sana milkeessuuf obsaafi mala adda addaa uumuun barbaachisaadha. Kanuma irraa ka'uun qoratichi yeroo qorannoo kana gaggeessaa turetti hanqinoonni isa mudatan muraasni ni jiru. Hanqinoota qoraticha mudatan keessaa muraasni:

Kitaabileen wabii gahaafi qorannoon kanaan dura "itti fayyadama meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa keessatti" jedhu kana waliin walitti dhiyaatu dhabamuu

Odeef-kennitoonni baay'inaan hordoftoota amantaa kiristaanaa sababa ta'aniif waa'ee meeshaalee aadaa amantaa waaqeffannaa keessatti dhimma itti bahamanii irratti odeeffannoo gahaa kennuu irratti of qabuu.

Hubannoon namoonni meeshaalee aadaa kanniin irratti qaban laafaa ta'uufi meeshaalee kanniin hawaasa keessatti bay'inaan argachuu dhabuu fa'aa yoo ta'u, qoratichi kaayyoo qorannoo isaa kana galmaan gahuuf namoota beekkumsa kanaa qaban barbaaduun ragaalee barbaachisoo funaannachuun qorannoo isaa kana milkeessuu danda'eera.

## 1.7. Haala Walii Galaa Hawaasa Naannoo Qorannichaa

### 1.7.1. Qubsuma Aanaa Jiddaa

Aanaan Jiddaa Aanaalee Godina Shawaa Kaabaa (Salaalee) keessaa tokko taatee Finfinnee irraa kiilomeetira jaatamii saddeet (68) kan fagaattu yoo ta'u, Magaalaa guddoo Godina Shawaa Kaabaa Fiichee irraa immoo kiilomeetira torbaatamii sadii (73) fagaattee argamti. Aanaan Jiddaa karaa bahaa Aanaa Qimbibiit, karaa Lixaa Aanaa Sulultaafi, kaabaan Aanaa Waacaaleefi Abbichuu kan daangeffamtu yoo taatu, kibbaan immoo Aanaa Sulultaafi Aanaa Barrak Alaltuutiin daangeffamti.

Haalli qilleensaa Aanaa kanaa badda ta'ee, irra caalaan teessuma lafa ishee hurufa (diriiraa) darbee darbee gaarreniifi laggeen gurguddoos kan qabdudha. Aanaan Jiddaa ol ka,insa sirrii irra galaanaa M. 2600-2800 gidduutti kan argamtu yammuu taatu, waggaatti rooba mm.635-1350 argatti. Dabalataanis giddu galeessa ho'insaafi qorriinsaa(temperature) $C^{o}$ 14 argatti.

Kana malees Aanaan Jiddaa Godina Shawaa Kaabaa keessaa qabeenya beelladootaatiin sadarkaa duraa irratti kan argamtu ennaa taatu, faradoon Aanaa Jiddaa hawaasa keessatti

Jidda faradoo hin sakaaluu
Mormatti maree gadhiisaa
Obboleessi nama hin dhaanuu
Taajjabeetu ittuma dhiisaa

Jedhamuun faaruufi sirbaan kan ragaa bahameefdha.

Kana malees, horsiisa horii aannaniifi foonii akkasumas horsiisa lukkuufi hoolotaatiin beekamtuudha. Horsiisa loonii cinaatti Aanaan Jiddaa midhaan akka garbuu, xaafii, baaqelaa oomishuu dabalatee daldalli lafee dugdaa galii uummata aanichaati. Abdiisaa fi kanneen biroo (13-16:2009)




**Suuraa 1ffaa------------------------------------------Kaartaa Aanaa Jiddaa**

### 1.7.2. Hidda Latiinsa Uummata Aanaa Jiddaa

Moggaasni maqaa Aanaa Jiddaa maqaa namaa irraa kan dhufe yoo ta'u, Jidda ijoollee jahan Galaan (Jiddaa, Liiban, Aabbuu Ada'aa, Warra Jaarsoofi Gaadullaa) keessaa isa tokkodha. Kana jechuun dhufiinsa Jiddaa Tuulama irraa yoo ilaallu, Tuulamni ilmaan sadii (Daaccii, Bachoofi Jiillee) qaba. Ilmaan Tuulamaa keessaa immoo hangafti Daaccii yoo ta'u, innis ilmaan sadii (Galaan Oboofi Sooddoo) qaba. Ilmaan Daaccii keessa hangafti Galaani. Galaan immoo ilmaan jaha (Jiddaa, Liiban, Aabbuu, Ada'aa Warra Jaarsoofi Gaadullaa) qaba. Ilmaan Galaan keessaa immoo Jidda ilma hangafa ennaa ta'u, sababa lafa babal'ifannaatiin Galaan irraa ka'anii gara kanatti akka babal'atan odeeffannoon seenaa ilmaan Jiddaa ni addeessa. Aanaa kanaan alas ilmaan Jiddaa iddoo garaa garaa kan jiraatan ta'us irra caalaan isaanii jechuun ijoolleen Jiddaa shananuu Aanaa Jiddaa keessa Gandoota 13 fi Bulchiinsa magaalaa tokkotti hiramuun iddoo qorannoon kun irratti xiyyeeffate keessa jiraachaa jiru.

Tuulama Sadeen

Daaccii-3 Bachoo-6 Jiillee-6

Daaccii-3

Galaan-6 Oboo-7 Sooddoo-3

Galaan-6

Jiddaa-5 Liiban-2 Aabbuu-3 Ada’aa-3 W/Jaarsoo-4 Gaadullaa-6

Jiddaa-5

Kuraa-1 Keekuu-4 Gaaleyyii-5 Arrabsaa-3 Dooyoo

Abdiisaa fi kanneen biroo (2009:21-29)

Egaa moodeelii armaan olii irraa kan hubannu Tuulama irraa kaasee hanga ijoollee latiinsa ilmaan shanan Jiddaatti yoo ta’u, isaanis tokko tokkoon yoo ilaallu,

**Kura-** Akka ragaan latiinsa ilmaan shanan Jiddaa ibsutti ijoollee Jiddaa keessa Kura ilma hangafa yoo ta’u, ilmaan jiddaa warr kaan Kura dura hin eebbifatan, dura laga hin ce’an, akkasumas waan safuun hawaasaa barbaadu hunda keessatti Kuraaf dursi kennama. Akka maanguddoonni jedhanitti Kura akka ijoolle Jiddaa warra kaanii baay’ina hin qaban. Kana irraan kan ka’e yeroo baay’ee yeroo eebbaaf illee waamaman baay’inaan hin argama. Akka afoolli maanguddoo ibsutti sababni baay’achuu dhabuu kuraa abbaan Kuraa (Jiddi) dubartoota heddu qaba. Guyyaa tokko dubartii ishee tokko bira deemee yoo deebi’ee dhaqu haadha Kuraa


manaa dhabuufi aaree ”waamanii isin haa dhaban” jedhee abaaree deemuu isaafi abaarsi kun qaqqabuutu himama. Kana irraan kan ka’e ijoollee Jiddaa keessaa Kura ilma tokko qofa qaba. Innis Alaltuudha.

**Keeku-** Keeku ijoolle Jiddaa keessaa ilma lammaffaa yoo ta’u, innis ijoollee afur qaba. Isaanis: Siiba, Daga, Ariyaafi Waanya’aa yoo ta’an, baay’inaan Aanaa Jiddaa keessa jiraatu. Isaan kunis ijoolle baay’ee kan horan yoo ta’u


<u>Keeku -4</u>

| Siiba-5 | Daga-5 | Ariyaa-7 | Waanya’aa-4 |
|---|---|---|---|
| 1. Burruusa | 1. Goraa | 1. Qalaaxee | 1. Nagoo |
| 2. Sirxii | 2. Godeettii | 2. Gololcha | 2. Ukkiyyoo |
| 3. Googlee | 3. Birboo | 3. Elellee | 3. Agabaanii |
| 4. Nasirii | 4. Xaddee | 4. Golbaa | 4. Waarisanee |
| 5. Ganjoo | 5. Ejersa | 5. Gaadullaa | |
| | | 6. Wiijii | |
| | | 7. Gooliyoo | |

**Gaaleyyii:** Gaaleyyiin ijoollee shanan Jiddaa keessaa sadaffaa yoo ta’u, akkuma Keekuu baay’eefi Aanaa Jiddaa keessa bal’inaan kan jiraatanidha. Ilmaa Jiddaa keessaa balbala shan kan qabudha. Isaanis: Aabbuu, Arrabsaa, Gaangoo, Burraafi Argiisaadha. Latiinsa ilmaa Jiddaa keessatti maqaan wal fakkaataan mul’atu namoota garaagaraa ta’uun hubatamuu qaba. Fakkeenyaaf: Arrabsaan ijoolle Jiddaa jalatti ka’e irra deebiin ilmaan Gaaleyyii jalattis ka’eera.




**Arrabsaa:** Arrabsaa ilmaan shanan Jiddaa keessaa isa afraffaa ta'ee balbala gurguddoo sadii of jalaa qaba. Aanaa Jiddaa keessatti warri Arrabsaa lakkoofsaa baay'eedha. Balballi sadan Arrabsaa jalatti argaman: Adaadii, Dabaliifi Waakkeedha. Akkuma kan duraa Arrabsaan ilmaan Jiddaa jalatti ka'eefi kan Arrabsaa jalatti ka'e garaa gara ta 'uun hubatamuu qaba.




**Dooyyoo:** Dooyyoon ilmaan shanan Jiddaa keessaa tokko ta'ee, innis ilma quxusuudha. Warri dooyyoo akkuma warra kuraa baay'ina kan hin qabneefi keessumaayyuu Aanaa jiddaatiin alatti faffaca'anii kan jiraatanidha. Ijoolle Jiddaa keessaa Dooyyoon balbala meeqa akka qabu qorannoofi ragaa qabatamaan lafa jiru waan hin jirreef kanumaan bira taruun dirqama ta'eera. Abdiisaa Diilalleessaa fi kanneen biroo (2009:27-33)

### 1.7.3. Amantaa Hawaasa Aanichaa

Aanaan Jiddaa uummata amantaalee garaa garaa hordofan kan qabdudha. Haaluma kanaan jiraattota Aanaa kanaa keessaa harki caalaan hordoftoota amantaa hortodoksii yoo ta'an hordoftoonni amantaa Islaamaa, Piroteestaantiifi Waaqeffannaas ni argamu. Kana keessaa hordoftoonni amantaa Ortodoksii 90%, hordoftoonni amantii Waaqeffannaa 3% hordoftoonni amantaa Islaamaa 3% fi hordoftoonni amantii piroteestaantii 4% yoo ta'an haala qabatamaa aanichaatiin hordoftoonni amantaalee sadeenii jechuun Ortodoksii, Islaamaafi Piroteestaantii iddoo itti waaqeffatanis ta'ee iddoo awwaalchaa kan qaban yoo ta'u, amantaan waaqeffannaa iddoo itti waaqeffatu mana kiraatti kan fayyadamu ta'uufi iddoo awwaalchaa immoo kan hin arganne ta'uu isaati.

Aanaan Jiddaa akkuma hawaasa amantaa garaa garaa qaban of keessaa qabdu yoo taatu irra caalaan uummata aanicha keessa jiraatuu uummata Oromooti. Sabaafi sablammoota Aanaa

Jiddaa keessa jiraatan keessaa 89% Oromoo yoo ta'an 2% immoo Amaara, Guraageefi saboota biroo ta'uu ragaan aanichaafi maanguddoota irraa argame ni mirkaneessa.

### 1.7.4. Sirna Fuudhaafi Heerumaa Hawaasa Aanichaa

Uummata Oromoo Salaalee keessaa Uummanni Aanaa Jiddaa Uummata dhiibbaa amantaa alagaa dandamachuun raacitii aadaa qabatee ture keessaa isa tokkodha. Aadaan uummata jiddaa biratti osoo hin dagatamiin ture keessaa aadaa fuudhaafi heerumaati. Sirni fuudhaafi heerumaa kunis adeemsa adda addaa keessa kan darbuufi gosoota adda addaatti kan qoodamudha. Gosoonni fuudhaafi heerumaa hawaasa kana biratti beekaman: Kadhatanii (Kaadhimmatanii) fuudhuu, Buttaa, Aseennaa, Cabsaa( Irra dhaaba),Waliin galuu (Ababbaltii) dha. Sirnoota fuudhaafi heerumaa jiran kanniin uummanni aanaa kanaa durirraa kaasanii kan dhimma itti bahamaa turanidha.

Gosoota fuudhaafi heerumaa keessaa bal'inaan kan hojiirra oolaa ture kadhatanii fuudhuu yoo ta'u, yeroo ammaa kana garuuwaliin galuu (Ababbaltiin) babal'ataa dhufuu maanguddoonni ni dubbatu. Haa ta'u malee akaakuu fuudhaafi heerumaa Aanaa Jiddaa kana

yoo ilaallu

#### 1.7.4.1. Gasoota Fuudhaafi Heerumaa Aanaa Jiddaa

Gosoonni fuudhaafi heerumaa hawaasa kana biratti beekaman: Kadhatanii (Kaadhimmatanii) fuudhuu, Buttaa, Aseennaa, Cabsaa( Irra dhaaba),Waliin galuu (Ababbaltii) dha.

**Kadhaa (Kaadhimmannaa)-** Kaadhimmannaan gosoota fuudhaafi heerumaa aanaa kana keessatti beekamudha. Gosti fuudhaafi heerumaa kun karaa maatii ijoollee lamaaniitiin kan raawwatu yoo ta'u, ijoolleen lamaan duraan wal beekuu ykn wal beekuu dhiisuu danda'u. Yoo duraan wal beeku ta'e gurbaan maatii ofiitti himatee akka dubbataniif taasisa. Yoo duraan kan wal hin beekne ta'e karaa hiriyoota isaa yookiin karaa maatii isaa qorachiisuun akka dubbataniif taasisuu danda'a.

**Adeemsa Kaadhimmatanii Fuudhuu**

Akka Aanaa Jiddaatti sirna fuudhaafi heerumaa kaadhimmannaa keessatti erga warri gurbaa waa'ee warra intalaa qoratanii booda jalqaba abbaan gurbaa waraqaa barreessee maanguddoota

warra intalaatti ergu. Sana booda maanguddoonni ergaman hanga warra intalaa gahanitti milkii ilaallataa deemu. Akka tasaa karaa irratti waanti milkii hin qabu jedhame yoo isaan quunname dhiisanii galu. Milkii hin taane kan jedhamu fakkeenyaaf: yoo maanguddoota sana keessaa tokko gufuun rukute, yoo dubartiin hubboo duwwaa baattee itti dhufte,yoo arraagessi itti hiyye,yoo namni daaraa baasee gatuuf deemu itti dhufe fa'aadha. Milkiin tollaan garuu, maanguddoonni dhaqan abbaa intalaatti nama erganii alatti waamsifatu. Abbaan intalaas takka erga mormeen booda waraqaa ergame sana fuudhee "isin nu qorattanii dhuftanii nutis haadha, firaafi maatiin mari'annee qorannee isiniif deebisna" jedhanii beellama qabanii gaggeessu. Jaarsoliin ergamanis waanta irra gahan qabatanii warra gurbaatti deebi'u.

Abbaan  gurbaas guyyaa beellamaa maanguddoota dabalatee warra intalaatti argama. Maatiin intalaas mari'atanii waan eeganiif yoo kan itti walii galan ta'e qophii barbaachisaa gochuun eegu. Warri gurbaas erga achi gahaniin booda akkuma guyyaa duraa alatti gadi waamsisu. Warri intalaas yoo soddummaa isaanii barbaaduu baatan alumaan gaggeessu; yoo jaalatan immoo ol seensisu. Sana booda waan hunda mari'atanii beellama biroo qabatu. Yoo sirni qubeellaa jiraate nama hanga qabatanii dhqan erga gaafataniin booda akkuma walii galanitti guyyicha warri gurbaa waantoota barbaachisan qabatanii argamu. Sana booda waan haasa'an haasa'anii nyaatanii erga dhuganiin booda sirbaafi taphataa erga turanii guyyaa saddeetaa qabatanii gargar galu.

**Guyyaa Saddeetaa**

Guyyaan saddeetaa guyyaa itti warri gurbaafi intalaa wal arganii beellama cidhaa itti qabatanidha. Guyyaa kana namoota afurii hanga saddeettii hin caalletu warra intalaatti argama. Maanguddoonni dhaqanis waan baay'ee dubbatan hin qaban. Warra intalaa waliin mari'atanii guyyaa cidhaa erga murteessaniin booda, gama warra intalaatiin qarshii kaffalamuu qabu, uffata intalaaf bitamuu qabu, uwwisaa maatiifi firri uffachuu qabu hunda itti himu. Warri gurbaas wanta isaan irraa eegamu erga qabataniin booda nyaatanii dhuganii galuun maatiin gama lamaanuu hanga guyyaa cidhaatti qophii barbaachisaa taasisu.

**Guyyaa Cidhaa**

Sirna fuudhaafi heerumaa kaadhimannaa keessatti adeemsi guyyaa jalqabaa kaasee hanga dhumaatti keessa darbamu bal'aadha. Guyyaa cidhaa qophiin gama warra gurbaafi waarra intalaatiin taasifamu wal fakkaattaa ta'us, guyyaan kun guyyaa warri intalaa mucayyoo isaanii

kennuuf, warri gurbaa immoo fudhuuf itti qophaa'anidha. Maatiin gama lachuu nyaataafi dhugaatii qopheessuun firaafi hiriyaa waamanii gama lachuutti yeroo firri yaa'u, abbaan gurbaa maanguddoota waliin deddeebi'aa ture waliin gara warra intalaatti qajeela. Gurbaan fuudhus firaafi hiriyoota waammateefi waahillan(miinjolii) waliin mimmiidhaganii amaamonni sirbaa gara warra intalaatti qajeelu.

Yeroo maanguddootas ta'ee amaamonni warra intalaa gahu warri intalaas maanguddoota qopheessanii waan eeganiif, jaarsoliin warra gurbaa amaamota dursanii ol seenu. Waantoota guyyaa saddeetaa walii galan hunda dhiheessuun erga maanguddoonni gama lamaanii xumuraniin booda amaamonni ol seena. Sana booda amaamonni sirbaan dabaalaa gurbaan intala bakka isheen teessee jirtuu dhaqee fudhata. Achii maaddii biddeen fiixeen hin cinne lama dhihaatee cabsachuun gurbaa, intalliifi jaalli gurbaa afaan wal kaa'uun nyaatu. Mijuunis guutamee hunanii wal hunsiisu. Amaamonnis nyaatee dhugee intala fudhatee sirbaa yaa'u. Sirboota garaa garaa sirbaa intala fudhatanii galu.

Gurbaanis intala fudhatee yoo galu warra isaattis sirbaan simatamaa ol seena. Yeroo karra seenu haati siinqeefi hokolee qabattee gumaa dhoqqee loonii karraa hanga balbalaatti iddee saddeet keessi. Gurbaafi intallis dhoqqee sanarra deenaa ol seenu. Dhoqqeen sun mallattoofi hawwii jiidhaafi hormaataati. Sana booda gurbaafi intallis iddoo isaaniif qophaa'e keessa boqochuun sirnibarbaachisu hundu raawwata.Ganamas waahillan(miinjoliin) warra intalaatti deebi'uun milkii jiru hunde gammachuun ibsuun kennaa garaagaraa fudhatu. Sana booda gurbaafi intalli warroomanii maatii horu.

Walumaa galatti sirni fuudhaafi heerumaa kaadhimmannaa akka Aanaa Jiddaatti seeraafi adeemsa bal'aa waan qabuuf qoratichi waanuma muraasa kaasuuf malee dhimma xiyyeeffannoo qorannoo isaa waan hin taaneef qorannoo biroo kan barbaadu ta'a.

**Buttaa (Butii) :**Butiin sirna fuudhaafi heerumaa Aanaa jiddaa keessatti hojiirra oolaa ture keessa isa tokko ta'ee, innis kan gurbaan intala fedhii ishee malee humnaan hiyiyoota isaa waliin fhudhatee galuudha. Kun sababa humnaan raawwatuuf intala irratti dhiibbaa qabaachuu danda'a. Yeroo ammaa xiqqaachaa haa dhufu malee yeroo dheeraaf hawaasa kana keessatti beekamaa ture. Gurbaan gahe tokko sababni inni fedhii isheetiin ala butuuf

-Yoo intala tokko jaalatee gaafatee isheen immoo isa didde

-Yoo namni biroo jalaa fuudhuuf kan qophaa’e ta’e dursuuf butuu danda’a.

-Yoo kan inni kaadhimmate jalaa badde xiiqa’ee butuu mala.

**Asseenna (Ollixoo):** Aseennaan kan intalli gurbaa waliin walii galuun ykn. gurbaan otuu hin beekiin yoo jaalateetti ta‟e, hiddii cirattee hukatti naqattee mana warra gurbaa ol seentee hiddii hukatti naqattee dhufte gad harcaaftee utubaa warraatti maramtee dhaabbatti. Achii booda haati gurbaa yoo ilmaan gahan baay’ee qabaatte ilma kamitti akka aseennaa dhufte intala gaafattee barti. Gurbaas tole jechisiisuun warra intalaatti jarsoolii araaraa ergachuun araaramanidha. Kunimmoo kan ta’u yoo intalli gurbaa jaalattee gaafachuu sodaatte yookiin gaafattee yoo didedha. Humnaan ta’uu baatus akkuma butiin warra dubaraa miidhu kunimmoo gurbaa miidhuu danda’a. Haa ta’u malee yeroo ammaa kana gosti fuudhaafi heerumaa kun dhabamaa dhufeera.

**Irra Dhaaba (Cabsaa)**: Irra dhaabni maqaa biroo sabatmariis ni jedhama.Irra dhaabni sirna fuudhaafi heerumaa uummata Jiddaa keessatti beekamaa ture keessaa tokko ta’ee osoo warri intalaa quba hin qabaatiin kan warrii gurbaa itti qophaa‟anii qe‟ee warra intala fuudhuuf barbaadanii farda luugamanii, jaarsoolii keessattuu ayyantuu ergachuun intalaa kennamteef fudhatanii cidhaaf ammoo beellama qabatanii waliigalteedhaan kan galaniidha. Akka maanguddoonni Aanaa jiddaa jedhanitti sirni fuudhaafi heerumaa Irra dhaabaa kan barbaachiseef keessaa: Nama haati manaa jalaa duute akka maatiin hin bittinnoofne gochuuf, namni tokko yoo waan ittiin cidha godhatu dhabe, namni tokko jala bultii cidhaa irratti yoo misirrittiin jalaa badde yookiin butamte yookiin immoo rakkoon biroo mudate rakkoo kana furuuf irra dhaabni dhaqamuu dubbatu.

**Waliin galuu ykn. Ababbaltii**: Kun gosoota fuudhaafi heerumaa jiran keessaa yeroo ammaa kana bal’inaan kan hojiirra oolu ta’ee, kan intaalliifi gurbaan walii galanii gurbaan intala warra isaatti ykn. fira isaatti galfatuufi booda warra intalaa kan araarfatudha. Kana keessatti gurbaan jalqaba ofumaa itti dhiyaatee intala jaalate sana amansiifachuu ykn fira akkasumas karaa hiriyaa yookiin firaa ittidhiyaatee amansiifachuu danda’a. Abdiisaa fi kanneen biroo (2009: 34-47).

Walumaa galatti gosoota sirna fuudhaafi heerumaa akka Aanaa Jiddaatti beekaman kanneen hundi isaanii akka aadaa fuudhaafi heerumaatti ilaalamaa turanis yeroo ammaa kana kadhatanii (kaadhimmatanii) fuudhuufi waliin galuu (ababbaltii) irraan kan hafe butii, irra dhaabaafi aseennaan dagatamaa dhufee jira.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

Qo’annoofi qorannoon adda addaa qorannoo kana wiliin wal siman boqonnaa kana jalatti sakatta'amanii jiru.. Kana malees, qoratichi kitaabileen garaa garaa fookiloorii Oromoo keessumaayyuu meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaatiin wal qabatan sakatta’uun yaada hayyoonni dhimma kana irraatti qabaniifi kaa’an sakatta’uun xiinxalee boqonnaa kana jalatti teechisee jira.

## 2.1. Fookiloorii

Akka yaada hayyootatti fookilooriin qabeenya hawaasaa ta’ee kanneen namoonni dur kan hin baratin itti fayyadamaa turee adeemsa jijjiiramaa keessa har’a gahee hawaasni yeroo ammaa bifa ammayyaa’aa ta’een itti gargaaramaa jiru jechuudha. Akkasums beekumsa namni hinbaranne durii eegalee itti fayyadamaa har’a gahe akka ta’e Dundes (1965:121) haala gaariin ni ibsa.

> Folklore includes myths, legend, folktales, joks, proverbs, riddle chalcharms, blessing, curses, oaths, insults, reforts, taunts,teases, toat s, toungue twister & greating & leaves talking formulsIt also inclu des fol folkcostume, folk dance, folkdrama, folk artfolkbelief or su perstation,folkmedicine, folk instrumental music eg. Riddle tunes folk songs…” jechuun ibsa.

Akka hayyuun kun kaa’etti fooklooriin adeemsa jiruuf jireenya ilmaan namaa keessatti wantoota raawwatamaa turaniifi ammas raawwatamaa jiran kanneen akka duudhaa hawaasaa, aartii duudhaa, hurruubummaa, qorsa aadaa uffata aadaa akkaataa walgargaarsaa, himtee, hiibboo, mammaaksa, baacoo, diraamaafi kan kana fakkaatan kan hawaasni jireenya guyyaa keessatti itti fayyadamaa turaniifi ammas itti fayyadamaa jiran wajjin walqabata. Fooklooriin jiruufi jireenya hawaasaa keessatti faayidaa adda adda akka qabu beektonni fookloorii ni ibsu. Misgaanuu Gulummaa (2011:12), “fooklooriin dhaloota darbeefi kan ammaa riqicha ta’ee walqunnamsiisa. Kana jechuun hambaalee bara durii turan dhaloota haara’atti agarsiisuun maalummaa ummatichaa walitti fida” jedha. Kana malees, fooklooriin akka madda ragaatti ni faayida.

Haayyuun Okpeho (1992), gosoonni fookiloorii raagowwwan, afwalaloofi kanneen unkaa gaggabaaboo qaban jedhee qooda. Kanuma irra ka’uun fookilooriin dameewwn adda addaa qabaachuu isaa hayyuun Dorson (1972:7), tti yoo ibsu,

*"…folklore can be divided in to four categories. These are termed as the oral literature, the material culture, the social folk custom and the performing folk arts.These are termed the oral Literature, the social folk custom and the performing folk arts" jedha.*

Akka yaada hayyuu kanaatti fooloorin iddoo gurguddoo afuritti qoodama. Isaanis: Afoola, meeshaalee aadaa, duudhaa hawaasaafi aartii sochii qaamati.

### 2.1.1. Afoola

Afoolli kalaqa sammuu ilma namaa keessatti qindaa'un kan afaanin himamuudha. Kana keessatti, haalli kuufamaafi lufiinsa isaas himiinsa afaanitiini. Wanti afaanin lufaa dhufe kun seenaa, eenyummaa, falaasama, ilaalcha, duudhaa, safuu, diinagdee, amantii, siyaasa, beekumsaafi muuxannoo dhala namaa baatee kan asiin gaheedha. Misgaanuu, (2011:15), Getaachoon (2008:114) yaaduma kana deeggaruun, afoolli gosa fookiloorii ta'ee aadaa, seenaafi eenyummaa hawaasaa himiinsa afaanitiin dhalootaaf akka dabarsu eeru.

### 2.1.2. Aartii sochii Qaamaa

Aartin sochii qaama hawaasaa, gosa aartii hawaasaa keessaa tokko ta'ee ogummaan isaa sochii qaamaan kan mul'atuudha. Aartin sochii qaamaa hawaasaa; hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti faayidaa adda addaatiif bifa ogummaa guuteen, muuxannoo yeroo dheeraa irraa argateen kan kalaqeedha. Aartin sochii qaamaa sirba, sochii qaamaafi diraamaa ogummaa qo'atamuufi wantoota qo'ataman kan of keessaa qabuudha. Iristeen (2012) aartii sochii qaamaa waraqaa qorannoo keessatti akka ibsitetti, "aartin duudhaa ogummaa aartii hawaasa tokkoo yoo ta'u, gosa mullina Fookloorii bifa faaruwwan duudhaa, ragada, diraamaa, tapha fardaafi kkf kanneen sochii qaamaan qindaa'anii dhiyaataniidha" jetti.

### 2.1.3. Duudhaa Hawaasaa

Duudhan hawaasaa wanta aadatiin walitti dhufeenya guddaa qaba. Hayyuun Dorson (1972:3) "duudhan hawaasaa hariiroo (walitti dhufeenya) garee irratti kan xiyyeeffatuudha"jechuun ibsa. Duudhaan hawaasaa uummata keessatti umurii dheeraa kan lakkoofsiseefi hawaasni hundi itti waliigalee kan fudhateedha. Kutaaleen hawaasaa tokko waliin jireenya hawaasummaa yeroo dheeraa keessatti dhimmoota garaa garaa irratti aadaa kuufatan qabu.

Duudhaa hawaasaa keessaa tokko amantii too ta’u, innis heera hawaasni tokko heerratee ittiin wal jala yaa’u qajeelfama jireenya hawaasichaati.Waa’ee amantii tokkoo yoo dubbannu aadaaniifi ilaalchi Saba amantiin sun keessaa baheetin adda baasnee ilaalun rakkisaadha.

#### 2.1.3.1. Maalummaa Amantii

Amantii ilaalchisee hayyoonni amantii, falaasonni, beektonni xiinqooqaa fi kan kana fakkaatan hiika laataniiru .Kanuma irraa ka’uun, “amantiin kan ittiin uummanni tokko uumaafi uumama, akkasumas jireenya ilaalu, hubatu, abdii dhugeeffatee ittiin jiraatudha” Alamaayyoo, (1998:68). Akkasumas Raayyaa Horoo (2008:ii) amantii yoo ibsu, “Amantiin uummanni tokko kan ittiin uumaafi uumama, akkasumas, jireenya ilaalu, hubatu, abdii dhugeeffatee ittiin jiraatudha” jedha.

Akkasumas, Tarruun (2015:12) “Amantiin akkaataa hawaasni tokko yookiin uummanni tokko yookiin namni dhuunfaa tokko waaqa itti hubatuufi kadhatudha” jechuun maalummaa amantii ibsa. Yaada kana irraa akka hubannutti amantiin akkaataa dhugeeffannaa uummataa yookiin hawaasaa ta’ee riqicha dhala namaafi waaqa wal quunnamsiisu ta’uu isaati.

Dabalataanis B/DH/H/A/W (2015:3) “Amantiin sagantaa dhala namaa kan jiruuti. Akkasumas, amantiin kan waliinii, kan sabaafi namtokkeerraa ka’ee kan addunyaati” jedha. Kunimmoo kan ibsu amantiin kan waaqni uume osoo hin ta’iin sagantaa dhalli namaa akkaataa heera uumaatti hin buuneen kalaqatee ittiin wal jala yaa’u ta’uu isaati.

Waa’ee yaadrimee amantii hangana erga kaasnee booda amantiileen addunyaa kana irra jiran heddu ta’anis isaan keessaa amantii warra Kuush ganamaa kan tureefi isaan keessaas amantaa Oromoo kan ta’e waa’ee amantii waaqeffannaa ilaalla.

##### 2.1.3.1.1. Maalummaa Amantii Waaqeffannaa

Maalummaa Amantii waaqeffannaa ilaalchisuun hayyoonni adda addaa keessumaayyuu hayyoonni Oromoo hordoftoota amantii waaqeffaannaa ta’an waan baay’ee jedhaniiru.

Maatiin (2006:1)”Waaqeffannaan amantii golee dubbii dhugaa, qajeelaafi gaarummaati” jechuun maalummaa amantii waaqeffannaa ibsa. Kunimmoo amantiin waaqeffannaa dubbii dhugaa barbaatuu ta’uu ibsa. Kanuma irraa ka’uun Oromoon “Dhugaan ilmoo waaqaati” jedha. Karaa dhugaatu waaqaan walitti nama fida jechuudha.

Dabalataanis, Maammoon (2016:9) amantii waaqeffannaa yoo ibsu, “Waaqeffannaa jechuun amantii waaqa tokko, ayyaana dirreefi duudhaa (lamaan namaa) amanuufi kadhachuuti” jedha. Kunimmoo waaqeffannaan waaqatti amanuufi kadhachuu, safuu waaqaafi dirree irra jiraataniif qabaachuu akkasumas lamaan namaa (dhiiraafi dubartiif) safuu qabaachuudha yaada jedhau qaba. Waaqeffannaanis amantii Saba oromoo kan duudhaafi aadaa isaatiin wal qabate ta’uun beekamaadha.

Gumii Waaqeffannaa Addunyaa (2018:20) “Waaqeffannaa jechuun sirna adeemsa waaqa tokkicha dhugeeffachuufi ittiin buluu, dhugeeffata seera uumaaf uumamaa beekanii humnaafi dandeettii isaa dhugoomfachuun ittiin qajeelfamuufi itti amanuun daandiifi dhugaa isaa qofa hordofanii buluudha” jechuun ibsa. Itti dabaluun Raayyaan (2008:1)”Waaqeffannaa jechuun waaq tokkichatti amanuu; waaqa tokkicha waaqeffachuufi waaqa tokkicha galateeffachuudha” jedha. Kunimmoo akka amantii waaqeffannaatti waaqni tokkicha ta’uufi waaqeffattoonni waaqa tokkichatti ka amanan, kadhataniifi galateeffatan ta’uudha.

Amantiin aadaa hawaasa keessaa bahee Sana waliinillee hariiroo kan qabu ta’uufi keessumaayyuu amantiin waaqeffannaa aadaa Oromoo waliin kan gargar hin baanedha. Kanas Maammon (2013:223) yoo ibsu “aadaan Oromoo haala jiruufi jireenya Saba Oromoo gutumaa guututti kan hammatuudha. Kanarraa ka’uudhan amantiin Waaqeffannaa qaama aadaa hwaasichaa keessaa tokko ta’uu hubanna” jedha. Akkuma aadaa keessa sirni fuudhafi heerumaa, aadaan nyaataafi kkf aadaa keessatti argaman amantiinis aadaa keessatti argama jechuudha. Amantichis immoo aadaa mataa ofii qaba. Aadaan kunis meeshaaleen, nyaataan, uffannaan, dhugeeffannaafi kkfniin mul’achuu danda’a. Sirni dhugeeffannaa Oromoo, Waaqeffannaa, Amantaa, Ayyaanafi Ayyaantun qajeelfamuudha. Ayyaana ilaalchisee falaasamniiifi aadan amantaa Oromoo akkaataa itti ibsaniifi dhugeeffatandha. Kanas, Alamaayyoon (1998:53) yoo ibsu,

> *Falaasamniifi aadaan amantaa oromoo kuush durirraa madde kun seera uumaafi uumamaa irratti kan hundaa’e ta’ee, waaqni ayyaana adda addaan uumama adda addaa akka uumefi uumaa jiru kan dhugeeffatuudha. Akkanaan, uumamni kamiiyyuu ayyaana ittiin uumame yookin dhalate kan mataa isaa qaba. Kunis kan dhugeeffatamu wantoota ayyaanichaaf barbaachisan meeshaalee ulfoofi aadaa hawaasichaan hordofama” jechuun ka’ee jira.*

#### 2.1.3.1.2. Dhuftee Amantii Waaqeffannaa

Yaadrimeen Waaqeffannaa kan dhufe jecha Afaan Oromoo 'Waaqa' jedhurraa lachiifaameeti. Waaqa jechuun uumaa dacheefi rudaa namaafi uumama kan namaa olitti argamudha. Kanaaf, Waaqeffannaa jechuun Waaqa uumaa dachiifi ruudaa, uumaafi uumama uumetti amanuudha. Waaqeffannaa jechuuWaaqa tokkotti buluudha. Nageenya, qulqullinafi damboobummaa (qajeelummaa)dha . Maatii (2006:46).

Dirribiin (2009:18) akka ibsuutti "Amantiin Waaqeffannaa amantii uumamaa isa ganamaa Kan uummata gurraachaati." Amantii uummata angafa sanyii namaa, bakka duraan sanyiin namaa itti argametti eegalame amantaa uummata Oromoo Kuushiiti. Akkuma sanyiin namaa jalqabaaf gaafa Afrikaa Oromiyaa Kuush keessatti uumame. Amantiin Waaqeffannaas asumatti uummata gurraacha sanyii namaaf hangafa ta'een amantii ormaa dura eegalamedha jedha. Walumaagalatti, Waaqeffannaan amantii namoota Waaqa tokkichatti amananii bulan yoo ta'u, Waaqeffattoota jechuun immoo namoota amantii Waaqeffannaa hordofanidha. Maatii (2006:46). Akka hayyoonni adda addaa ibsanitti Waaqeffannaan amantii dhugeeffannaa Oromoofi saboota Kuush kan jalqaba dachii kana dhufee ammallee haala adda addaan otuu hin badiin sesseelachaa yoona ga'edha. (2006: 47)

"Amantii Oromoo Waaqeffannaan amantii, aadaa, falaasama, beekumsaafi qaroomina Kuush irraa akka madde hayyoonni seenaa lafa kaa'u. Hundeen Kuush durii immoo Afrikaa Kaaba Bahaati. Uummannii Oromoos uummata maatii Kuush keessaa tokko kan ta'e damee Kuush bahaati." Alamaayyoo fi kanneen biroo (1998).

"Waaqeffannaan amantii Oromoo isa yayyabaati. Amantii uummata Oromoo osoo amantiin jabanaa yookan si'anaa biyya Oromoo Oromiyaa keessa hin seenin durumaanuu turedha. Amantii kanas amantii uummanni Oromoo Waaqa irraa goonfatee ittiin bulaa turedha." Hayiluu, (1997:62).

#### 2.1.3.1.3. Utubaa Waaqeffannaa

**A) Waaqa**

Akka amantii waaqeffannaatti bu'uurri waan hundaa waaqa. Kanaaf ka'umsi amantii waaqeffannaas waaqa. Yaada kana Maatiin (2006:150-151) "Akka amantii waaqeffannaatti

goleen waan hundaa waaqa tokkicha kan maqaan isaa dhibbaati. Utubaan waaqeffannaa inni yayyabaas waaqa" jedha.

"Beekumsa Waaqaafi Waaqa tokkichatti amananii buluun yayyaba amantii Waaqeffannaa keessaa isa bu'uuraati. Akka amantii Waaqeffannaatti yayyabni jabaan Waaqa beekuudha. Waaqa beekuun beekumsa Waaqaan guutamuudha." Maatii (2006: 31).

Dabalataanis "Beekumsa Waaqaa akka salphaatti baruun hin danda'amu. Qorannoofi xiinxala gadi fagoo gaafata. Dhimma kanaan guutamuuf waansaa cufa beekanii ittiin mul'achuu gaafata.Yeroo mara wa'ee isaa yaaduu, dubbachuufi dhaga'uu nama gaafata. Alaala taa'anii beekumsa Waaqaa hin argatan" jechuun icitiin waaqaa gadi fagoo ta'uu Maatii Sabaa (2006:32) ibsa. Kunimmoo waaqni bu'uura amantii waaqeffannaa ta'uufi amantichi jiraachuu waaqaa irratti kan yayyabame ta'uu ibsuun waaqni icitiifi kan beekumsiifi dandeettiin isaa hojii isaatiin qofa mul'atu ta'uu ibsa.

**B) Dhala Namaa**

Waaqni uumama hunda keessaa kan beekumsaafi dandeettii addaa kenneefii uume dhala namaati. Kanas Maatiin (2006) yoo ibsu,"waaqnis waan uume mara keessaa kan aangoo, dandeettiifi beekumsa badhaase dhala namaati" jedha. Dabalataanis Tarruun (2015:69) "uumama hundarra waaqni dhala namaa ofitti dhiheessee uume. Gaarummaafi badhaadhinaan dachee irra akka jiraatu fedha" jedha. Waaqni dhala namaa kana gaafa uumu bilisummaan akka jiraatu waan taasiseef dhalli namaa wal danda'ee jiraachuu akka qabu amantii waaqeffannaa keessatti heeramee jira. Kanaaf utubaan waaqeffannaa kan biraa dhala namaati.

**C) Ayyaantummaa**

Utubaa waaqeffannaa keessaa inni kan biroo ayyaantummaa yoo ta'u, ayyaantummaan kan ganamuma waaqni uumama hundaaf kennedha. "Amantii Waaqeffannaa keessatti uumaanis ta'ee uumamni ayyaana mataa isaanii qabu Maatii (2006:157). Ayyaantummaa kana dhalli namaa karaa sirrii arga. Karaan sirriin kunimmoo dhugaadha; dhugaan immoo karaa waaqaan wal nama quunnamsiisudha. Kanas Maatiin (2006:160) yoo ibsu, "Ayyaantummaan kan danda'u dhala namaa gara daandii dhugaafi qajeelaatti deebisuudha; daandii waaqaa waaqeffannaa qabsiisee gara gaarummaatti fullaasa" jedha.

Kanaaf akka amantii waaqeffannaatti dhalli namaa ayyaantummaa waaqni isaaf kenne kana tikfachuufi kunuunfachuu qaba. Ta’uu baannaan ayyaantummaa alagaatiin dhuunfatama. Kanas Maammoon (2016:65) “Sabni ayyaantummaa waaqni mataa mataan kenneef ofirraa mulqee gate tokko ayyaana nama biraa, saba biraa, biyya biraa fudhate of ta’uu dhabuutu isa mudata” jedha. Walumaa galatti yaanni hayyoota kanneenii ayyaantummaa waaqni dhala namaatiif kenne dhalli namaa itti fayyadamuun uumaa isaatiin wal quunnamaa turuufi dhaloota ammaatiifis murteessaa ta’uu isaati. Kanaa achi ayyaantummaan namarraa mulqamnaan ergamtuu alagaa ta’uun akka nama mudatu kan ibsudha.

**D) Dhugaa**

Dhiugaan karaafi yaada qajeelummaa waaqni jaalatu akkasumas, dhala namaafi waaqa walitti fidhudha. Dhugaan ergaa ijoo amantii Waaqeffannaati Maatii (2006; 1) keessatti “namni amantii Waaqeffannaa qabu dhugaa barbaade hin dhabu; kijibaanis hin dhaalamu” jedha. Yaadni kun amantii duudhaa Oromoo Waaqeffannaa Kan dhugaa Oromoo ganamaa badee ture amma ifa ba’uu isaaf fuuldurattis jiraachuu akka danda’u agarsiisa.kanaafuu amantii Oromoo ganamaa Kan dhugaan madda walaabuu irraa Oromoof kennameefi Kan dhugaafi dhugaadhaan kadhatamudha.

Yaadrimee dhugaa jedhu Imaanaan (2000) Tilahun (1989) wabeeffachuun akka armaan gadiitti ibsa. Jechi dhugaa jedhu hiika lama Kan Afaan Ingiliziin “truth” (mirkana) fi ‘real’ (dhugaa) jedhu yookan gatii xiqqaa waanta tokkoo Kan agarsiisu jechuun ibseera. Yaayyaa (6411,) Dhugaa jechuun waan ijaan argan, gurraan dhagahan tokko otoo hin dhoksiin, hin jallisiin, hin dabsiin himanii mirkaneessuu jechuudha. “Dhugaan hin qallatti malee hin cittu” jedha. Oromoon ennaa dhugaaf falmu.Waaqni immoo iddoo dhugaan jiru waan beekuuf, dhuma irratti namicha dhugaaf dhaabbate sanaaf injifannoo goonfachiisa jedhee amana .Kanaaf, hordoftoonni amantii Oromoo ganamaa ennaa mammaakanillee akkana jedhu “Dhugaan diirama huqqattee galgala gabbatti; dharri diirama gabbattee galgala huqqatti” jedhu.

“Dhugaan ilma waaqaati” jedha Oromoon. Kun immoo kan agarsiisu akkuma ilmi abbaa isaa jaalatu yookiin itti dhihaatu qaaqnis dhugaatti dhihoo ta’uu isaati. Kanuma irraa ka’uun waaqeffattoonni waaqqn walitti dhihaachuuf karaa dhugaarra deemuufi karaa sobaa irraa fagaachuu dhaloota barsiisu.

Kanas Tarruun (2015:112) “namni dhugaadhaaf falmu, dhugaa dubbatuufi waan dhugaa hojjatu waaqa biratti jaalatamaadha” jedha. Kunimmoo riqichi dhala namaafi waaqa wal quunnamsiisu dhugaa ta’uu ibsa. .

**E) Safuu**

Jiruufi jireenya Oromoo guyyaa irraa guyyaa keessatti jechi safuu jedhu bal’inaan mul’ata. Amantii Oromoo keessatti yaadrimeewwan uumaa, safuu fi ayyaanni yeroo maraa waan waliin ka’aniif Kan walitti hidhamanidha. Uumaan waanta addunyaa kana irratti Waaqni uume waanta ijaan arginuufi arguu hin dandeenye. Akka amantii duudhaa Oromootti Waaqni, lafti, uumaafi ayyaanni safuu jaalatu. Sababuma kana irraa ka’uun Waaqni safuu roobe lafti safuu magarsa, ayyaana isaaniif safuu! Yaa uumaa siif safuu! Jedha Oromoon.

Yaadrimeen safuu jedhu akkaataa Oromoo Maccaa keessatti mul’atu Imaanaan (2000) Bartels (1983; 330-341) Gammachuu, (1970:41-54) wabeeffachuun bal’inaan ibseera. Bartels yaadrimee safuu haala dubbii guyyaa irraa guyyaatti dubbatamu yaada namootiin yaadrimee safuuf kennaniif safuun seera gadaa keessatti akkamitti akka ibsamu xiinxalameera. Haala kanaan safuun yaadrimee ilaalcha Oromoo waanta dogoggoraafi sirrii waliin walqabatedha. Gemechu (1970; 49). Ibsa Bartels yaadrimee gadi fageenyaan xiinxaluun safuun uumaa fi ayyaana irraa adda ba’ee akka hin jiraanne mirkaneesseera. Kunis, ilaalcha addunyaa Oromoo keessatti safuun akkaataa gochaalee kamiyyuu sadarkaa dhuunfaa, sadarkaa hawaasummaa yookan sadarkaa addunyaa jiraannuutti qajeelfama naamusaa fi amala gaarii kennuuf nu gargaara jedheera.

Safuu jechuun haalli nagaan uumamee yookiin dubbatamee jiru tokko akka raajamu Kan nama taasisu yookan waan fuggisoo uumame, jallatee dubbatamee nama mufachiisee naasisu tokko ennaa uumaafi uumama gidduutti argamu kan akka raajiitti irraatti dubbatamudha. Yaayya, (6411: 52). Dabalataanis “Akka ilaalcha Waaqeffannaatti akkaataan itti uummanni wal danda’uun wal kabajaanii hanga danda’ametti bakka walii kennanii waliin jiraatan safuu jedhama”.Dirribii, (2009: 61).

Walumaa galatti, amantaa waaqeffannaa Oromoo keessatti safuun yaadrimee bu’uura jireenyaa waan ta’eef naamusaalee hin barbaachifne kan akka nama rifachiisuu, nama dararsuu, waliin dubbii hin barbaachifne taasisuu, soba, hannaa fi kan kana fakkaatan kan Waaqni hin

jaalanne akka dhabaman taasisuudha. “Oromoon wal kabajuuf, ayyaana walii kabajuuf marga kutee waliif kennee, maanguddoo simatee laga yommuu ce’u, qe’ee warra ayyaantuutti yommuu dhufu, yommuu fuudhaafi heeruma raawwatu mallattoo safuu kan ta’e marga yookin coqorsa kutee irreeffachuun yookiin namatti kennuun safuu ibsa.” Maatii, (2006:117)

#### 2.1.3.1.4. Ayyaaneffannaa Amantii Waaqeffannaa

Amantii waaqeffannaatiin wal qabatee Oromoon ayyaanota kabaju heddu qaba. Kanneen keessaa:

**A) Ateetee**

Ayyaaneffannaa amantii duudhaa Oromoo keessaa tokko Ateeteedha.Maatiin (2006:330) keessatti maalummaafi ayyaaneffannaa Ateetee ibseera. Kunis, “Ateeteen ayyaana sanyiifi hormaataa kan dubartiin Arfaasaafi Birraa ayyaaneffattu yoo ta’u dubartoonni akka ayyaanni dhala isaaniif kenne guddisuuf nageenyaafi gammachuun jiraachuufi hormaataafi nageenya akka argatan Waaqa galata galfatu.Sirni isaas facaafachuun waan raawwatuuf yeroo tokko tokko Ateeteen ayyaana ‘facaasaa’ jedhamti” jedha.

“Akka hordoftoota amantaa Waaqeffannaatti ayyaanni Ateetee ayyaana Maaram Ishii sanyii fi hormaata qajeelchitu kabajuufi ayyaaneffachuudha. Ateeteen ayyaanni Maaram dubartootaan kabajama. Gamtaa dubartootaa jabeessee mirga dubartootaa eegsisa” Dirribii (2009:117). Kanaaf Ateeteen ayyaana dubartoonni Oromoo ayyaantummaa ofiifi qe’ee akkasumas loon ishee tifkachuun ayyaaneffattu yookiin facaafattudha.

**B) Irreecha**

Amantii Waaqeffannaa keessaatti ayyaanonni galatoo fi kabajamoo ayyaaneffaman hedduu keessaa ayyaanni Irreechaa tokkodha. Ayyaanni Irreechaa sirna Waaqeffachuu gamtaadhaan Tulluufi Malkaa irratti ba’anii Waaqa kadhataniifi galateeffatanidha. Karaa biraatiin Irreecha yommuu jennu hiika (yaada) birootiis ni qaba. Kunis marga yookin coqorsa sirna ayyaaneffannaa tokkoof yookan haraaraaf yoo deemamu harkatti qabatamus ni ibsa.. Yaada kana Maammoon (2016:141) “Irreechi marga coqorsaafi ilillii jiituu ittiin irreeffatan, mallattoo bakka nagayaa, ayyaantummaafi araaraa marattuu dhiyaatudhajechuun ibsa.

Kanuma itti dabaluun Tarruun (2015:76) “Irreecha jechuun marga yookiin coqorsa jiidhaa yookiin immoo ilillii waaqa ittiin kadhatanidha” jedha.

Akkasumas hiikoo gara biraa warra waa beeku deemanii namaaf himamu tokkoof kaffaluu yookan galchuudha. Taliilaa fi Maarsan, (2008). Dirribii, 2009; 72) Irreecha (irreensa jechuun marga (coqorsa), daraaraa yookan baala jiidhaa maqaa galata Waaqaatiif bakka murtaa’e tokko kaa’uudha. Waaqa marga kana magarse, Waaqa biqiloota Sana daraarsee mallattoo fuulduratti jiruuf abdii kennaa jiru galateeffachuudha.

Karaa biraatiin irreechi ayyaana yoo ta’u, kanas Maatiin (2006: 235) “Irreechaan ayyaana Waaqeffannaa waggaatti al lama: Fulbaanaa Ebla keessa Malkaa, Tulluufi Abdaariitti bahanii irreenfatanidha”jechuun ibseera. Ayyaanni Irreechaa ayyaana keessaa akka ayyaana maatiittis ta’ee akka ayyaana biyyaatti sadarkaa guddaatti kabajama. Akkasumas, Raayyaan (2008:20) “Irreeffannaan sirnairreechaa ayyaana uumaa uumamaa yaadachuufi waaqeffattoonni waggaattiyeroo lama kan irreeffatanwaan darbeef waaqa galateeffachuufi waan dhufuuf immoo waaqa kadhachuuti” jedha. Irreechi Oromoo kun waggaatti yeroo lama gaggeeffamuu irraan kan ka’e, Irreechi Irreecha Malkaafi Irreecha Tulluutti qoodama.

### C) Irreecha Malkaa

Irreechi malkaa irreecha waggaatti yeroo tokko waqtii Birraa ji’a fubaanaa keessa malkaa irratti irreeffatamudha. Tarruun (2015:77) “Irreechi malkaa kan kabajamu Birraa keessa malkaa irratti” jedha. Dabalataanis “Irreechi Malkaa Birraa baatii Fulbaanaa torban dhumaa gaafa Dilbataa kabajama. Raayyaa “2008:22) Gama biraatiin Maatiin (2006:235) “Irreechaan Birraa kan Fulbaanaa hanga Sadaasaatti kabajamu ta;ee, akka ayyaana waaltinaatti ayyaana Ifaanoon booda Fulbaana gara dhumaa keessa kan kabajamudha” jechuun ibseera. Kanaaf Irreechi Malkaa irreecha galatoo waaqaaf galchuuti.

### D) Irreecha Tulluu

Irreechi Tulluu waqtii Arfaasaa keessa kan kabajamu yoo ta’u, kunis Tulluu irratti yookiin Abdaarii irratti kan kabajamudha. Irreechi Tulluu waqtii Arfaasaa keessa waan kabajamuuf Irreecha Arfaasaas ni jedhama. “Irreechaan Arfaasaa kan baatiiwwan Bitootessaa, Eblaafi Caamsaa keessa akka giddu galeessaatti baatii Ebla gara dhumaa keessa kan kabajamudha”

Maatii (2006:136). Dabalataanis Gumii Waaqeffannaa Addunyaa (2018:131) “Irreechi Tulluu waqtii Arfaasaa keessa (yeroo bokkaan roobuufi qonnaan eegalu) uummanni waaqeffataan gamtaan Tulluutti bahuun waaqa Arfaasaa roobsu kadhatudha” jedha. Akkasumas Leellisaan (6414:134) “Ayyaanni irreechaa Arfaasaa keessa kabajamu kadhaa waaqaaf gamtaadhaan dhiyeeffamu ta’ee, yeroo roobni looniif baay’ee barbaachisu waan ta’eef rooba nagayaa akka roobuuf Tulluutti bahanii waaqa kadhatu” jedha.

**E) Booranticha**

Boorantichi ayyaana warra angafaa ta’ee ayyaantummaa warra angafaa kana yaadachuufi tifkachuuf waggaatti al tokko waqtii Arfaasaa ji’a Caamsaa keessa kan kabajamudha. Yaaduma kana, Maatiin (2006:163) “Boorantichi ayyaana mo’aa warra angafaa yaadachuuf waggaatti al tokko ayyaaneffatamudha” jechuun ibsa. Kunis akka duudhaafi dhugeeffannaa Oromootti namni tokko yoo lubbuun darbe ayyaanni isaa hin darbu jedhamee waan yaadamuuf ayyaantummaa warra darbee kana tifkachuuf warra angafaa kana yaadachuun barbaachisaadha.

Gumiin Waaqeffannaa Addunyaa (2018:98) “Ayyaanni Boorantichaa sirna kabajaafi yaadannoo ayyaana warra angafaa akkasumas, warra lubbuun darbaniiti” jedha. Kanaaf waaqeffattoonni angafaaf kabaja waan qabaniif ayyaanota waaqeffattoonni kabajan keessaa tokko ayyaana angafaa kana jechuudha.

**F) Ifaanoo (Gubaa)**

Ifaanoon ayyaana Waaqeffannaa kan baatii Fulbaanaa keessa waggaatti al tokko gubaa gubanii ifa ibsuudhaan kabajamudha. Ayyaanni kun maqaa adda addaa qaba. Iddoo tokko tokkotti Ayyaana ‘Ifaa’ jedhama. Iddoo biraatti immoo Ayyaana ‘Gubaa’ yookan ‘Mucucoo’ jedhama. “Ayyaanni Ifaanoo ayyaana ganna gurraacha nagaan ba’anii gara booqaa Birraatti ce’uu agarsiisuuf ayyaaneffamudha.” Maatii (006: 232).

Dabalataanis Raayyaan (2008:18) “Ifaanoon ayyaana waaqeffattootaa kan baatii Fulbaanaa keessa waggaatti al tokko gubaa gubaniiifa ibsuun kabajamu, akkasumas ayyaana ganna gurraacha nagaan bahanii gara booqaa birraatti cehuu agarsiisuuf ayyaaneffatamudha” jechuun ibseera.

### 2.1.4. Meeshaalee Aadaa

Meeshaalen aadaa namoonni ogummaa isaanii irratti hundaa'un kan boobbocaniifi tolchan ta'anii kan ijaan mul'ataniifi harkaan tuttuqamuu danda'aniidha. Yaada kana Misgaanun (2011:15) akka ibsetti, "wanti aadaa kan gurraan dhaga'amu yookin kan afaaniin dubbatamu caalaa kan ijaan ilaalamuudha". Wanti aadaa kunis aadaa amantaafi falaasama hawaasaa bifa ilaalamuufi harkaan qabamuutin labata tokkorraa isa biraatti ittiin darbuudha. Meeshaaleen aadaa kunniinis kanneen faayaaf dhimma itti bahamaniifi kanneen meeshaalee ulfoo ta'anii iddoo amantii waaqeffannaatti dhimma itti Bahaman ta'uu danda'u.

Meeshaaleen Aadaa Oromoo meeshaalee waantoota adda addaa irraa hawaasni harkaan tolchuun dhimmoota adda addaaf fayyadamu dha. Yaada kana ilaalchisuun Misgaanuun (2011:19) yeroo ibsu Meeshaaleen aadaa fedhii qabatamaa namoonni waantoota aadaa fi hawaasummaa ilaalcha aadunyaaf qaban miidhagina ittiin ibsanii fi dandeettii uumuu isaannii kan ittiin ibsatan taasisuuf waanta ijaan argamuu fi qabatamaan bakka bu'udha. Akkasumas meeshaan aadaa kan afaaniin dubbatamuufi gurraan dhagahamurra kan ijaan ilaalamuu fi harkaan qaqqabamudha.

Meeshaaleen aadaa waantota fokilooriin hawaasaa tokko ittiin calaqisiifamanii fi dhalootaa dhalootatti ittiin darban keessaa isa tokko. Akkasumas meeshaaleen aadaa kan hawaasni tokko ittiin yaaddatamuu fi kalaqni hawaasichaa kan ittiin ajaa'ibsifatamu ta'uullee ni ibsa. (Imaanaa 2007:26). Yaada kana irraa hubachuun akkuma danda'amutti meeshaaleen aadaa hawaasa namoota beekumsa hawaasichaa qaban kanneen dandeetti aartii fi kalaqaa ajaa'ibsiifatan akkasumas, qabiyyeewwan meeshaalee aadaa kana irraa ka'uun irra deebi'ani dagaagina isaanii ariifachiisaan gidduutti hiikaa fi tajaajila guddaa qabachuu isaaniiti. Kana jechuunis meeshaaleen kun hawaasa beekumsa waa'ee meeshaalee aadaa hawaasichaa hin qabne caalaa hawaasa beekumsa, duudhaa saba meeshaaleen kun keessatti argamanii keessatti hiikaa fi tajaajila bal'aa kennu jechuudha.

#### 2.1.4.1. Faayidaa Meeshaalee Aadaa

Meeshaaleen Aadaa hawaasa aadicha hordofu biratti faayidaalee adda addaa qaba. Faayidaa meeshaalee aadaa Imaanaa (2007:29) yeroo ibsu, Meeshaaleen adaa beekumsa, falaashama, aadaa fi duudhaa hawaasni tokko qabachaa tureefi qabachaa jiru duubatti debinee ittiin ilaaluuf yookiin qorannoo seenaa hawaasaatiif akka burqaa ragaatti nu tajaajilu jedha.

Dabalataanis, faaayidaa meeshaalee aadaa ilaalchisee Misgaanuu (2011:22) yeroo ibsu ‟meeshaaleen adaa fedhii qabatamaa namoonni waantoota aadaa fi hawaasummaa, ilaalcha addunyaaf qaban, miidhagina, ittiin ibsataniifii dandeettii uumuu isaanii kan ittiin agarsiifatan" jedha. Yaada kana irraa wanti hubatamu meeshaaleen aadaa agarsiisa eenyummaa hawaasa tokkooti. Kana jechuunis fedhiin dandeettiiniifi ilaalchi hawaasni kun qabu meeshaalee kanaan calaqqisa jechuudha.

Gosoonni meeshaalee aadaa hedduudha. kanas hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa gaggeessuuf jecha wantoota adda addaa irraa hojjechuun kan dhimma itti ba'udha. Akkasumas haala hawaasni tooko keessa darbee kan agarsiisanidha. Yaada kana deeggaruun Misgaanuu (2011:28) yeroo ibsu

> *"Wantotni wanta aadaa/ meeshaa aadaa/ jaltti tarreeffaman kan hawaasni tokko jireenya isaa dabarse keessatti muuxannoo akkamiitiin akka dhimmicha raawwatan ifa kan godhudha" jedha. Akka hayyuun kun ibsutti wantootni meeshaa aadaa jalatti hammataman (folk crafts), oogummaa artii (folk art), ijaarsa aadaa (folk archifectire), duudhaa hawaasaa (folk custom) nyaata aadaa (folk cookery) fi meeshaalee manaa, dallaa meeshaaleee faayaa* fi kan kana fakkaatan jechuudhaan ibsa.

#### 2.1.4.2. Meeshaalee Aadaa Amantii Waaqeffannaa keessatti

Uummanni Oromoo uummata sirna bulchiinsaa, falaasama amantaa, duudhaafi aadaa mataa ofii qabuudha. Akkataa waaqa isaa itti kadhatu, galateeffatuufi dhugeeffatu kan mataa isaa kan qabuufi amantii Oromoo kan ganamaa waaqeffannaa jedhamu qaba.

Waaqeffannaa jechuun waaqa tokkotti amanuu jechuudha. Yaada kana Dirribiin (2013:8) hiikni maqaa wanta tokkoo gochaafi amala wanta tokkootin kan walqabatu ta'uu yoo ibsu, "Waaqeffannaa jechuun amantii waaqa tokkoo Ayyaana dirreefi duudhaa ilmaan namaaamanuufi kadhachuuti" jedha. Amantii waaqeffannaa keessatti meeshaaleen aadaa iddoo olaanaa qabu. Meeshaaleen kunniinis, amantii waaqeffannaa keessatti ayyaaneffannaawwan amantii garaagaraa irratti tajaajila kan kennanidha. Meeshaaleen aadaa adda addaatiin kan argaman yoo ta'u, hawaasni yoomessa garaagaraa keessatti Waaqa ittiin kadhachuufi qajeelcha amantii ta'anii kan tajaajilanidha. Yaada kana ilaachise Dirribiin (2012:107) yoo ibsuu, "Ulfaan meeshaalee adda addaa waaqefataan yeroo waaqa kadhatuufi ayyaaanefatu ittiin waaqa kadhatuufi ittiin jifaarratuudha.

Ulfaan wannaa hedduu of keessaa qaba. Isaanis: caaccuu, callee, kolbaa, sabaroo, qoloo, faachoo, kallacha, Ladduu, Imuu, Bokkuu, Ardaa, jilaafi k.k.f." jedha.

Meeshaaleen aadaa kan akka Sabaroo, Jaaloo, Okolee, Qorobee, Qorxii, Weessoofi k.k.f yoo ta"an, meeshaalee aadaa nyaataafi dhugaatii ayyaana Ateetee wajjiin kan walqabatanidha. Meeshaalee amantii Kan dubartoonni itti fayyadaman kannen akka Callee, Caaccuufi Siinqee meeshaalee mirga dubartootaa ibsuu tajaajiluun alatti amantii duudhaa Oromoo keessatti meeshaaleen ayyaana Oromoo kun ulfaa ayyaana kan jedhamanidha.

Egaa walumaa galatti, qorannoon kunis dameewwan fookiloorii keessaa meeshaalee aadaa irritti kan xiyyeeffatu yoo ta'u meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa keessatti dhimma itti Bahaman irratti gaggeefamuuf kan karoorfamedha.

## 2.2. Yaaxxina Qorannichi Bu'uureffate

### 2.2.1. Yaaxina Faayidaa (Functional theory)

Akka yaaxina kanaatti meeshaaleen aadaa faayidaan inni uummataaf qabu maali? Isa jedhu ilaaluun hundarra murteessaadha yaada jedhutu olaantummaan mul`ata. Haaluma kanaan tajaajilli meeshaalee aadaa garagaraa qabus: eenyummaafi sadarkaa qaroomina hawaasa tokkoo ibsu. Kanaafuu, namoonni meeshaalee aadaatti gargaaraman hundi haala barbaachisummaa isaa hubatanii yookiin faayidaa isaa irratti hundaa`anii akka itti fayyadamaniif kan carraa kennudha. Kanaafuu, qorannoon kunis yaaxina kana irratti hundaa'uun kan gaggeeffamu ta'a. Madda????

### 2.2.2. YaadiddamaAadaa Hawaasaa (Folk Cultural Theory)

Yaaxinni kun kan madde qorattoota duudha hawaasaa kan ta'an kanneen akka Lorwerth Peat, Don Yoder fa'iini. Bu'aan hawaasaa xiyyeeffannoo argachu qaba jedhu. Akka yaada yaaxina kanaatti qorannoon hammayyaa ta"e yaaxina qofa kan giddu galeeffatu miti.

Odeeffannoon dirree kanneenii waan seena durii, waan durii irra deebi'aanii fayyadamuu, xiin saammuu hawaasaa akkasumas gama faayidaa isaatiin wa'ee afoola sanaa kan agrsiisudha jedhu. Kaayyoon qorattoota kanaas warra kaan keessatti hubannoo duudhaafi aadaa hawaasa akka cimu taasiisudha. Kanuma irraa ka'uun qorataan kunis, qorannoo kana yaaxina kana irratti hundaa'uun gaggeessuuf karoorfatee jira.

### 2.3. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii

Qorannoo kana gaggeessuuf qoratichi qorannoowwan garagaraa kan armaan dura gaggeeffaman sakatta'uuf yaalee jira. Haata'u malee hanga ammaatti qorannoon kallattiidhaan afaan Oromootiin mata duree kana irratti gaggeeffame argee hin jiru. Garuu qorannoowwan mata duree kana deeggaran Yuunivarsiitii Finfinneetti Darajjee Darrasaa mata duree "Meeshaalee aadaa faaya dubartootaa ilaallatan" jedhu irratti gaggeesseen mata duree kanaan walcinaa qabee yoon laalu akka armaan gadii fakkaata.

Darajjee Darrasaa (2006) tti waraqaa Qorannoo Digirii lammaaffaa (MA) guuttachuuf Yuunivarsitii Finfinneetiif dhiyeesse, Qaacceessa itti fayyadama meeshaalee aadaa faaya dubartootaa Walloo kamisee irratti kan xiyyeeffateedha. Innis meeshaalee faaya aadaa haawasa naanoo Sanaa keessumaayyuu kan dubartootaa irratti xiyyeeffachuun fakkeenyaa garagaraa kaasa. Kana malees kaayyoo qorannoo isaa keessaa inni guddaan itti fayyadama meeshaalee faaya dubrtootaa qaaccessuufi meeshaaleen faaya dubartootaa kunniin wantoota irraa hojjataman, faayidaa meeshaalee Sanaa akkasumas meeshaaleen faaya dubartootaa kun akka miidhagina isaa hin ganne jiruufi jireenya hawaasichaa waliin wal qabsiisuun ibsuudha. Qorataan xumuurarratti argannoon inni argate meeshaaleen faaya aadaa dubartootaa kun yeroo ammaa kana meeshaalee jabanaan bakka buufamaa dhufuu, dhiibbaa amantaafi sabummaatiin meeshaleen aadaa kunniin dagatamaa dhufuu qabiyyee isaa duraanii gadi dhiisaa jiraachuu qoratichi qoraannoo isaatiin bira gahuu kaa'ee jira.

Qorannoon wal fakki kun mata dureen isaa meeshaalee aadaatiin wal haa qabatu malee meeshaalee faayaa keessumaayyuu faaya dubartootaa irratti xiyyeeffachuun isaa qorannoo gaggeeffame kanarraa adda isa taasisa. Sababni isaa qorannoon kun kaayyoon isaa inni guddaan meeshaalee Amantii Waaqeffannaa keessatti dhimma itti bahaman irratti waan ta'eefdha.

Kana malees, Yuunivarsiitii Finfinneetti Buzunash Caalchisaa (2009) mata duree 'Qaaccessa meeshaalee aadaa suphee, migiraafi buqqee hadhooftuu irraa hojjataman' jedhu irraatti gaggeessiteen xiyyeeffannoon qorannichaa inni guddaan meeshaalee aadaa suphee, migiraafi buqqee hadhooftuu irraa hojjataman yoo ta'u, kaayyoon qorannichaa faayidaa meeshaalee kanneenii, yoomessa akkamiitti akka tajaajilu, eenyu akka hojjatuufi itti fayyadamu qaaccessuudha. Xumura irratti qorataan argannoon irra gahe meshaaleen aadaa suphee, migiraafi buqqee hadhooftuu irraa hojjataman yeroo ammaa xiyyeeffannoo dhabuu, warre meeshaalee kanniin hojjatan bu'aa dhabuu, iddoofi wantoonni meeshaaleen kun irraa hojjataman dhabamaa dhufuu kaa'ee jira. Qorannoon wal fakkii kunis kaayyoon isaa meeshaaleen qorannoon kun irratti adeemsifame maal irraa akka hojjataman qaaccessuu waan ta'eef qorannoo meeshaalee amantii waaqeffannaa keessatti fayyadan irraa adda ta'a.

Dabalataanis, Yuunivarsiitii Finfinneetti Jiinenus Galataa (2010)tti qorannoo Digirii jalqabaa guuttachuuf mata duree “Xiinxala meeshaalee Ulfoo Amantii Oromoo” jedhu irratti gaggeesseen kaayyoon isaa ilaalchi yookiin falaasamni uummanni Oromoo duraan sirna Waaqeffannaa irratti qabu maal akka fakkaatuu fi hiika inni meeshaalee ulfootiif qabu ibsuu yoo ta’u, qoratichi argannoo isaa keessatti meeshaaleen ulfoo amantii Oromoo kunniin yeroo durii hawaasa biratti kabaja guddaa kan qaban ta’anis yeroo ammaa sababa dhiibbaa amantaalee birootiin badaafi tuffatamaa dhufuu isaa kaa’eera. Qorannoon armaan olii kunimmoo qorannoo kana waliin walitti dhiyeenya haa qabaatu malee qorannichi Godina Shawaa Lixaa Aanaa Tokkee Kuttaayeetti meeshaalee ulfoo qofa irratti kan daangeffameefi meeshaalee sirna Waaqeffannaa qofa irratti kan fuulleffatedha. Haa ta’u malee qorannoo “Itti fayyadama Meeshaalee Aadaa Amantii Waaqeffannaa keessatti” jedhu kun Godina Salaalee Aanaa Jiddaa irratti kan daangeffame ta’ee meeshaalee sirna Waaqeffannaa kanneen akka Ateetee, Wadaajaa, Irreechaa, Fuudhaafi Heerumaafi Sirna Gubaa keessatti tajaajilan kan hammateedha. Kunimmoo qorannoo wal fakkii kana irraa kan adda isa taasisudha.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

Boqonnaan kun saxaxa, mala akkamtaa, madda odeeffannoo, iddattoofi mala iddatteessuu, keessaa mala miti carraa, mala iddaatteessuu miti carraa keessaa immoo akkayyoofi darban dabarsaan, tooftaa funaansa odeeffannoo, afgaaffii, marii garee, daawwannaafi mala qacceessa ragaa kan ibsuu ta'a.

## 3.1. Saxaxa Qorannoo

Qorannoo tokko gaggeessuu keessatti kallattiin raawwii qorannichaa maal akka ta'e ibsamuu barbaachisaadha. Dhimmoonni qorannicha keessatti akka bu'uuraatti ka'an maal irratti akka xiyyeeffatamuu qaban addaan baasuun beekuun qorannicha haala barbaadameen raawwachuuf gargaara. Saxaxa qorannoo ilaalchisee, Victor (2009: 203) akkas jechuun ibsa, "The research design is plan of action that allows the researcher to know (to paraphrase) where they came from, where they are and where they are going". Adeemsi Saxaxa qorannoo karoora hojii kan qoraataan beekuu qabu, kan eessaa akka inni ka'e, eessarra akka jiruufi eessa akka inni ga'u kan murteessudha.

Yaaduma kana Addunyaan (2011:64) "Qorannoon tokko kan murteessu, gaaffiiwwan qorannichi deebisuuf deemu, kaayyoo isaafi akaakuwwan odeeffannoo argannuti," jechuun kaa'ee jira. Yaanni Ayyoota kanneenii akkuma ibsutti, saxaxni mala qorataan, qorannicha ittiin gaggeesse, akkaataa filannoo iddattoo isaa tooftaalee odeeffannoon ittiin funaanamuufi maala kamiin odeeffannoon akka qaacceffame kan keessatti ibsamudha.

Qorannoon kun mata duree Sakatta'a itti fayyadama Meeshaalee Aadaa Amantii Waaqeffannaa Kan Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Jiddaa irratti xiyyeeffate ta'ee boqonnaa shanitti qoodamee qindaa'ee kan dhiyaate yoo ta'u, boqonaan tokko seenduuba qorannichaa, argama aanaa qorannoon itti gageeffamee, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa qorannoonfi hanqinnoota hojii qorannoo kana keessatti mudatan tartiiba qabasiisuun dhiyaateera. Boqonnaa lama, jalatti barreeffamoonni mataduree qorannichaa tumsan sakatta'amuun ragaan kan fudhatameefi maddi ragaan irraa fudhatamees kan mul'ifameefi yaadiddamoota qorannoo kanaa waliin deemanis kan eerramanidha. Boqonnaan sadaaffaan mala qorannoo akkamtaa (qualitative research) ta'uu, malli iddatteessuu iyyaafannoofi akkaayyoon ta'uu, malleen funaansa ragaa daawwannaa, af-gaaffiifi marii gareefi meeshaaleen ragaan ittiin funaanname

dhiyaateera. Boqonnaa afur keessatti ragaan madda odeeffannoo adda addaa irraa argame gulaallamee, qoqqoodamee hiiki itti kennamuun ibsamuun dhiyaateera. Boqonnaa shanaffaa cuunfaan boqonnaa tokkoo kaassee kan dhiyaatedha. Argannoo qoranniichaa kan ta'e gaaffiilee kaayyoo qoranniicha deebisan kan boqonnaa arfaffaa keessatti qaacca'aniifi yaada yaboo keessatti rakkoo (hanqina qorannichi adda baase) qaama guutuu qabuuf kallattii kaa'eera,

### 3.2. Madda Odeeffannoo Qorannichaa

Maddi odeeffannoo qorannoon kun ittiin gaggeeffamu madda odeeffannoo tokkoffaafi lammaffaa yoo ta'u, maddi odeeffannoo tokkoffaan qaamaan namoota dhimmicha beekan fayyadamuun odeeffannoo barbaachisaa ta'e kan irraa argataniidha. Kanaafuu, qoratichis madda odeeffannoo kanarraa ragaa qorannichaaf isa barbaachisu kan funaannatedha. Maddi odeeffannoo lammaffaan immoo barruuleefi matadureewwan qorannoo kana waliin walqabatan sakatta'uun ragaa barbaachisaa ta'e kan irraa argataniidha. Qoratichis madda odeeffannoo kana fayyadamuun ragaa barbaachisu walitti qabachuun qorannoo kana adeemsisee jira.

### 3.3. Iddaattoofi Mala Iddatteessuu

Iddatteessuun hirmaattota waliigalaa jiran keessaa kanneen bakka bu'uu danda'an murteessu dha. Akkaataa yeroofi baajata qusatuufi kaayyoo qorannichaas galmaan ga'uu danda'u irratti hundaa'uun baay'ina waliigalaa irraa daangaa iddattoo addaan baafachuun kanneen bakka bu'an murteessudha. Iddattoon qorannichaas hawaasa aanaa Jiddaa jiraatan keessaa namoota muraasa hirmaachisuun yoo ta'u, iddattoon kunis namoota godina shawaa kaabaa aanaa Jiddaa keessa jiraatan keessaa namoota faayidaa meeshaaleen aadaa amantii waaqeffannaa keessatti qabu irratti hubannoo qaban jedhamanii amanamanii irraa odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisu walitti qabuufi qaaccessuudha.

Malli iddateessuu qorannichaas mala miti carraati. Haaluma kannaan maddi qorannoo kanaa harki caalu af-gaafii, daawwannaafi marii garee yoota'u, namoota hubannoo meeshaalee aadaa irratti qaban keessumaayyuu maanguddoota, Abbootii Gadaa, gaggeessitoota amantii waaqeffannaa, ogeeyyii waajjira Aadaafi Turizimiifi warra Ayyaantuu irraatti xiyyeeffachuun dhiira lakkoofsaan kudhan(10) ta'aniifi dubartii jaha (6) walitti namoota kudha jaha (16) irraa mala iddatteessuu miti carraatiin ragaan kan funaannamedha. Walumaagalatti qoratichi namoota kudha jaha (16) kanneen filachuun ragaa walitti qabachuun qorannoo geggeessee jira.

### 3.3.1. Iddetteessuu Akkayyoo

Meeshaaleen aadaa Hawaasa Oromoo kamiyyuu biratti kan beekamu yoo ta'e iyyuu beekumsa, muuxannoofi fedhiin hawaasni meeshaa aadaatti fayyadamuuf qabu walqixa ta'uu dhiisuu ni mala. Kanaaf, Addunyaan (2011:67) Berg (2001) wabeeffachuun mala barbaachisummaa iddatteessuu ilaaichisee yoo ibsu "qorataan tokko beekumsa dhimmicharratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u akka kaayyoo qorannichaatti eenyuun otoon filadhee odeeffannoo gahaa naaf kennuu danda'a? Jechuun qorannoo isaa galmaan gahuuf iddattoon kan filatamu" jechuun barreessee jira. Baay'ina waliigalaa keessaa qorataan namoota 16 irraa oddeeffannoon funaanachuun qorannoo isaa kana hojjachuu danda'eera.

### 3.3.2. Iddatteessuu Darban dabarsaa (Iyyaaffannoo)

Darbaan dabarsaan dhimma tokkorratti nama beeknu irraa ka'uun nama kan biraa dhimmicha gadi fageenyaan beeku iyyaaffachuun bira ga'uun odeeffannoon irraa fudhatamudha. Sababni kun filatameefis qoratichi namoota Aanaa Jiddaa keessa jiraatanii itti fayyadama meeshaalee aadaa irratti beekumsa qaban hunda isaanii waan hin beekneefi. Kunis, odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu akka dhokatee hin hafne gargaaree jira. Yaada kana Haayyuun Denscobe, (2007:17) yoo ibsu, "With snowballing, the sample emerges through a process of reference from one person to the next" Iddattoon iyyaafannoo adeemsa keessa duukaa bu'uun kan nama tokko irraa gara itti aanutti eeruudha yaada jedhu qaba.

## 3.4. Malleen Funaansa Ragaalee

Milkaa'ina qorannoo tokkoof qorataan mala odeeffannoo ittiin guuramu addaan baasee beekuun barbaachisaadha. Waan kana ta'eef qoratichi meeshaalee funaanasa odeeffannoo armaan gaditti dhiyaatanitti dhimma ba'uun odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu walitti qabatee jira. Meeshaalee funaansa odeeffannoo keessatti tajaajilan keessaa afgaaffii, marii gareefi daawwannaa meeshaalee waraabbiin deeggarame bal'inaan fayyadamuun barbaachisa. Sababiin isaas qorannichi fookiloorii keessaa meeshaalee aadaa irratti waan xiyyeeffatuuf, kallattiin bakka meeshaaleen kunniin jiran daawwachuufi waraabbii fayyadammuu, odeeffannoo haala kanaan argachuun rakkisu immoo garee hawaasaa dhimmicha irratti hubannoo qabu jedhamee yaadameef af-gaaffii dhiheessuun ragaa funaanuun waan danda'amuufi. Gareedhaaf af-gaaffiin kan barbaachiseef immoo hubannoo qaban wal-yaadachiisuun odeeffannoo qabatamaafi gahaa akka kennanniifi.

### 3.4.1. Daawwannaa

Daawwannaan meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa tokko yoo ta’u, kunis meeshaa qorataan tokko yeroodhaa gara yerootti naannoo qorannoon sun itti gaggeeffamu sanatti qaamaan argamee odeeffannoo barbaadamu kana ittiin walitti qabatuudha. Kunis odeeffannoo jalqabaa (primary data) qorannoo tokkoof barbaachisu ittiin walitti qabuuf gargaara. Akaataa kanaan qoratichi lafa odeeffannoo gahaafi amansiisaan af-gaaffii dhuunfaafi marii gareetiin argachuun rakkisaa ta’etti iddoo meeshaaleen aadaa kun itti argamutti argamuun hirmaachuu fi daawwachuun meeshaalee waraabbii sagaleefi suur-sagaleen gargaaramuun odeeffannoo funaanamudha. Yaada kana Dastaan, (2013:118) yoo ibsu, “Daawwannaan mala odeeffannoon qorannoon ittiin funaanamu keessa isa tokko. Qorataan iddoo qorannicha itti geggeessu sanatti yeroo yeroodhaan argamee qaama qorannicha irratti geggeessu sana hordofa.” jedha

Daawwannaan tooftaa odeeffannoo funaanuuf fayyadu keessaa isa tokko yoo ta’u, tooftaa kanaan bakka qorannichaatti argamuun qabatamaan waan dalagamu irraa odeeffannoo walitti qabuudha. Tooftaan kun dhimma qorannoo kana waliin deemu yookiin qorannichaan walitti dhufeenya qabu akkasumas, waan barbaadame kan itti guutamu dursee qopheessuun yookiin yaadannoo battalaa fudhachuun kallattiin ilaaluudha. Kaayyoon daawwannaa kanaa deebbii af-gaaffii fi marii gareen funaanamuuf deemaniif kallattii ka’umsaa uuma. Waanti namni hojjetuufi waanti namni dubbatu addaa adda ta’uu mala. Daawwannaan immoo kana mirkaneessuuf oola. Adeemsa qorannoo kanaa keessatti daawwannaan kan gaggeeffame mana namoota ayyaantuu ta’anii akkasumas sirna ateetee bulchuu qabaniifi meeshaaleen amantii waaqeffannaa keessatti dhimma itti bahaman itti argamanii yoo ta’u, kanaan alattis yeroo sirnoonni waaqeffannaa gaggeeffamu Galma amantii waaqeffannaatti argamuun gaggeeffameera.

Dabalataanis Sirna Irreechaa Malkaa Sirxii bara 2012 irratti argamuun qoratichi Irreecha Malkaa ilmaan Jiddaa irratti odeeffannoo qorannoo kaayyoowwan gooree qorannoo isaa galmaan isaaf ga’uu danda’an  mala daawwannaatiin walitti qabachuu danda’eera. Kanaanis meeshaaleen aadaa sirnoota waaqeffannaa kanneen akka Irreechaa, Ateetee, Wadaajaa, Sirna Fuudhaafi Heerumaa fi Ayyaana Gubaa irratti hawaasni naannoo qorannoon kun irratti gaggeeffamee itti fayyadamu adda baafachuuf yaaleera. Dabalataanis, meeshaaleen kunniin maal irraa akka hojjataman, eenuya akka itti fayyadamuufi maaliif dhimma akka itti bahamu ialaalee jira.

### 3.4.2. Afgaaffii

Afgaaffiin meeshaalee funaansa ragaalee keessaa tokko ta'e kan raga-funaantonniifi raga-kennitoonni fuulaaf fuulatti wal arguun odeeffannoon barbaachisu ittiin argatamuudha. Kanaafuu, qorataan kunis, meeshaa kana fayyadamuun odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu kan funaannatee jira. Yaada kana Dastaa, (2013:111) "Af-gaaffiin gosoota odeeffannoon ittiin funaanamuu keessa isa tokko ta'ee kan qorataafi iddaattoon fuulleetti walarganii odeeffannoo walii kennani" jedha.

Odeeffannoo af-gaaffiin funaanamu wanti gaarii taasisu qorataan gaaffii isa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf odeeffnno-kennitoonni gaafachuu danda'uu isaati. Karaa biroon Dastaan (2013:113) Yaalew (2006) wabeeffachuun cimina mala odeeffannoo afgaaffii funaannachuu akka armaan gaditti ibsa. "Afgaaffiin yeroo barbaade fooyya'uu akka danda'uufi yeroo afgaaffii odeeffannoon funaannu kan afaaniin dubbatu caalaa sochii od-himtoota irraa odeeffannoo dabalataa argachuufi kan kana fakkaatuuf faayidaa cima qaba." jedha. Kanamalees, namoota dubbisuufi bareessuu hindandeenye yaada isaanii osoo jala hinhafiin ibsatu. Afgaaffiin qorannoo kanaa kan gaggeeffame mana namoota ayyaantuu ta'anii argamuun, Galma Amantii Waaqeffannaa keessattiifi mana namoota sirna ateetee bulfachuu qabanii deemuun yoo ta'u, namoota akka iddaattootti filataman Dhiira kudhan (10) fi Dubartoota ja'a (6) keessaa maanguddoota dhiiraa namoota ja'a (6) fi dubartoota afur (4) walii gala namoota kudhan (10) kan dhiyaate yoo ta'u, Afgaaffiin namoota kanniiniif dhiyaate gaaffilee qabxiilee daawwannaa keessatti irratti xiyyeeffataman irratti hundaa'uun kan qophaa'edha. Maanguddoota akka iddattoo qorannichaatti filataman kanniin keessaa namoonni afgaaffiif dhiyaatan namoota ayyaantuu ta'aniifi sirna ateetee bulfachuu qaban akkasumas, hogeeyyota Waajjira Aadaafi Turizimiiti.

Akkuma karoorfameen yaanni maanguddoonni afgaaffiin kennan yaada qoratichi daawwannaa daree keessatti argateen kan walitti dhiyaatu ta'ee, bakka tokko tokkotti sababa hubannoo dhabuufi akkaataa itti waa ibsuutiin garaa garummaan mul'ateera. Kanuma irraa ka'uun qoratichi yaadolee daawwannaafi afgaaffii irraa argate irraa ka'uun yaada odeef-kennitootaa wal fakkaatan akkuma jirutti fudhachuun yaadolee garaa garummaan irratti mul'ate qulqulleeffachuun marii gareetti dhimma baheera.

### 3.4.3. Marii Garee

Ragaalee gahaa qorannoo tokkoof barbaachisu meeshaalee funaansa odeeffannoo tokko qofaan argachuun rakkisaa dha. Waan kana ta'eef, af-gaaffii gareedhaaf mijataa ta'eefi kaayyoo qorannichaa bu'uura godhate qopheessuun barbaachisaadha.Yaaduma kana fakkaatu David E. (2004:230) yoo ibsu, "*Focus grous can be alow cost way of collecting data;but require a considerable amount of coopration and enthusiasm from participants.*" Akka yaada warabbii kanaatti afgaaffiin garee xiyyeeffatamee karaa baasii gadaanaatiin odeeffannoo walitti qabachuuf hedduu gargaara, Tahus tokkummaafi fedhii cimaa odeef-kennitoota kanneen irraa barbaachisa.

Qorannoo kana keessatti mariin garee kan barbaachiseef, yemmuu gaaffiin afgaaffii adeemsifamu adda addummaan yoo mul'ate adda addummaa yaadaa mul'ate gara tokkootti fiduufi dhugummaa yaada dhuunfaan ka'e mirkaneeffachuuf kan ooludha. Kanuma irraa ka'uun qorqtichi maanguddoota akka iddattoo qorannoo isaatti filatee ture hunda jechuun Dhiira kudhan (10) fi Dubartoota ja'a (6) walii galatti namoota kudha ja'a (16) garee afur (4) wal qixatti qoqqooduun akka mar'atan erga taasiseen booda namoonni kunniin yaadaliin wal fakkaataa duraan kennan irratti walii galuun yaadolii garaa garummaa yaadaa afgaaffii keessatti mul'ate irratti mari'achuun gara tokkotti dhufuu danda'aniiru. Kanaaf qoratichis yaada daawwannaan argate, yaada afgaaffiin argateefi marii gareetiin walitti qabate kanniin walitti fiduun erga xiinxaleen booda argnnoo isaas boqonnaa dhumaa keessatti teessisee jira.

## 3.5. Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaaname

Meeshaaleen qoratichi odeeffannoo qorannoo isaa ittiin sassaabbachaa ture keessaa: qorataan yaadannoo dirreerraa qabatame, bilbila harkaa, kaameraafi viidiyoodhaan fayyadamuun kan waraabbateedha. Warraaabbii sagalee kana afgaaffiifi marii garee waa'ee itti fayyadama meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa ilaalchisee argame waraabamee suura kan deeggarameedha. Dhuma irratti odeeffannoo waraabame odeef-kennitoota dhageessisaa iddoo dabalataa itti argametti irra deebi'uun itti dabaluun waraabaa tureera. Waraabbiin kana akkuma xumureen ragaaalee namoota irraa sassaabaman tartiiban qindeessun barreeffamatti jijjiiruun ibsee jira.

### 3.6.Mala Qaaccessa Ragaalee

Kutaan kun iddoo odooffannoon malleen funaansa ragaalee adda addaatiin odeeffanno kennitoota irraa walitti qabame itti qaacceffamuudha. Yaadauma kana Dastaan, (2013:141) yoo ibsu, “odeeffannoo ibsuun yaada odeef-kennitootarraa gaafannaadhaan, daawwannaan, marii gareen argame haala qabatamaa rakkina mul’ateetiin walitti fidanii dhiheessudha.” Jedha.

Qorannichi mala qaaccessa ragaalee akkamtaa kan fayyadame yommuu ta’u, Kunis odeeffannoo akkamtaa gaaffiiwwan maaliif? Akkamitti? Jedhuuf deebii laachuuf kan carraaqeefi dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan hunda jechaan kan ibse dha.

Yaada kana David E.G (2004:346) yoo ibsu, “*The main focus of qualitative research is to understand the ways in which people act and the accounts that people give for these actions.*”

Yaada hayyuu kanaa irraa akkuma hubatamu, xiyyeeffannoo guddaan mala akkamtaa akkaataa uummanni waan tokko gochaan agarsiisu hubachuufi itti gaafatamummaa hawaasichi gochoota raawwataman kanneeniif qaban xiinxaluuf akka ta’e agarsiisa. Qorannicha keesstti odeeffannoon af-gaaffii, marii gareefi daawwannan argame tartiiba isaanii eegachuun tarreeffamanii qaacceffamu.

Akkasumas Addunyaan (2011:62-63) yoo ibsu, “qaaccessa ragaa yoo ibsu malli ibsaa dhimma qoratamu sana ilaalchisee maaltu akka ta’eefi maaltuu akka ta’aa jiru addaan baasuudhaan jijjiiramoota akkuma isaan yoomessa uumamaa keessatti argamanitti kan ibsudha” jedha. Qorannoo kana keessatti odeeffannoon barbaachisaan madda garaagaraa irraa kan funaanaman yoo ta’u, Odeeffannoowwan funaanamanis jechaan kan ibsamaniidha. Kanaafuu, mala qaaccessa ragaalee akkamtaa kan fayyadame ta’a. Sababni qorataan qorannichaa qorannoo akkamtaa filateefis dhimma qorannoo isaa kallattiidhaan hawaasa keessa seenuun odeeffannoo barbaachisaa ta’eefi qabatamaa ta’e funaannaachuuf malli kun qorannoo isaatiif mijataa ta’uu irraa ka’eeti.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAA

Boqonnaa kana jalatti, ragaawwan qorannichaa malleen funaansa ragaalee qorannoo garagaraa fayyadamuun funaanamantu qaacceffamuun hiikama. Kunis, odeeffannoowwan argaman mata duree adda addaatti qoqqooduun erga tartiibaan kaa'amanii booda qoratichaan qaacca'uun hiikni itti kenname.

Haaluma kanaan, odeeffannooleen ijoon kutaa kan jalatti ka'an, meeshaalee amantii waaqeffannaa, faayidaa meeshaalee amantii waaqeffannaa, wantoota meeshaaleen kunniin irraa hojjataman, , meeshaalee kanniin eenyu dhimma akka itti bahu, yoomessa akkamii keessatti akka hojiirra oolaniifi wantoonni meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa kanneen miidhuu malan tokko tokkoon ni qaaceffamu. Dhuma irratti ilaalcha hawaasni yeroo ammaa meeshaalee kanaaf qabuufi haalli meeshaaleen aadaa amantii waaqeffannaa keessatti dhimma itti bahaman yeroo ammaa irra jiran ni ibsama.

## 4.1. Itti fayyadama Meeshaalee Aadaa Amantii Waaqeffanna

Meeshaaleen aadaa amantii waaqeffannaa meeshaalee sabni Oromoo sirna garaa garaa keessatti dhimma itti bahuun beekamu akkasumas, hiikaafi kabaja mataa isaa qabuudha. Sabni Oromoo meeshaalee aadaa kanniin kan dhiiraafi dubartootaa sadarkaa garaagaraatti qooduun akka itti gargaaramaa ture ragaan hawaasa irraa funaaname ni mul'isa. Meeshaaleen kunniin kan isaan itti dhimma bahaman yeroo sirni waaqeffannaan wal qabatan kanneen akka sirna Irreechaa, sirna Ateetee, sirna Boorantichaa, sirna cidhaa, Ayyaanaa wadaajaa, yeroo sirna Gubaafi k.k.f keessatti henna ta'u, kunis waaqa ittiin kadhachuufi akka qajeelchaa amantiitti fudhatamuun faayidarra oola.

Haala itti fayyadama meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa haala qabatamaa Godina Salaalee Aanaa Jiddaa ilaalchisee ragaan odeef-kennotoota irra argame akka ibsutti, Sabni Oromoo Aadaa bay'ee inni qabu keessaa inni tokkoo meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaati. Hawaasni Oromoo sirnootaafi jila adda addaa irratti meeshaalee aadaa harkaan hojjachuun itti tajaajilamaa ture. Yeroo sirna waaqeffannaa meeshaalee aadaa hawaasicha biratti ulfina qaban kanneen akka: kallachaa, Caaccuu, Bokkuu, Horooroo, Siinqee, Hokolee, Callee, Qorxii, Araddoo (Onkolaa)

Alangeefi kkftti dhimma bahaa ture. Hawaasni Oromoo shanan Jiddaas meeshaalee amantii waaqeffannaa kanneenitti fayyadamaa ture, ammas baay'ee ta'uu baatus itti fayyadamaa jira. Meeshaaleen kunniin sirnoota waaqeffannaa hawaasa Jiddaa biratti kabaja guddaa qabaachaafi bal'inaan itti fayyadamaa turaniiru. Garuu akka durii miti. Warri ammallee dhimma itti bahaa jiran xiqqaa miti. Obbo Abdiisaa Diilalleessaa (Caamsaa 26/2012).

Akkuma ragaa kannarraa hubatamutti akkaataan itti fayyadama meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa kanniin tokko tokkoon isaanii kabajaafi hiika mataa isaanii kan qaban, akkasumas yeroo sirna adda addaa kan dhimma itti bahamanidha. Meeshaaleen kunniin: kanneen abbootiin yookiin haadholiin qabatan, akkasumas kanneen dargaggoonniifi shamarran qabatan ta'uu mala.

Meeshaaleen amantii waaqeffannaa keessatti dhimma itti baanu kunniin baay'een isaanii kan abbootiifi haadholiin itti fayyadaman ta'anis kanneen dargaggoonniifi shamarran sirnoota adda addaa fakkeenyaaf, ayyaana Irreechaafi yeroo cidhaa illee itti fayyadaman hedduutu ture. Ta'us sababoota garaa garaatiin yeroo ammaa wantoota birootiin bakka buufamaa dhufaniiru. Obbo Abdiisaa Diilalleessaa (Caamsaa 26/2012).

Akkuma yaada maanguddoo kanaa irraa hubachuun danda'ametti meeshaaleen aadaafi amantaa waaqeffannaa kunniin akka aanaa Jiddaatti dhiibbaawwan keessaafi alaa irraan kan ka'e humna duraan qaban dhabaa dhufanis kabajaafi jaalala keessumaayyuu hawaasni baadiyyaa meeshaalee kanniin akka hambaatti abbummaan qabatanii tursiisaniif maanguddoonni hambaalee kanniin qaban hedduutu jiru. Kana irratti hojiin Waajjirri Aaddfi Turizimii Aanaa Jiddaa meeshaalee aadaafi amantaa Oromoo kanniin tursiisuu irratti hojjate kan isaan galateeffachiisudha.

Qoratichis meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa keessatti Uummanni Aanaa jiddaa dhimma itti bahaa tureefi ammas itti fayyadamaa jiru kanniin malleen funaansa adda addaatiin fayyadamuun ragaalee walitti qabate sirnoota waaqeffannaan wal qabatan adda addaa jalatti qoqqooduun akka armaan gadiitti qaaccesseefi ibsee jira.

### 4.1.1. Meeshaalee Aadaa Sirna Irreechaa Keessatti Fayyadan

Utubaawwan waaqeffannaa keessaa tokko sirna irreechaati. Sirni Irreechaa ayyaana Oromoo biratti iddoo guddaa qabuufi waggaatti yeroo lama Birraafi Arfaasaa malkaafi Tulluutti kabajamudha. Irreechi Birraa kan Oromoon waqtii Birraa marga jiidhaafi abaaboo qabachuun

gamtaan malkaatti bahuun waaqa dukkana gannaa irraa gara ifa birraatti isa ceesiseef galatoo galchuufi fuulduraaf imaanaa irra keewwatu yoo ta;u, irreechi Arfaasaa immoo kan Oromoon waqtii Arfaasaa tulluutti yookiin abdaariitti bahuun yoo roobni roobuu dide akka roobuuf uumaa isaatti boo'u, yoo balleesse dhiifama gaafatuufi yoo Arfaasaan robe immoo rooba nagaaa itti kadhatudha.

Ayyaanni Irreechaa ayyaana Oromoo biratti hawwiin eegamu waan ta'eef, Uummanni Oromoo messhaalee aadaafi ulfoowwan amantii waaqeffannaa adda addaa qabachuun miidhaganii sirboota aadaafi faaruuwwan galataa jechaa gara malkaa yookiin tulluutti yaa'uun sirna irreechaa raawwata. Keessumaayyuu meeshaaleen aadaa sirna irreechaa irratti argaman irra caalaan isaanii kanneen amantii waaqeffannaatiin wal qabataniifi sirnicha keessatti hiika qaban, akkasumasa waaqa kadhachuufi galateeffachuuf oolanidha Obbo Ballaxaa Hayiluu (Caamsaa 27/2012).

Sirna Irreechaa (galatoofi kadhannaa) kana irratti akkuma Oromoota biroo Uummanni Aanaa Jiddaas sirna Gadaa ofii qabatee waan jiruuf, yeroo irreechaas ta'ee yeroo sirna waaqeffannaa kamiyyuu kabajatu meeshaalee aadaa garaa garaa sirnichaan wal qabatan qabachuun sirnoota kanniin kabajataa har'a gahe.

Uummanni Aanaa Jiddaa keessumaa dubartoonni yeroo Irreechaa

"Siinqee ulfoo qabannee
Baanee kadhannee
Takkaa sirraa hin dhabnee
Yaa waaq araarakee"

jechuun sirbaafi Uumaa isaanii faarsaa kabaja Siinqeen waaqa araarsuu keessatti qabu ibsaa malkaa bu'u. Meeshaaleen aadaa Oromoon Jiddaa sirna irreechaa irratti dhimma itti bahuun beekaman kanneen akka: Bokkuu, Horooroo, Caaccuu, Hokolee (Elemtuu), Siinqee, Ciicoo, Alangeefi kkf yoo ta'u, coqorsafi abaaboon meeshaalee sirna irreechaafi amantii waaqeffannaa keessatti bal'inaan dhimma itti bahamanidha. Obbo Ballaxaa Hayiluu (Caamsaa 27/201)



***Suuraa 2ffaa Suuraa Meeshaalee Aadaa Ayyaana Irreechaa***

### 4.1.2. Meeshaalee Aadaa Sirna Ateetee Keessatti fayyadan

Ateeteen sirnaafi duudhaawwan Uummanni Oromoo yeroo durii kabajachaa tureefi ammas kabajachaa jiran keessaa isa baay'ee jaalatamudha. Ateeteen ayyaana dubartootaa akka Aanaa Jiddaatti haala lamaan kabajamu ta'ee, inni tokkoffaan baatii birraa keessa kabajama. Inni lammaffaan waggaatti yeroo tokko ta'ee waqtii gannaati. "Sirni Ateetee kunis sirna dubartootaan kabajamu fi sirna gadaatiin qixa kan mirgi dubartii keessatti mul'atudha." Barruu Waaj. Aadaafi Turizimii Anaa Jiddaa (2014:6)

Akkuma dhiironni sirna Gadaa keessatti gahee olaanaa qaban dubartoonnis ayyaana ateetee keessatti gahee mataa isaanii qabu. Dubartoonni ayyaana ateetee sana keessatti olaantummaan kan hooggananiidha. Akkasumas, qabeenyaafi hormaata manaa, daa'imman hoogganuun kan bulchan dubartoota.

Kanas Obbo Ballaxaa Hayiluu Caamsaa (27/2012) yoo ibsan, Siiqqeen meeshaa aadaa dubartoota Oromoo biratti iddoo olaanaa qabuufi akka mallattoo heerumaafi dubartummaatti ilaalamu mirga dubartiin Oromoo aadaadhaan qabdun kan agarsiisu dha. Siiqqeen ulee sorooroo (qajeelaa) irraa tolfamti, mallattoo heerumaafi aangooti. Siiqqeen kabajaa, saalfii fi sodaatama guddaa qabdi."

Dabalataanis Obbo Abdiisaa Diilalleessaa Caamsaa (26/2012) gahee siinqeen mirga dubartootaa eegsisuu keessatti qabdu yoo ibsan, siinqeedhaan daa'immanis ta'ee horii hin rukutan. Seeraafi kabajaaf qabatamti. Kanaaf dubartiin siinqee qabatte ni sodaatamti, ni saalfatamti, ni kabajamti, yoo dubartiin Siinqee qabattee karaa irratti namatti dhufte, nama eebbistee nama hoofkalchitu malee bira hin darbani ykn hin qaxxaamurani, laga illee siinqee dura ce'uun hin danda'amu. Dubartiin maatii keessaa rakkoon mudatee siinqee qabattee kadhaaf karaatti yoo baate waan harkaa qaban hin dhorkatanu.

Kana malees, dubartiin waraanatti dhuftee siinqee qaxxaamursinaan waraanni ni dhaabbata. Dhiirronni gaafa dirree waraanatti bobba'uun diinaan wal waraanan yookiin adamoo gaafa deeman dubartoonni eebbisanii gaggeessinaan milkaa'anii galu. Dubartoonni jila adda addaa irratti siiqqeefi kallacha qabachuun fuuldura deemuun milkii kan tolchituudha." Jechuun ibsaniiru.

Kunimmoo, dubartoonni diinagdee, hawaasummaa, jiila garagaraa keessatti hirmaannaa qabaachuu ibsa. Sirna kabaja ayyaana ateetee keessatti dubartoonni walitti dhufuun waldhabdee hawaasa keessa jiru walitti araarsuun furu. Dubartoota dhala dhabaniifis siinqee qabatanii rabbii nikadhatuuf. Adeemsi kunimmoo, ateeteen mirga dubartootaa kabachiisuu keessatti gahee kan qabduu ta'uu agarsiisa. Itti dabaluunis, sirni kabaja ayyaana kanaa dubartoonni wantoota isaan ilaallataniifi jiruufi jireenya isaanii gaggeeffachuu keessatti qooda isaanii akka bahaniif mirga kan gonfachiisuudha.

Walumaa galatti, ateeteen mirga dubartootaa kabachiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Gaheen Ateetee mirga dubartootaa eegsisuun alatti, ateeteen akkuma ayyaana irreechaa sirna galatoofi kadhannaati. Ateeteen ayyaana hormaataati .Dubartiin Oromoo gaafa ateetee bulfattu ayyaana qe'eefi horii ishee kadhatti; kan darbeef immoo galata waaqaaf galchiti. Kana malees, ateeteen fayyaa ija kootiifi maatii kootii naaf tiksiti. Aadde Maartaa Galataa (Caamsaa 27/2012).

Yeroo ateetee keenya facaafannu dubartoonni Jiddaa dabareedhaan wal gargaarree wantoota ateeteedhaaf barbaachisan kanneen akka midhaan daakuu, farsoo naquu dhadhaa baksuufi qincee qopheeffachuu wal irraa hin hafnu. Guyyaa ateetee facaafannus wandaboo ateetee uffachuun siinqee keenya qabannee iddoo sirnichaatti argamna. Meeshaaleen aadaa ittiin waaqa kadhachuufi ateetee qajeelfachuuf barbaachisan kanneen akka Caaccuu, Siinqee, Hokolee (Elemtuu), Qorxii, Jaaloo, Qorii, Qabee, Callee, Gaadiifi kkf yoo ta’u margi jiidhaan (coqorsi) mataan hin cinneefi baalli mukkeen irreechaaf oolanii sirnicha keessatti dirqama barbaachisu Aadde Maartaa Galataa fi Aaddea Asteer Ballaxaa( Caamsaa 27/2012).

Yaada odeef- kennitoota kanaa irraa waanti hubannu akkuma sirna irreechaa sirni ateetee utubaawwan waaqeffannaa keessaa tokko yoo ta’u, kanaaf immoo ragaan meeshaaleen sirna irreechaa keessatti dhimma itti Bahaman kanneen akka Caaccuu, Elemtuu, Callee, Siinqeefi coqorsaa sirna ateetee kana keessattis kan fayyadan ta’uu isaaniiti. Kunimmoo hariiroo sirnoonni kunniin amantii waaqeffannaa keessatti waliin qaban ibsa.



***Suuraa 3ffaa  Suuraa meeshaalee aadaa sirna ateetee***

### 4.1.3. Meeshaalee Aadaa Wadaajaa Keessatti Fayyadan

Sirnoota amantaa waaqeffannaa keessatti iddoo guddaa qaban keessaa inni biroo sirna wadaaja bulchuuti. Sirni wadaajaa waggaatti al tokko kan kabajamu ta'ee, kunis kan dhaloonni walitti dhufuun wal arguufi kan wal hin beekne wal baru, akkasumas warra darban itti yaadatudha. "Sirni wadaajaa kan gaggeeffamu waggaatti waqtii lama yoo ta'u, innis waqtii Birraafi Arfaasaa qe'ee angafaa yookiin ayyaantuu gosaatti akkasumas Galma Amantii Waaqeffannaatti. Sababni isaa waqtiin Birraa yeroo midhaan itti asheetuufi lagni hir'atee firris wal argu akkasumas waqtii quufaa waan ta'eef firri wal ga'ee ayyaana warra isaanii qajeelfachuuf gaggeeffama. Akkasumas midhaan asheete sana mataa kutuun waaqa kanaan isaan ga'e galateeffachuuf firri wal ga'uun galatoo waaqaaf dhiheessu." Obbo Baqqalaa Damee Caamsaa (29/2012).

Sirna wadaajaa kana irratti kan hirmaatan gosa sana keessaa namoota sadarkaa umrii kamiiyyuu keessatti argaman ta'ee sirnichi angafa gosaatiin kan gaggeeffamuufi gosa biraa keessaas warri ayyaantuu irratti wal affeeruun waliin ayyaanicha kabajuu ni danda'u. Sirni wadaajaa kun Oromoota Aanaa Jiddaa keessumaayyuu waaqeffattoota ta'an biratti akka durii ta'uus baatu yeroo ammaa kana iddoowwan adda addaatti kabajamaa jiraachuu maanguddoonni aanichaa ni dubbatu. Akkasumas, Aanaa Jiddaa keessa Galmi hordoftoota Amantii Waaqeffannaa waan jiruuf sirni wadaaja bulchuu kabajamaa jira. Obbo Taaddasaa Farajaa fi Baqqalaa Damee (Caamsaa 29/2012)

Yeroo sirna wadaaja bulfachuu kana meeshaaleen aadaa sirnichaaf barbaachisan kanneen sirna sana keessatti Oromoon kaleessa dhimma itti bahaa turedha. Kunis dhaloonni warra darban yaadachuufi wal baruuf wal gahe kun ogummaafi beekumsa isaan lafa kaa'anii darbanitti fayyadamaa akka waa irraa baratu, akkasumas ayyaantummaa isaanii kaleessaa sana dhaaluuf murteessadha. '*Waaqeffattoonni sirna wadaajaa kan godhataniif yoo nuti waan qabnuun lafa irratti isaan yaadanne nuunis ayyaanni isaanii nu yaadata, nu qananiisa jedhanii dhugeeffatu.*' Meeshaaleen aadaa amantii waaqeffannaa keessatti yeroo sirna wadaajaa itti fayyadaman kunniin: Kanneen yeroo hundumaa galma keessa kaa'amanii taa'aniifi kanneen galmuma keessatti yeroo sirna wadaajaa itti fyadamanidha. Meeshaalee Galma waaqeffannaa keessa kaa'amanii ayyaantummaa dhalootaa tiksu jedhaman keessaa: Kallacha, Bokkuu, Caaccuu, Siinqeefi kkf yoo ta'u, meeshaaleen galma keessatti dhimma itti bahaman: ciicoo, buqqee

yookiin waancaa, Gabatee mukaa, hodhaa xiqqoofi kkfdha.Obbo Milkeessa Daadhiifi Obbo Obsaa Mangistuu (Caamsaa 27/2012)

Waaqayyo yaa tolaa koo
Roobaa nagayaan si waamee
Ganama biiftuu baasee
Galgala urjii facaasee
Waaqayyo roobee hasaasee
Waa hamoo jalaa nu baasee
Karra waaqayyoo maaliin seenanii
Kallachaafi Caaccuu,
Bokkuufi Siinqee fa'aan bananii
Karra waaqayyoo seenee baninnaa
Afaan waaqayyoo beekee barinnaa
Waaqayyo yaa tolaa koo
Roobaa nagayaan si waamee

Jechuun waaqeffattoonni jeekkarsa (faaruudhaan) meeshaaleen ulfoo kanneen akka Caaccuu, Kallachaa, Bokkuufi Siinqee waaqa waliin illee kan walitti nama fidu (karra waaqaa kan nama seensisu) ta'uu ibsu" jechuun Obbo Milkeessaa Daadhii (Caamsaa 27/2012) jedhan.



***Suuraa 4ffaa  Suuraa meeshaalee sirna wadaajaa***

### 4.1.4. Meeshaalee Aadaa Sirna Gubaa keessatti Fayyadan

Sirni Gubaa (Ifaanoon) osoo amantaan kiristaanaa gara dachee Oromiyaa hin seeniin duras uummanni Oromoo waaqeeffataan ibsaa ibsuun barii Birraa simachaa ture. Kunis Ganni dukkana; Birraan immoo ifa jedhamee waan yaadamuuf mallattoo dukkana irraa gara ifaatti cehuutiif waaqa galateeffachuuf sirni kun kabajama. Haa ta'u malee erga amantiin kiristaanaa dhufee qabiyyee isaa duraanii gataa dhufeera. Obbo Ballaxaa Hayiluu (Caamsaa 27/2012).

Hawaasa Oromoo Jiddaa keessumaayyuu waaqeffattoota ta'an biratti ayyaanni gubaa kun sababa amantaa kirstaanaatiin qabiyyee duraan qabu gataa haa dhufu malee ammas namoonni baadiyyaa akka gaariitti kabajaa jiru. Yeroo ayyaana gubaa kana kabajnus akkuma abbootii keenya durii aadaa keenya tikfachuuf xomboora yookiin ibsaa hidhanne qabannee muuda keenya muuddannee sirnuma Akaakileefi Abaabileen keenya eeganii kabajaa turan sana eegnee kabajaa jirra. Obbo Faxxanaa Birhaanuu (Caamsaa 27/2012)

Yeroo sirna gubaa kana kabajnu galgala yeroo xamboora (ibsaa) qabsiifannuu uccuu aadaa uffannee muuda erga muuddanneen booda mana keenyatti dhibaayyuu dhibaafannee xomboora fudhannee sirna gubaa raawwanna. Yeroo kanas meeshaalee aadaa sirna waaqeffannaatiin walqabatan heddutti dhimma bahuun ni danda'ama. Meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa keessatti dhamma itti Bahaman kanneen akka Caaccuu, Hokolee, Leematii, Buqqee yookiin waancaa, xuwwee, Gabatee mukaa, marga yookiin irreessaafi kkf adeemsa sirna raawwii ayyaanichaa keessatti isaan barbaachisoodha. Obbo Milkeessaa Daadhiifi Obbo Faxxanaa Birhaanuu (Caamsaa 27/2012).





***Suuraa $5^{ffaa}$ Suuraa Meeshaalee Sirna Gubaa***

### 4.1.5. Meeshaalee Aadaa Sirna Fuudhaafi Heerumaa Keessatti Fayyadan

Aadaa hawaasni Oromoo ittiin beekamu keessaa aadaan fuudhaafi heerumaa aadaa beekkamaadha. Aadaan kun immoo sirnoota ittiin raawwatamuufi wantoota sirnichaaf barbaachisan qaba. Kunimmoo sirnicha guutuufi karaa eenyummaa sabichaa calaqqisiisuun kan gaggeeffamaa tureefi jirudha. Eenyummaa uummatichaa keessaa immoo amantiin isa bu’uuraati. Uummanni Oromoo osoo gita bittoota habashaatiin dhaalamee aadaaniifi amantiin isaa hin caccabiin dura sirni fuudhaafi heerumaas akkaataadhuma dhuudhaafi amantaa isaa kan ta’e waaqeffannaatiin gaggeeffamaa ture.

Haa ta’u malee sababa dhiibbaa garaa garaatiin adaduma amantaan isaa waaqeffannaan laafaa dhufeen aadaan fuudhaafi heerumaa isaas miidhagina duraan qabu gataa dhufe. Oromoon Jiddaas sababa dhiibbaa amantaa kiristaanaatiin aadaan fuudhaafi heerumaa inni qabu jajallataa har’a gahe. Garuu uummanni naannoo kanaa sabboonummaafi quuqama aadaa ofiitiif qabu irraa ka’uun aadaa fuudhaafi heerumaa warra isaa irraa dhaale tifkatee har’aan gahuu danda’eera. Obbo Baqqalaa Damee (Caamsaa 29/2012)

Aadaa fuudhaafi heerumaa keessatti immoo iddoo guddaa kan qabu meeshaalee aadaati. Meeshaaleen aadaa hawaasni Oromoo sirna kana irratti dhimma itti bahaa turaniifi ammas jiran kanneen sirnicha keessatti nyaataafi dhugaatiif yookiin immoo miidhaginaaf dhimma itti bahamaniin alatti kanneen sirnicha keessatti hiika mataa ofii danda’eefi akka mallattoo milkaa’inaafi hormaataatti ilaalaman hedduutu jiru. Isaan kun keessumaayyuu Oromoota Aanaa

Jiddaa amantii waaqeffannaa hordofan biratti amantaan waan wal qabsiifamuuf sirna fuudhaafi heerumaa kana irratti dirqama argamuu qaba. Meeshaaleen aadaa sirna waaqeffannaatiin walitti hidhataniifi hawaasni Jiddaa yeroo cidhaa dhimma itti bahu keessaa: Siinqee, Hokolee (Elemtuu), Kallacha, Ciicoo, Callee, Buqqee dhadhaa, Buqqee Hurgooftuu, Qabee dhadhaa, Qabee dhangaa, Itillee, Gundoo waaddii, Gingilchaafi kkf yoo ta'u, akkuma sirnoota kamiiyyuu margi (coqorsis) sirna fuudhaafi heerumaa Oromoota Jiddaa biratti iddoo guddaa qaba. Aadde Bashaadduu Fiqiruu (Caamsaa 26/2012), Obbo Ballaxaa Hayiluu (Caamsaa 27/2012)



***Suuraa $6^{ffaa}$ Meeshaalee Aadaa Sirna Fuudhaafi Heerumaa***

**Kallacha:** Meeshaalee ulfoo amantii waaqeffannaa keessaa tokko kallacha yoo ta'u, innis bakakkaa waliin samiidhaa kan bu'udha. Kana irraa ka'uun kallachi meeshaa kabajamaa waaqni namaaf kenndha jeadhama. Haa ta'u malee kallachi waaqaa bu'e kun callafamee kan fuudhame osoo hin ta'iin dursa itti qalama yookiin immoo aannantu itti dhibaafatama. Akkasumas kallachi mana waarra ayyaantuu yookiin angafaa yookiin immoo galma amantii waaqeffannaa keessa kan taa'uufi callisee hin bahu; yoo bahe immoo dhadhaa muudamu malee hin galu. Kallachi kun boca qaama saalaa dhiiraa kan qabudha jedhama. Kabaja hawaasni qabuufirraan kan ka'e kallacha abbaan arge hin baatu; akkasumas namni hundi hin argu iddoo dhaksaa kaa'ama. Obbo Asaamminoo (Caamaa 26/2012)

Kallachi jalqaba waaqaa bu'e sibiila bakakkaa waliin bu'u irraa kan hojjatamedha jedhama. Kallachi jalqabaa kun tokkicha waan ta'eef, kallachi Oromoos tokkichuma.Yeroo sana Abbaan Gadaa Oromoos tokkuma. Haa ta'u malee, adeemsa keessa hammuma uummanni Oromoo baay'achaa dhufeen gosaan wal bulchuu eegaluun kallachis baay'ataa dhufe. Gosni kamiyyuu kallacha tokko jalatti qajeelfamaa ture. Kallachi gosti ittiin qajeelfamaa jiru kunis kanuma sibiila Qorsaa samii bu'e kanarraa hojjatame. Garuu yeroo ammaa Sirni Gadaa jajallataa dhufuu irraan kan ka'e Abbootiin Gadaa bocuma kallacha ganamaa sanaan sibiila adda addaa irraa tolchissiisuun godhachaa jiraachuun ni mul'ata. Obbo Faxxanaa Birhaanuu (Caamsaa 27/2012)

Akka hawaasa Oromoo Aanaa Jiddaatti Kallachi bakka argetti osoo hin ta'iin sababa adda addaatiif fayyada. Faayidaa kallachi qabu kaassaa inni guddaan wal dhabdee firuudha. Wal dhabdeen kunis:

**A. Wal dhabdeen hawaasa gidduutti yoo uumame.**

Kana jechuun akka tasaa namoonni walitti bu'anii yoo gidduutti lubbuun namaa darbe yookiin yoo qamni hir'ate Oromoonni Aanaa Jiddaa akkuma Oromoota iddoo biroo sirna gumaatiin wal araarsa. Haa ta'u malee sababa adda addaatiin yeroo warri namni harkatti miidhame gumaa baasuuf maanguddoota itti ergan warri namni irraa du'e diduu danda'u. Yeroo kana maanguddoonni kallacha baasanii, farda luugamanii warra namni irraa miidhame sana kadhachuu danda'u. Kallachi baanaan sana irra darbuun hin danda'amu waan ta'eef warri namni irraa miidhame gumaa nyaachuun araaramu. Kunimmoo gahee kallachi wal dhabdee furuu keessatti qabu keessaa isa tokkodha. Obbo Abdiisaa Diilalleessaa (Caamsaa 26/2012)

### B. Dheekkamsa waaqaa araarsuuf

Akkuma beekamu dhalli namaa heera uumaatti bu'uun yeroo miidhaan garaa garaa uumamu argina. Haa ta'u malee Oromoon yeroo safuun cabe, heerri uumaa dabe callisee hin taa'u. Uumama qabatee uumaa isaa kadhachuun araarfata. Oromoonni naannoo qorannoo kanaas yoo waaqni roobuu didee caamni hammaate, yoo dhukkubni hamaan biyya qabate akkasumas, yoo walii galteen hawaasa gidduudhaa dhabame kallacha baasee waan balleesseef dhiifama gaafata. Malkaa bu'ee, Tulluu bahee abdaarii ofiifi ardaalee jilaa naannoo isaatti bahee waaqa isaatti boo'a; garaa qulqulluun boo'ee araara kadhata. Yeroo kana waaqnis ni dhaga'aaf. Waan kadhates ni argata. Kanaaf kallachi nama yakka dalageefi waaqa illee walitti araarsa jechuudha. Obbo Asaamminoo fi Obbo Abdiisaa Diilalleessaa (Caamsaa 26/2012)

### C. Sirna fuudhaafi heerumaatiif

Kallachi sirna fuudhaafi heerumaa keessatti gahee qabaachuu maanguddoonni Aanaa Jiddaa qorannoo kanaaf odeeffannaaoo kennan ni dubbatu. Kana jechuun aadaan fuudhaafi heerumaa hawaasa Jiddaa keessatti beekaman heddu ta'anis, hundi isaaniiyyuu sirnaafi adeensa mataa ofii qabu. Sirnoota fuudhaafi heerumaa Oromoota Jiddaa biratti beekaman keessaa tokko Irra Dhaaba yoo ta'u, gosti fuudhaafi heerumaa kun tasa kan raawwatudha. Sababni isaa sirni fudhaafi heerumaa irra dhaabaa rakkoo wayii furuuf kan raawwatudha. Fakkeenyaaf gurbaan fuudhaaf gahe tokko kaadhimmatee fuudhuuf yoo humnan dhabe yookiin rakkoo maatii qabaate, yoo qaama miidhamaa yookiin rakkoo sammuu qabaate, yoo gaa'elaaf qophaa'ee kaadhimaan isaa jalaa badde yookiin nama biraatiin jalaa butamte yookiin immoo yoo qophii cidhaa irratti jalaa duute, akkasumas namni tokko erga fuudhee yoo haati manaa jalaa duute akka Oromoo Jiddaatti yeroo durii gosoota fuudhaafi heerumaa keessaa Irra dhaabaan fuudhuu danda'a. Ob. Malkaa Kabbadaa (Caamsaa 29/2012)

Sirna fuudhaafi heerumaa Irra dhaabaa kana keessatti sababoonni armaan olii erga uumamaniin booda warri gurbaa (namicha) fuudhu itti qophaa'uun maanguddoota qabatanii kallacha baasanii osoo hin beekiin barii lafaa warra intala fuudhaaf barbaadaniitti ol seenu. Oromoon kallacha bahe fuuldura dhaabbachuu hin danda'u waan ta'eef warri intalaa yoo dubara heddu qabaatan kam akka taate erga gaafataniin booda beellama yeroo gababaa akka kennaniif gaafatu. Sana booda warri kallacha baasee fuudhaaf bahe yoo beellamachuuf karoorfatanii dhaqan beellama qabuuf. Ta'uu baannaan garuu guyyuma sanas fudhatanii galuu danda'u. Kunimmoo kan ta'uuf

soda warra fuudhaaf dhaqeef osoo hin ta’iin kallachi bahee dhabee yoo gale balaa guddaatu nu mudata isa jedhu irraa kan ka’edha. Kanaaf Oromoo Jiddaa amantaa kamiyyuu hordofu biratti kabaja qaba. Keessumaayyuu hordoftoota amantii waaqeffannaa biratti meeshaalee kamiiyyuu olitti sodaatama. Kana irraa kan ka’e fuudhaafi heeruma keessattillee gaheen kallachaa olaanaadha. ObboFaxxanaa Birhaanuufi Obbo Ballaxaa Hayiluu (Caamsaa 27/2012)

Kallachi hawaasa Oromoo biratti kabaja guddaa waan qabuuf kan kaayyatu yookiin bira kaa’amus nama kabaja qabudha. Kana jechuun namni kallacha kaawwatu nama heera uumaa kabaju, nama harkiifi garaan isaa qulqulluu (nama harkaan daba wayii hin raawwanne yookiin nama biyyaaf gaaddisa ta’e) dha. Angafa gosaa yookiin ayyaantuu gosaa ta’uu danda’a. Sirna Gadaa keessatti Abbaa kallachaati. Kallachi mallattoo aangooti. Yeroo kamiyyuu dhiiratu kaayyata. Kunimmoo dhiirri akka mataa maatii sanaatti ilaalamuu ibsa. Kana jechuun akka heera Gadaatti dubartiin kallacha kaawwachuu hin dandeessu jechuudha. Haa ta’u malee yoo yakki wayii uumamee Abbaan kallachaa sababa addaatiif rakkoo sana hiikuu keessatti argamuu baate bakka isaa ijoollee waggaa saddeet (8) tii gadii baachisuun ni danda’ama. Sababni isaa ijoolleen cubbuu hin beektu qulqulluudha jedhamee waan yaadamuuf. Obbo Abdiisaa Diilalleessaa (Caamsaa 26/2012)

Kallachi wal dhabdee hiikuu, dheekkamsaa waaqaa araarsuufi sirna fuddhaafi heerumaa keessatti tajaajiluu bira darbee yeroo galma waaqeffannaa keessatti sirni wadaajaa kabajamu kallachi ayyaantuudhaan muudamuun ayyaantummaafi nageenya dirreefi sabaatiif waaqa kadhatu. Kana malees, yeroo sirna waaqeffannaa kamiyyuu kallacha baasanii muuduun waaqa kadhachuun rakkoo wayiituu hin qabu.Kanaafuu Kallachi ulfaa Oromoon dhimmota amantiin wal qabatu kamiyyuu keessatti dhimma itti bahaa turedha.

Haa ta’u malee yeroo ammaa kanatti sababa dhiibbaa amantaalee alagaatiin namoonni kaan qarshiitti gurguratanii, kaan dhoksanii, kaanimmoo gatanii akka aanaa kanaatti qofa osoo hin ta’iin bakka amantaaleen gamaa dhufan itti baay’atan hundatti kallachi iddoo dhabaa dhufeera. Kanaaf dhaloonni ammaa iddoo jirutti hambaa warra isaa kunuunfachuu qaba. Obbo Obsaa Mangistuufi Obbo Malkaa Kabbadaa (Caamsaa 29/2012)

Kallachi sababaa meeshaalee ulfoo Oromoo keessaa yeroo baay’ee gadi hinbaaneef suuraa kallachaa argachuu hin dandeenye.

**Caaccuu:** Meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa keessatti iddoo guddaa qaban keessaa tokko Caaccuudha. Caaccuun akkuma Oromoo kamiiyyuu hawaasa Oromoo Aanaa Jiddaa biratti jaalatamaafi akka mallattoo hormaataatti fudhatama. Caaccuun kun gogaa looniifi elellee irraa kan hojjatamu ta'ee kunis, gogaa loonii sana qaqal'isanii babbaqaqsuun elellaa tarree galchuun itti dirama. Baay'inni gogaa qaqal'ifame kanaas sagal (9) yoo ta'u, sagal yaa'ii Booranaa kan agarsiisuufi akka guutuutti ilaalama. Elellaan tarree galee gogaa kana irratti diramu immoo naamusa wal duraa duuba yookiin dabaree adeemsa waan tokkoo ibsa. Obbo Abdiisaa Diilalleessaa (Caamsaa 26/2012)

Akkuma dhiirri kallacha godhatu Caaccuu immoo kan godhatu dubartiidha. Akka maanguddoonni Aanaa Jiddaa himanitti caaccuun Oromoo biratti akka mallattoo hormaataatti waan fudhatamuuf caaccuu kana kan godhattu dubartii deessedha. Sababni isaa dubartiin deessee dhala qabdu akka eebbifamtuutti waan fudhatamtuuf dubartiin ijoollee qabdu caaccuu qabattee yoo nama eebbiste milkii qabdi; kan ilmoo dhabde illee daa'ima argachuu dandeessi jedhameetu fudhatama. Dhiirri caaccuu godhachuu hin danda'u. Akkasumas dubartiin kallacha hin godhattu. Sababni isaa ganamuma kallachi dhiiraaf, caaccuun dubartiif heerame. Kanaafuu caaccuun mallattoo kabajaa dubartootaa kan dubartiin hawaasa keessatti kabaja qabdu godhattu ta'ee isheenis haadha caaccuu jedhamti. Aadde Iftuu Siyyum fi Obbo Abdiisaa Diilalleessaa (Caamsaa 26/2012)

Akkuma meeshaalee ulfoo kaanii Caaccuunis jila waaqeffannaa garaa garaa keessatti kan dhimma itti bahamu yoo ta'u, kanneen keessaa:

**A. Wal dhabdee hiikuuf**

Hawaasa Jiddaa biratti caaccuun kabaja waan qabuuf namoonni yoo sababa adda addaan walitti bu'an haati caaccuu gidduu seennaan walitti bu'insi sun ni dhaabbata. Akkasumas hawaasni yeroo gosaan wal lolu caaccuufi kallacha baasanii kadhatu. Yeroo kana waraanni sun ni dhaabbata. Namni yookiin gareen caaccuu bahe sana cehee lolatti seene hin milkaa'u. Fakkeenyaaf akka Aanaa Jiddaatti lola Jiddaafi Hoborii gidduutti godhamee ture irratti osoo maanguddoonni caaccuufi kallachaan bahanii kadhachuu baatanii gaaga'ama guddaatu dhufa ture. Obbo Faxxanaa Birhaanuu (Caamsaa 27/2012)

**B. Dubartiin yoo dhala dhabde**

Oromoon waan hunda caala dhala namaatiif dursa kenna. Dhala qabaachuu akka eebbaafi badhaadhina guddaatti ilaala. Dhala dhabuu immoo akka abaarsaafi deegaatti ilaala. Yoo dhala dhabe caaccuufi kallacha baasee waaqa ofii kadhata. Dubartiin ijoollee qabdu caaccuu baastee waaqatti boochee akka isheen dhala dhabdes argattu kadhattiif.

Ilooyye yaa ililooyyewoo
Anaaf kennitee dhabduufis kenni
Jetti maaram yaa ililooyyewoo

Jechuun bifa faaruutiin waaqa kadhatti. Kan dhala dhabde sunis caaccuu sana dhungattee gateettii irra kaawwattee waaqa isheetti boochee kadhatti. Sana booda ilmoo argachuu dandeessi. Aadde Baqqalachi Hillikuu (Caamsaa 28/2012)

**C. Bokkaan yoo roobuu dide**

Yoo Arfaasaan yeroo isaa eeggatee roobuu dide Oromoon Jiddaa akkuma Oromoo naannoo biroo ulfaalee amantii waaqeffannaa qabatee Tulluutti yookiin abdaariitti bahuun waaqa rooba kadhata. Dubartoonni Aanaa Jiddaas yeroo caamni dheerate caaccuu, Siinqeefi marga jiidhaa qabattee yoo uumaa ishee kadhatte bokkaan ni rooba. Kanaaf caaccuun meeshaa ulfoo Oromoota Jiddaa biratti iddoo guddaa qabudha.

**D. Sirna Irreechaa irratti**

Caaccuun akkuma Irrecha Tulluu irratti yeroo bahan qabatanii waaqa kadhachuuf fayyadu Irreecha Birraa irrattis jila irreechaa sana irratti meeshaalee ulfoo biroo waliin qabatanii Malkaa bu’uun kan darbeef galateeffachuufi kan dhufuuf immoo imaanaa waaqa irra kaawwachuuf ni fayyada. Aadde Asteer Ballaxaa (Caamsaa 27/2012)

**E. Sirna Ateetee irratti**

Caaccuun meeshaa mallattoo hormaataati. Ateeteenis ayyaana hormaataati. Kanaafuu caaccuun sirna ateetee keessatti iddoo guddaa qaba. Jala bultii sirnichaa irraa eegalee haati ateetee caaccuu ishee lafa hin keessu. Guyyaa sirnichaas caaccuu ishee gateetti irra godhattee diriirfattee teessee facaafatti. Ganamas kaatee haadha facaaftuu ishee waliin caaccuu ishee gaeettiidhuma irra buufattee siinqee, marga jiidhaafi elemtuu ishee qabattee malkaa buutee irreeffachuun isa darbeef galata; saddeetaan na gahi jettee waaqa kadhachuun elemtuutti bishaan waraabbatanii

galanii bishaanicha aannan waliin horii irratti dhibaafatanii eebbisu. Kunis, horiin sun akka horaniifi ngeenya qe'ee eeguu keessatti gahee guddaa qaba. Kanaaf caaccuun mallattoo hormaataafi nageenyaa ayyaana ateetee kan hormaataafi nageenyaa keessatti murteessaa ta'edha. Aadde Maartaa Galataafi Aadde Iftuu Siyyum (Caamsaa 27 fi 29/2012)

**F. Ayyaana Gubaa (Ifaanoo) irratti**

Caaccuun ayyaana Gubaa (Ifaanoo) keessatti qooda qabaachuu maanguddoonni Jiddaa ni dubbatu. Guyyaa ayyaana Gubaa galgala yeroo ibsaan manaa bahu haati manaa (haati ateetee) caaccuu, elemtuu, Leemmatiifi kkf golaa gadi baastee abbaan manaa yeroo ibsaa gadi baasu ibsaa sana ittiin tuqee waaqa kadhatee bakka gubaa deema. Guyyaa dhibaayyuus haati ateetee caaccuu ishee gateettii irra godhattee mijuu dhibaayyuuf qopheeffatte waliin fudhattee abdaariitti baati. Sana booda maatiifi ollaa waliin caaccuufi meeshaalee ulfoo biroo qabatanii waaqa dukkana gannaa isaan baase galateeffatanii, birraan birraa nagayaa akka isaaniif ta'u kadhatanii abdaarii ofiitti dhibaafatanii dhangaa qabatanii dhaqan nyaatanii dhuganii galu. Kun immoo caaccuun ayyaana gubaa irratti gahee qabaachuu mul'sa. Aadde Maartaa Galataa (27/2012)

Yeroo baay'ee kallachiifi caaccuun sirnoota wal fakkaataa irratti walafaana argamuu danada'u. Sababni isaa dhiirri kallacha qabatee gaafa bahu, dubartiin immoo caaccuu qabattee baati. Kunimmoo milkaa'ina sirnichaas ta'ee rakkoo uumame furuuf lamaan namaa (dhiiraafi dubartiin yoo waliin argaman malee guutuu hin ta'u jedhamee waan dhugeeffatamuuf dha. Kallachiifi caaccuunis Oromoo biratti akka lamaan namaa sana; wal malee guutuu hin ta'an. Kanaaf Caaccuun sirnuma kam irraattiyyuu yoo bahe rakkoo hin qabu. Garuu sababa malee hin bahu.

Haa ta'u malee Oromoon Salaalee sababa dhiibbaa amantaalee alaa dhufanii keessumaayyuu amantaa kiristaanaatiin ulfaalee amantaa waaqeffannaa dabalatee meeshaalee aadaa Oromoo akka waan boodatti hafaafi gatii hin qabneetti ilaaluu eegele. “Waan seexanaati” ittiin jedhanii hawaasa keenya gowwoomsanii kaan gatii xiqqaan irraa bitanii kaan immoo gachisiisan. Caaccuun dubartiin Jiddaa sirnoota adda addaa irratti itti fayyadamaa turtes akka kanaan hawaasa keessaa dhabamaa dhufe. Garuu yeroo ammaa kanas maaguddoonni ilmaan ofiitiif dabarsanii sirnoota akka ateeteefi Irreechaa irratti akkasumas yoo rakkoon hawaasa mudate caaccuu kallacha waliin baasuun itti fayyadamaa jiru.

Warri ayyaantuus galma ofii keessattiifi yeroo ayyaana kamiiyyuu caaccuu ayyaana qajeelfachuuf itti fayyadamaa jiru. Aadde Maartaa Galataafi Obbo Ballaxaa Hayiluu (Caamsaa 27/**2012)**



**Suuraa 8ffaa Suuraa Caaccuu**

**Siinqee:** Siinqeen meeshaalee Oromoo biratti kabaja qaban keessaa tokko ta’ee mallattoo kabajaafi aangoo dubartootaati. Siinqeen akka mallatoo nageenyaafi hormaataattis kan fudhatamuudha. Bakka siinqeen jiru jaalalaafi nageenyatu jira. Kanaaf siinqeen araara jedhama. Namoota wal lolaa jiran yookiin waraana gaggeeffamaa jiru gidduu dubartiin siinqee qabattee seennaan lolli yookiin waraanni sun battalumatti dhaabbata. Siinqee tarkaanfatanii lola itti fufnaan badii guddaatu uumama.

Siinqeen kan tolfamu muka Arooressaa sorooroofi kan ija hin qabne irraati. Siinqeen muka qal’inni isaa mataa hanga gadiitti wal qixa ta’e irraa muramuun quncifamee hanga diimatutti qaqaa keessa tursiifama. Dheerinni ulee siinqee dheerina dubartii siinqee sana qabattuutiin wal qixa ta’uu qaba. Siinqee kan qabatu dubartii yoo ta’u, dhiirri yookiin durbi qarree qabachuu hin dandeessu. Akka Oromoo Jiddaatti haati guyyaa cidha ishee murtee intala isheetiif kenniti. Kunimmoo intalli sun guyyaa siinqee kennameef sana irraa eegaltee tarree dubartootaatti waamamuu ishee agarsiisa. Isheenis dubartii kabajaa taatee sirnoota adda addaa irratti siinqee

ofii qabattee hirmaatti. Kanaaf siinqeen meeshaa ulfoo dubartiin ulfoon qabattudha. Aadde Baqqalachi Hillikuu (Caamsaa 28/2012)

Akkuma meeshaalee ulfoo kaanii siinqeenis mallattoo kabaja dubartootaa ta'uu bira darbee sirnoota garaa garaa irratti argamuun faayidaa adda addaa kennuuf oola. Kanneen keessa:

**A. Wal dhabdee furuuf**

Gaheen siinqeen waldabbii furuu keessatti qabu sadarkaa maatii irraa eegalee hanga biyyaatti ta'uu danda'a. Kunis abbaa manaafi haati manaa yoo wal dhaban dubartoonni siinqee qabatanii wal dhabdee sana furuu danda'u. Kana malees namoonni lamaafi sanaa ol wal lolaa jiru yoo ta'e haati siinqee (dubartiin) siinqee qabattee gidduu seentee wal dhabbii sana dhaabsisuu bira dabartee namoota wal lolan sana araarsitee deemuu dandeessi. Akkasumas namoonni wal lolanii lubbuun namaa yoo darbe yookiin qaamni akka ijaa, ilkaaniifi kkf yoo hir'ate akka namni gadoo bahuuf wal hin eegganne qaamni miidhe akka gumaa baasu taasifama. Haa ta'u malee warri namni jalaa miidhame araara sana diduu mala. Yeroo kana Abbaan kallachaa, Abbaan Bokkuufi Haati Siinqee meeshaalee ulfoo isaanii qabatanii gumaa sana fixuu danda'u. Kanaaf siinqeen yakka killeefi yakka killichaa fixuu danda'a jechuudha.

**B. Heerri uumaa yoo dabe soroorsuuf**

Gocha dhalli namaa raawwatu irraa hawaasa keessatti rakkoowwan adda addaa uumamuu danda'u. Rakkoowwan kunniinis sadarkaa maatiitti yookiin biyyaatti ta'uu mala. Bokkaan roobuu dida, horiin horuu dida, waraanaafi beelatu hammaata, daa'imni dhalachuu yookiin guddachuu diddi, dhukkubatu biyya weerara. Yeroo kana Oromoon, keessumaayyuu waaqeffattoonni heera uumaatu dabe jedhee waan amanuuf waa beekaa deema, hayyuufi ayyaantuu gaafata. Ayyaantuun (beekaan) akka waaqa kadhataniifi faloo godhatan gorsa. Sana booda maatiin yookiin biyyi rakkoon kun mudate maanguddootafi hayyoota akkasumas, ayyaantuun bahuun dubartiin siinqee qabattee dhiironni Bokkuufi kallacha marga jiidhaa waliin qabatanii malkaafi tulluutti bahanii waan hayyuun biyyaa jedhe qopheessnii faloo godhatu. Sana booda waaqnis ni araaramaaf. Biyyis nagaa taati. Kanaafuu Siinqeen waaqeffattoota biratti meeshaa ulfoo uumaafi uumama walitti araarsu jedhamee waan fudhatamuuf kabaja guddaa qaba Garuu waaqa jedhamee itti hin amanamu. Obbo Milkeessaa Dhaadhii (Caamsaa 27/2012)

### C. Sirna Irreechaa irratti

Siinqeen sirna irreechaa keessatti iddoo guddaa qaba. Irreechi ayyaana galata waaqaaf galchuufi kadhannaa waan ta'eef siinqeenis sirna galataafi kadhannaa kana qajeelchuu keessatti gahee olaanaa qaba. Kunis Irreecha Birraas ta'ee Irreecha Arfaasaa irratti haati siinqee siinqee ishee caaccuu waliin qabachuun, Abbaan Bokkuufi Abbaan Kallachaa Bokkuufi Kallacha qabatanii malkaafi tulluutti akkasumas abdaariitti bahanii kan darbeef waaqa galateeffatanii kan dhufuuf immoo imaanaa irra keewwatanii galu. Kun immoo waan hawwan akka milkaa'an taasisa. Hamtuunis biyya hin argatu.

### D. Sirna Ateetee irratti

Ateeteen ayyaana hormaataafi dubartiiti. Siinqeenis mallattoo nageenyaa, hormaataafi mirga dubartii kabachiisuuf qabatamudha. Kanaaf akka Aanaa Jiddaatti dubartiin gaafa ateetee facaafattu raawwilee sirna ateetee hunda keessatti jechuun daakuu naqachuu irraa hanga guyyaa xumuraa malkaa buutee irreeffachuun Elemtuutti bishaan waraabbattee deebitee aanan waliin dugda horii irratti dhibaafachuun horii eebbistuutti siinqeen harkaa hin bu'u. Kunimmoo ayyaanni dubartii meeshaa ulfoo dubartoonni qabatan kanaan dabaalamee kan kabajamu ta'uu ibsa. Kanaaf siinqeen meeshaa aadaa amantii waaqeffannaafi sirna ateetee keessatti iddoo guddaa qabudha.

### E. Sirna Fuudhaafi Heerumaa irratti

Meeshaalee ulfoo keessaa siinqeen sirna fuudhaafi heerumaa qajeelchuu irrattis qooda qaba. Akka Oromoo Jiddaatti dur irraa kaasee sirna fuudhaafii heerumaa keessatti siinqeen safuu guddaa kan qabuufi haala adda addaa keessatti kan fayyadaa turedha. Fakkeenyaaf sirna fuudhaafi heerumaa kaadhimannaa keessatti haati intalli ishee yeroo kaadhimamte irraa kaastee siinqee murtee qooxii gubbaa tursiisuun guyyaa cidhaa intala isheef kennitee ittiin mana isheetti galatti. Kana booda intalittiin haadha manaa taate jechuudha.

Siinqeen gosa fuudhaafi heerumaa aseennaa keessattis kan fayyadu yoo ta'u, intalli aseennaa dhaqxu siinqee qabattee mana gurbaa itti heerumuu barbaaddee sana dhaqxi. Sana booda siinqee qabattee dhaqxe sana iddoo ciisa gurbaatti hirkiftee teessi. Siinqeen kabaja qaba waan ta'eef gurbaas ta'ee maatiin gurbaa intala siinqee qabattee aseennaa dhaqxe sana mana sanaa baasuu hin danda'an. Intalli sun siinqee sanaaf kabajamti. Maatiin gurbaas warra intalaatti jaarsa erguun

waanti barbaachisu hundi xumuramee gurbaafi intalli aseennaa dhaqxe maatii ta’u. Walumaa galatti siinqeen sirna bultii ijaarrachuu keessatti gahee olaanaa qaba. Haa ta’u malee akka durii osoo hin ta’iin yeroo ammaa kana shamarran hin heerumiin illee siinqee kana akka mallattoo nageenyaatti yookiin akka kabaja dubartii agarsiisutti osoo hin ta’iin akka faaya wayiitti ilaaluun yeroo mukuma argan irraa tolfatanii sirnoota adda addaa irratti qabatanii deeman ni mul’ata. Kunimmoo ulfina siinqeen qabu hir’isuu danda’a. Aadde Asteer Ballaxaafi Aadde Iftuu Siyyum (Caamsaa 27 fi 29/2012)



***Suuraa 10ffaa Suuraa Siinqee***

**Bokkuu:** Akka odeessi afoola maanguddoota Jiddaa ibsutti Bokkuun meeshaalee ulfoo Oromoo biratti kabaja guddaa qabu ta’ee, meeshaan kun adeemsa sirna bulchiinsaa keessatti akka mallattoo aangootti ilaalama. Akka Oromoo Jiddaatti immoo mallattoo aangoo qofa osoo hin ta’iin sirna waaqeffannaa keessattis gahee olaanaa qaba. Hordoftoonni amantii waaqeffannaa bokkuu dirree isaaniitiin qajeelfamu.

Bokkuun jalqabaa akkuma kallachaa bakakkaa waliin waaqaa bu’e jedhama. Adeemsa keessa meeshaan ulfoo kun muka akka Waddeessaa, Arooressaa yookiin muka biroo irraa tolfamuu eegale. Kunimmoo sirna bokkuu magarfachuu jedhama. Garuu muka sorooroofi cimaa irraa kan

tolfamuufi dheerinni isaa dhundhuma tokko kan hin caalledha. Mataan isaa boca qaama saala dhiiraa kan fakkaatuufi jalli isaa immoo akkuma Horooroo dhanquu qabaachuu yookiin dhiisuu danda'a. Bokkuun Horooroo irraa kan ittiin adda ta'u hanga horooroo kan hin dheeranne ta'uufi akka meeshaa faayaatti osoo hin taane akka mallattoo aangoofi nageenyaatti ilaalamuu isaati.

Bokkuu namni hundi hin qabatu. Bokkuu kan qabatu Abbaa Gadaa qofa. Kunis gaggeessaa biyyaa ta'uu isaa kan mul'isudha. Abbaan Gadaa nama safuu waaqaafi lafaa eege akkasumas nama dhala namaa hundaaf ilaalcha wal fakkaataa qabudha. Bokkuus kan qabatu nama harki isaa qulqulluuti. Kanaaf waaqa yoo kadhate waaqni ni dhaga'aaf. Kanaaf Abbaan Bokkuus Bokkuu qabatee waaqa kadhatee heera uumaa dabe qajeelcha. Akka Oromootti Bokkuu kan qabatu dhiira gaheessa afurtama abbaa isaa gahedha. Kana jechuun dubartiin yookiin ijoolleen bokkuu hin qabattu jechuudha. Obbo Asaamminoofi Obbo Abdiisaa Diilalleessaa (Caamsaa 26/2012)

Bokkuun kunis, mallattoo aangoo ta'uu bira darbee Oromoo biratti faayidaa adda addaa qaba. Keessumaayyuu akka Aanaa Jiddaatti Bokkuun Oromoo Jiddaa biratti kan fayyadu:

**I. Wal dhabdee furuu**

Bokkuun ulfaadha. Ulfaan immoo kabaja qaba. Kanaaf hawaasni Bokkuu sana jalatti bulu waan Abbaan Bokkuu jedhe bira darbuu hin danda'u. Kanaaf hawaasa gidduutti yookiin namoota gidduutti walitti bu'insi yoo uumamee miidhaan qaqqabe jechuun yoo lubbuun darbe yookiin qaamni hir'ate jaarsummaan araarsuuf yoo warri namni irraa miidhame dide Bokkuudhaan qabu. Yeroo kana warri namni irraa miidhame sun diduu hin danda'u. Yoo didan ni abaaramu. Hawaasni qoqqobbii irratti godha. Waan abbaa Bokkuu qaxxaamuranii abaaramaniif hin milkaa'an. Bokkuun eebbisnaan milkii malee gufuun isaan hin rukutu. Kanaaf hawaasni Jiddaa namni Bokkuun eebbise fulla'aadha; namni Bokkuun abaare dhumni isaa badiidha" jadha. Walumaa galatti gaheen Bokkuun wal dhabdee furuu keessatti qabu olaanaadha.

**II. Dheekkamsa Waaqaa araarsuuf**

Amantiin waaqeffannaa heera waaqaa eeganii ittiin bobba'anii galuudha. Heera uumaatiin qajeelfamuudha. Haa ta'u malee yeroon dhalli namaa heera uumaatti bu'ee miidhamu ni argina. Yeroo malkaan cufamu, Tulluun qotamu Bosonni gubamu, namni dhiiga wal dhangalaasu, dirreen ulfina dhabdu waaqni dhala namaatti dallanuu danda'a. Roobni roobuu dida; horiin horuu didu, daa'imni dhalattee guddachuu diddi, sa'aafi namni quufuu dhaba, walii galtee dhaba. Kun

immoo dheekkansa waaqaati. Rakkoo uumame kana furuuf Abbootiin Gadaa, Qaalluun, Hayyuun wal gahuun Bokkuu, Kallachaafi ulfoowwan Oromoo baasuun malkaafi tulluutti bahanii faloo godhachuun waaqa kadhatu.Yoo rooba kadhatan ni roobaaf.

Waan kadhatan hunda ni argatu. Yeroo kana waaqni nuuf araarame jedhanii akka dhaloonni kana booda heera uumaatti hin buune Abbaan Gadaa lallabee uummanni heera kanaan qajeelfama. Kanaaf Bokkuun heera dabe soroorsuu keessatti bakka olaanaa qaba.

Walumaa galatti Bokkuun namaafi nama yookiin hawaasa wal dhabe ni araarsa; Heera uumaa jallate ni soroorsa Gadaa dabe ni qajeelcha; Qaalluufi Ayyaantuu akkasumas ayyaantummaa dirree ni tiksa amantiin waaqeffannaa ittiin qajeelfama. Haa ta'u malee akka durii ta'uu baatus yeroo har'aa kanas akka Aanaa Jiddaatti hawaasni naannichaa sirnoota garaa garaa kanneen akka sirna Gumaa, Irreechaa, Wadaajaa, fi kkf irratti Bokkuu baasuun ittiin wal qajeelchaa jira.

Obbo Abarraa Maammoo (Waxabajjii 03/2012)



**Suuraa 5ffaa-----------------------------Bokkuu**

**Horooroo:** Horooroon meeshaalee ulfoo keessaa isa tokko ta'ee akkuma Bokkuu akka mallattoo aangootti kan gargaaruufi meeshaa faayaattis ni tajaajila. Horooroo gateettii irratti hikifatanii deemu malee hin dhadhaabbatamu jedhama. Horooroon muka Arooressaa yookiin Waddeessaa yookiin immoo muka biroo irraa tolfamuu ni danda'a. Akkuma Bokkuu mukkeen jajjaboofi mukkeen uumamaa irraa namoota ogummaa harkaa qabaniin hojjatama. Horooroon akkuma Bokkuu mataan isaa boca qaama dhiiraatiin kan hojjatamu yoo ta'u, kunis oogganaan maatii abbaa manaa ta'uu yookiin hooggansi sirna Gadaa dhiira ta'uu kan ibsudha. Akkasumas jalli isaa

baqaqsaa yookiin uraa yoo ta'u inni immoo qaama saalaa dubartiitti fakkeeffama. Kunimmoo dubartii kan bakka bu'u yoo ta'u, sirna Gadaas ta'ee amantii waaqeffannaa keessatti wal qixxummaa dhiiraafi dubartii kan ibsudha.

Horooroo kan qabatu dhiira qofa yoo ta'u, akka Bokkuu umriin daangessuu dhiisuu mala. Sababni isaa Horooroon akkuma mallattoo aangoo ta'e faayaaf illee qabatamuu waan danda'uuf Abbaan Bokkuu bakka Bokkuu Horooroo kana qabachuu danda'a. Kan Abbaan Gadaa yookiin namoonni bultii ijaarratan qabatan jalli isaa baqaqsaa yookiin kaarruu yoo ta;u, kan dargaggoonni qabatan immoo kaarruu osoo hin ta'iin jalli isaa qaawa kan ta'edha. Kunis namni Horooroo sana qabatu kan bultii hin dhaabbanne (Qeerroo) ta'uu agarsiisa. Horooroon akka Bokkuutti gargaaruu ni danda'a. Garuu Bokkuu akka Horoorootti namoonni kaan qabachuu hin danda'ani.

Horooroon akkuma Bokkuu sirnoota akka Gumaa araarsuu, Irreechaa Ateetee, sirna waaqeffannaa garaa garaafi kkf irratti dhimma itti bahamuu ni danda'ama. Kunis akka meeshaa ulfootti yookiin akka meeshaa faayaatti ta'uu danda'a. Haa ta'u malee, callifameetuma bakka argetti kan qabatamu osoo hin ta'iin jila adda addaa irratti dhimma itti bahama. Garuu yeroo ammaa kana namoonni akkuma ulee salphaa wayiitti ilaaluun yeroo dhadhaabbatanii deeman mul'ata. Obbo Abdiisaa Diilalleessaa (Caansaa 26/2012)



***Suuraa 11ffaa Suuraa Horooroo***

**Okolee (Elemtuu):** Elemtuun meeshaa aadaa aannan horii itti elmamuufi kabaja qabudha. Oromoon akkuma looniif kabaja qabu meeshaalee dhangaan bu’aa looniitiin wal qabatu itti qophaa’uufi itti nyaatamu yookiin itti dhugamuuf kabaja kenna. Kanaaf Okolee (Elemtuun) sirnoota waaqeffannaafi ayyaanota waaqeffattoonni kabajan heddu keessatti dhimma itti bahama.

Elemtuun kan hojjatamu migira yookiin cuqorsa irraa akkasumas buqqee akka salphaatti dhiqamee qulqullaa’uufi yeroo qoraafamus foolii qoraasuumaa waan ofiitti qabatuuf buqqee irra ni hojjatama. Naannoo qorqnnoon kun irratti xiyyeeffatetti okolee migira yookiin buqqee irraa hojjatame kanatti helellaa toora galchanii diruun miidhaksanii kan hojjatanis jiru. Hawaasni Jiddaa okolee bira safuu ittiin darban qabaachuus akkas jedhanii himu, “okolee tajaajilaaf bahe irra hin tarkaanfatan, hamma okoleen bahe ol deebi‵‵uutti eegu”. Akkasumas, nama sa’a elmaa jiru bira gahan “okoleen isin haa baatu;horaa”jedha. Dubartiin sa’a jala okolee baattee elmaa jirtus hamma sa’a jalaa ol deebitutti nama waliin hin dudubbattu. Erga okolee lafa keessee galata Waaqaaf galfattee dubbatti jechuun kabajaafi safuu okoleen kun aadaa hawaasichaa keessatti qabu ibsu.

Okoleen sirnoota garaa garaa irratti kan fayyadu yoo ta’u, taajaajilli okoleen qabu:

Elemtuun sirna ateetee facaafachuu keessatti gahee qaba. Kunis guyyaa ateetee bulfatan haati ateetee ganamaan kaatee hokoleetti horii elmitee hanga dubartoonni dhufanitti eegdi. Kana booda erga dubartoonni dhufanii aannan sana diinqa isheefi karra mooraa looniitti dhibaafachuun “kan baranaan na geessee saddeeta dhufuun na ga’i; sa’aa fi maatii koo naaf eegi” jettee waaqa kadhatti. Aannan erga keessaa dhumeen booda marqatu itti naqama. Qadaada hokolee sanaatti immoo dhadhaa itti qabsiisuun erga facaafataniin booda muuddatu. Marqichas eebbifatanii nyaatu.

Marqaan elemtuutti naqamu sun marqaa Okolee jedhama. Ganama haati ateetee facaaftuu ishee waliin marga jiidhaa, siinqeefi hokolee qabattee laga bu’uun hora bishaanii okoleetti naqachuun horii mooraa looniitti ol galchanii marga jiidhaa (coqorsaan) okolee keessaa cuuphachaa aannan waliin itti facaasuun horii eebbisti.

Akka himamsi afaanii maanguddoota Jiddaa ibsutti Okoleen sirna Irreechaa irrattis kan tajaajilu yoo ta’u, irreecha arfaasaas ta’ee irreecha birraa irratti haati siinqee siinqee waliin okolee qabattee malkaa yookiin tulluutti baatee irreeffatti. Dabalataanis yeroo cidhaa haati intala ishee

okoleetti dhangaa naqxee heerumsiifti. Okolee sanas siinqee waliin akka isheen ijoolleefi horiillee hortu eebbistee kennitiif. Isheenis erga mana godhatteen booda okolee sanatti elmatti.

Kanaan ala elemtuun sirna fuudhaafi heerumaa keessattis faayidaan inni qabu huddedha. Keessumaayyuu akka Oromoo Jiddaatti intalli gaafa heerumtu qadaada elemtuu kanaatti dhadhaa godhanii haati misirrittii achi keessaa misirroota dhadhaa muuddi. “Sa’aa nama waliin horaa; qe’een keessan haa jiidhu; aannaniifi garaa ta’aa” jettee eebbisti. Kana malees dhangaa qopheessitee elemtuu sanatti naqxee intalli fudhattee heerumti. Haa ta’u malee yeroo ammaa kana ilaalchi namoonni meeshaa kanaaf qaban akka durii osoo hin taane laafaa dhufeera. Ta’us hawaasa baadiyyaa biratti kabajni elemtuun sirnoota garaa garaa keessatti qabu akkuma kaleessaati. Aadde Galaanee Jimaafi Aadde Iftuu Siyyum (Caamsaa 29/2012)



***Suuraa 12ffaa Suuraa Elemtuu***

**Ciicoo ( Qabee dhangaa):** Ciicoon meeshaa aadaa oromoo keessaa tokko ta’ee meeshaa aannan ittiin dhugamudha. Kana malees yeroo sirna muudaa dubartoonni dhadhaa itti qabatanii deemu. Dabalataanis ciicoon akka meeshaa faayaatti qabatamee deememuu danda’a. Waaqeffattoota biratti ciicoon akka ruudaatti ilaalamti. Kana irraa ka’uun yeroo waaqa kadhatan “Waaqa alangee dheertuu ciicoo gurraattii” jedhu. Ciicoo gurraatti yoo jedhamu dachiifi samii gidduu (ruuda)

jechuudha. Akkuma dubartiin tokko ciicootti waan tokko qabdee deemtu waaqnis ruuda kana keessatti uumama hunda qabee jiraachisa jedhamee fudhatama.

Ciicoon kan hojjatamu migira qofa irraa yookiin migiraafi buqqee irraa yoo ta'u teepha qaqal'isanii itti diruun yookiin immoo callee halluu adda addaa toora galchanii itti diranii haadholiin siinqee waliin qabatanii bakka sirna garaa garaa deemu. Keessumaayyuu yeroo sirna irreechaa, jila Gadaafi cidhaa dubartoonni ciicoo qabatanii deemu. Sababni inni qabatamuufis waaqa kadhachuuf, akkasumas faayaaf ta'uu danda'a. Yeroo ammaa kana garuu shamarran akka faayaatti itti fayyadamu. Aadde Astee Ballaxaa (Caamsaa 27/2012)



***Suuraa 13ffaa Suuraa Ciicoo***

**Alangee:** Alangeen Oromoo biratti akka lamatti ilaalama. Isaanis kan sirna Oromoo keessatti akka meeshaa ulfootti ilaalamuufi kan fardaan yaabbatan yookiin kan faayaaf qabatamudha. Amma kan irratti xiyyeeffatame Alangee akka meeshaa ulfootti dhimma itti bahamudha. Alangeen Oromoon akka meeshaa ulfootti itti fayyadamu dhanquu lama kan qabuufi mallattoo aangoofi murtii heeraati. Danquu alangee kanaa Booranaafi Baaruntuu kan bakka bu'u ta'uu maanguddoonni Jiddaa ni dubbatu. Alangeen murtii yeroo hunda ol hin ka'u. Itiin farda hin yaabbatan yookiin itiin waa hin rukutan. Alangee murtii heeraa kanaan namas ta'ee waanta biroo rukunnaan abbaa irrummaa agarsiisa jedhamee fudhatama.

Alangeen kun kan tolfamu qabannaan isaa muka waddeessaa yookiin Ejersaa sorooroo ta'e irraa yoo ta'u, mataan isaa gogaa Gafarsaa yookiin Roobii yookiin immoo gogaa loonii irraas ta'uu mala. Tajaajilli alangees, sirna Gadaa keessatti yeroo murtii heeraa murtii kenname mirkaneessuf kan ooludha. Kana malees tumaafi hooda hiikuu akkasumas, sirni baallii walirraa fuudhinsa Gadaa keessattis alangeen ala hingaggeeffamu. Sirna kana keessatti alangee kan qabatu Abbaa Alangee fi Abbaan Gadaas qabachuu danda'a.

Dabalataanis akka naannoo kanaatti yeroo sirna fuudhaafi heerumaa keessatti gatiin durbaa

(gabbarri) warri gurbaa warra intalaatiif kennamu yoo garmalee dabale hayyoonnifi Abbootiin gadaa meeshaalee aadaa baasanii heera tumuun waan fooyya'uu qabu fooyyessuun tumaa heeraa kana alangee lafaan rukutuun mirkaneessu. Yeroo cidhaa dubartiin okolee waliin alangee qabachuun keessumaayyuu haati intalaa intala ishee balbala baasuu dandeess. Kunimmoo murtii Gadaa sana mirkaneessuudha. Obbo Faxxanaa Birhaanuu (Caamsaa 27/2012)



***Suuraa 14ffaa Suuraa Alangee***

**Qorii:** Qoriin meeshaalee aadaa Amantii waaqeffannaa keessatti dhimma itti Bahaman keessaa tokko ta'ee meeshaan kun sirna ateetee keessatti buna qalaan erga qophaa'een booda itti naqamee kan keessaa nyaatamudha. Kana malees, Qoriin guddaan meeshaa dhangaan akka maraqaa itti nyaatamudha. Qoriin meeshaa faayaatiin wal qabata malee akka meeshaa ulfootti hin ilaalamu. Qoriin kan hojjatamu muka salphaatti hin nyaatamneefi hin baqaqne kan akka adaamii yookiin immoo waddeessaa irraa akkasumas suphee irraallee hojjatamuu danda'a. Faayidaan Qorii sirna ateetee keessatti qofa osoo hin ta'iin sirna kam irrattiyyuu haa ta'uu buna qalaan qophoofnaan qoriitti nyaatama. Meeshaan aadaa Qorii jedhamu kun yeroo ammaa mana namoota sirna ateetee kabajaniifi goda hambaalee tokko tokko keessatti malee meeshaalee ammayyaatiin bakka buufamanii jiru. Warrumti Sirna ateetee kabajachaa jiran iyyuu iddoo tokko tokkotti yeroo buqqee fa'aa muranii akka qoriitti itti fayyadaman ni mul'atu. Kunimmoo meeshaan kun akka badaa deemuuf sababa ta'uu danda'a. Aadde Galaanee Jimaa (Caamsaa 29/2012)



***Suuraa 15ffaa Suuraa Qorii***

**Araddoo (Onkolaa):** Onkolli meeshaa aadaa sirna fuudhaati heerumaa keessatti fayyadudha. Meeshaan kun buqqee hadhooftuu irraa kan tolfamu ta'ee sirna mijuutiif kan ooldhudha. Keessumaayyuu sirna fuudhaafi heerumaa kaadhimannaa keessatti akka Aanaa Jiddaatti erga warri misirrichaa waan isaanirraa eegemu hunda raawwataniin booda gama warra misirrittiitiin sirna mijuu guutuutu raawwata. Sirna kana kan raawwatu abbaa misirrittii yoo ta'u, innis misirroonni lamaan erga wal gahaniin booa eebbisuun mijuu guutee kennaaf. Mijuun kunis damma yookiin aannan ta'uu danda'a. Mijuun kunis meeshaa Onkolaa jedhamu lamatti guutamuun abbaan misirrittii misirricha waamuun eebbisuun harka lamaanittii Onkolaa mijuun itti guutame sana kennaaf. Misirrichis kan harka mirgaa ofii hambifatee kan harka bitaa misirrittiif kennuun walirraa fuudhanii dhugu. Kana jechuun mijuu tokko erga waliin unataniin booda walitti dabalaman (tokko ta'an) jechuudha.

Erga misirroon lamaan mijuu tokko keessaa dhuganiin booda lamaanuu adda hin baha. Meeshaa mijuu (Onkolaa) sanas lamaanuu misirroonni fudhatanii galu. Kunimmoo akka Oromoo Jiddaatti hawwii misirroonni lamaan waliin akka jiraatan qabaachuu ibsa. Haa ta'u malee yeroo ammaa kana xiyyeeffannaa hawaasni sirna mijuu guutuufi meeshaa kanaaf qabu hir'achaa dhufuu irraan kan ka'e sirnumti mijuu guutuu kuniyyuu hafaa dhufeera. Yoo mijuun guutames meeshaalee ammayyaa kanneen akka burcuqqootiin bakka buufamaa dhufeera. Kunimmoo meeshaan Onkoolaa akka badaa deemuufi itti fayyadamni isaa akka waan boodatti hafaatti fudhatamaa dhufeera. Obbo Abarraa Maammoo (Waxabajjii 03/2012)



**Suuraa 16ffaa Suuraa Onkolaa**

**Callee** Calleen meeshaa ulfaa warri ayyaantuu Yookiin sirna ateetee irratti godhatamudha. Calleen akkuma Caaccuu Oromoon akka mallattoo hormaataatti sirnoota adda addaa irraarri kan itti gargaaramu yoo ta'u, wantoota akka geengoo bifa garaa garaa qabuufi lafa keessaa argamu yookiin harkaan hojjatamudha. Akka ilaalcha Oromootti bifti callee sirnoota adda addaa irratti tajaajiluu diimaa, gurraachaafi adii ta'uu qaba jedhu. Sababni isaa halluuwwan kunniin asxaa Gadaa waan ta'aniifdha. Sirniifi falaasamni Oromoo kamiyyuu immoo sirna Gadaatiin kan qajeelfamu waan ta'eefdha. Akka dhugeeffannaa hawaasa Oromootti gurraachi mallattoo uumaati yookiin icitiidha. Kanaaf, yeroo kadhatullee "Gurraacha gara garbaa, tokkicha maqaa dhibbaa" jedhee kadhata. Kunimmoo waaqni icitiifi kan gocha isaatiin malee ijaan hin mul'anne ta'uu ibsa. Halluu diimaan immoo dagaaginaafi ga'umsa yookaan dargaggooma agarsiisa. Halluu adiin immoo ulfina, kunis, umuriin jaaruu yookaan dulloomuu agarsisa. Akkasumas, halluu adiin manca'inas ni agarsiisa.

Callee kana immoo irra caalaa kan godhatu dubartoota waan ta'eef yeroo diramu boca ija Arbuutiin wal fakkeeffamee dirama. Kunimmoo hawwii hormaataafi badhaadhinaati. Yeroo callee kana mormatti yookiin addatti godhattu akka callee kanaa nu baay'isi jettee waaqa kadhatti. Aadde Galaanee Jimaa (Caamsaa 29/2012)

Kanan ala calleen meeshaalee akka ciicootti diramuun faayaafis kan ooludha. Innis akkuma isa mormatti yookiin addatti keewwatanii halluu gurraacha, diimaafi adiin wal keessa diramuun bifa miidhagaa ta'een ciicootti hodhamuun siinqee waliin qabatamuun sirnoota adda addaa irratti itti fayyadamu. Sirnoonni dubartoonni callee godhatanii hirmaatan kanneen akka:

### I. Sirna ateetee irratti

Calleen mallattoo hormaataa akkuma ta'e, ateeteenis ayyaana hormaataati. Kanaaf sirna ateetee keessatti colleen barbaachisaadha. Haati ataatee guyyaa ateetee bulfattu callee sirna kanaaf qopheeffatte jaaloo keessaa baastee hidhachuun waaqa ishee kadhachaa ateetee facaafatti. Calleen kunis yeroo sirna ateetee kana kan fayyaduufi akka meeshaa ulfootti kan tajaajiludha.


### II. Fuudhaafi heeruma irratti

Calleen sirna fuudhaafi heeumaa irratti intalli heerumtu akka meeshaa ulfootti yookiin akka faayaatti itti fayyadamuu dandeessi. Kunis hawwii ilmaan horuuf qabdu mul'isuuf callee boca arbuutiin dirame kana adda ishee irratti dirachuun akkasumas ciicoo calleen faayamte qabachuun

heerumuu dandeessi. Kana bira darbee aadaa hawaasa kanaatiin miidhagdee sirna kana gaggeeffachuu dandeessi. Dubartoonni (shamarran) sirna fuudhaafi heerumaa irratti hirmaatan kan godhataniif ittiin miidhaganii sirnicha miidhgsuuf godhatu. Kunimmoo calleen sirna fuudhaafi heerumaa keessatti akka ulfootti fudhatamuu akkasumas akka meeshaa faayaatti kan fayyadu ta'uu mul'isa.

**III. Sirna Irreechaa irratti**

Akkuma sirna fuudhaafi heerumaa Irreecha irrattis Calleen sirna kadhannaatiif yookiin faayaaf ni gargaara. Kunis dubartiin Oromoo Calleefi meeshaalee aadaa qabattee malkaa bu'uun yookiin tulluu bahuun waaqa ofii galateeffatti yookiin kadhatti. Kana keessatti Callee mallattoo hormaataa godhatanii (qabatanii) "nu horsiisi; nu badhaasi" jedhanii waaqa kadhatu. Karaa biraa immoo ittiin miidhaganii sirnicha miidhagsuuf gargaara. Kanaafuu calleen mallattoo hormaataafi faaya dubartoonni yookiin shamarran Oromoo qabatanii akkasumas, ittii miidhaganii irreecha irratti waaqa kadhataniifi galateeffatanidha. Abarraa Maammoo (Waxabajjii 03/2012)




***Suuraa 17^ffaa^ Suuraa Callee***

**Jaaloo:** Jaaloon meeshaalee sirna ateetee keessatti fadan keessaa tokko ta'ee meeshaa calleen ateetee keessa kaa'amudha. Jaaloon meeshaa boca golboo qabduufi migira yookiin caqorsa irraa kan hojjatamtudha. Jaaloo qadaada waan qabduuf calleen ateeteef qophaa'e akka hin harcaaneef kaassa naqanii olkaa'u. Guyyaa sirna ateetee haati ateetee jaaloo sana bantee marga jiidhaa kessa keesse erga eebbifatteen booda callee ishee mormatti godhattee ateetee facaafatti. Hanga sirni ateetee raawwatutti jaaloo sana qulqulleessanii kaa'uun gaafa sirni ateetee raawwate callee ateetee jaaloo sanatti deebisuun uccuun maranii hanga marsaan ateetee deebi'ee dhufutti

kaa’ama. Kanaafuu jaaloon ofii meeshaa ateetee ta’uu baattus meeshaa ulfoo ateeteef oolu waan baatuuf akkuma meeshaa kabajaatti ilaalama. Aadde Iftuu Siyyum (Caamsaa 29/2012)



**Suuraa 18ffaa Suuraa Jaaloo**

**Qabee dhadhaa (Dibduu):** Qabeen dibduu meeshaa aadaa sirna fuudhaafi heerumaa keessatti faayidaa qabudha. Dibduun bifa ciicootiin xiqqaatee migira yookiin buqqee irraa kan hojjatamuufi callee naannessanii itti raruun yookiin elellaa tarree galchnii itti diruun maadhagfamee kan hojjatamudha. Qabee dhadhaa (dibduu) kana haadhatu intala isheetiif hodha.

Tajaajilli dibduun aadaa hawaasa kanaa keessatti qabu hedduudha. Kanneen keessaa haati intala heerumsiiftu guyyaa cidhaa dhadhaan urgooftuu adda addaatiin makame itti naqxee tokkotti immoo urgooftuu garaa garaa qopheessitee naqxiif. Sana booda intalli dhadhaafi urgooftuu sana fudhattee heerumti. Warra gurbaattis dhadhaa sana namoota achi jiran hunda muuddi. Dhadhaa muuda sanarraa hafe immoo ofii isheetiif dibatti. Sababni haati intalaa dibduu dhadhaa qabate kennituuf inni jalqabaa qe’een warra dhirsaa intalaaf haaraa waan ta’eef akka mana haadhaa mataa na dibaa fuula na haxaa’aa jechuun waan ishee qaanessuuf, akka intalli ishee warra gurbaa biratti hin qaannoofneefi jiidha qabattee heerumuun akka milkiitti waan ilaalamuufdha.

Tajaajilli dibduu inni biraa, yeroo aadaa muudaa adda addaa jechuun ayyaana Gubaa, gaafa gurbaan fuudhaaf manaa bahu, gaafa Ateetee bulfatan, gaafa dubartiin deesse dhadhaa dibduun dhiyaate, keessaa harkaan qunxuraa wal muuduuf gargaara. Kanaafuu qabeen dhadhaa (dibduun) sirna fuudhaafi heerumaatiif qophaa’e sirnoota brootiif illee ni gargaara jechuudha.

Aadde Iftuu Siyyum (Caamsaa 29/2012)



**Suuraa 19ffaa Suuraa Dibduu**

**Buqqee biifaa:** Meeshaalee galma waaqeffannaa keessatti tajaajilan keessaa buqqeen biifaa isa tokkodha. Meeshaan kun irra caalaa yeroo sirna wadaajaa kan fayyadudha. Meeshaan kun kan hojjatamu buqqee, migira yookiin coqorsa irraa yoo ta'u, keessumaayyuu buqqee mudhiin isaa qal'atee mataan lamaan bal'atu irraati. Kana malees buqqee kana afaan isaa muruun migiraan yookiin cuqorasaan hodhuun buqqeen biifaa hojjatamuu danda'a.

Buqqeen biifaa kun yeroo baay'ee galma waaqeffannaafi galma ayyaantuutti kan itti fayyadamanidha. Meeshaan kun kan fayyadu eebbaaf yoo ta'u, aayyaantuun yookiin angafti yookiin immoo waayyuun galmaa yeroo ayyaana waggaa akkasumas guyyaa wadaajaa erga firri wal gaheen booda sirna daraaraa tufannaa raawwata. Daraaraa tufannaa jechuun angaftichi yookiin ayyaantichi damma itti tufuun dhaloota eebbisa. Sana booda sirnoonni ayyaanichaa sagantaa garaa garaatiin gaggeeffamaa bulee bariitus hanga gara waaree boodaatti itti fufa. Guyyaa lammaffaa firri wal argee sagantaan erga xumura irra gaheen booda wadaajni abbaan barbaade ni gala kan buluu barbaade bulee bariisaa galuun mirga isaati. Kanaaf warra galuu barbaade gaggeessuuf sagantaa biifaa dammaatu raawwata. Kanas kan raawwatu ayyaantuu gosaa yookiin waayyuu galmaa yookiin immoo angafa gosaati. Kan biifamus damma yookiin aannan ta'uu danda'a. Yeroo damma biifu *"akka damma kanaa walitti mi'aayaa; akka kanniisa damma kana oomishtee tokkummaa qabaadhaa* jedha. Yoo kan biifamu aannan ta'e *"akka aannan kanaa wal qabbaneessaa, aannaniifi garaa ta'aa"* jedheetu eebbisa. Aannan galma keessatti kan biifamu ciicoo yookiin elemtuu yookiin waancaadhaan yoo ta'u, dammi immoo buqqee biifaatiin biifama. Dammi yookiin aannan biifamu sun namoota ayyaana sana irratti

hirmaatan hunda bira gahuu qaba.Kanaaf buqqeen biifaa meeshaa sirna waaqeffannaa keessatti gahee olaanaa qabudha. Haa ta'u malee yeroo ammaa kana sababa dhiibbaa amantii alagaatiin sirni waaqeffannaas ta'ee meeshaaleen akka buqqee biifaa kun xiqqaachaa dhufeera. Obbo Milkeessaa Daadhii (Caamsaa 27/2012)



**Suuraa 19ffaa Buqqee (Waancaa) Biifaa**

**Gingilchaa** Gingilchaan meeshaa aadaa dubartoonni mana keessatti dhimma itti bahan ta'ee akkuma gundoo sirna fuudhaafi heerumaa keessatti akka meeshaa sirnaaf barbaachisuutti iallalama. Gingilchaan kunis meeshaa boca golboo qabuufi jalaan qaawa xixiqqoo daakuu midhaanii yaasu qabidha. Gingilchaan migiraan hodhamee gaafa intala keewwatan haati intalaa, itilleerra intala keewwatamtuufi hiriyaa ishee wajjiin teessiisuun biqila milkiif biqilchite gingilchaa gundoorra keessee fuuldura intalaa itilleerra keessi. Gingilchaan dhiyaate yeroo baa'ee haaraadha. Jarsooliin warra gurbaa buna duudaa fidanii dhufan gingilchaatti guutu. Jaarsooliin warra gurbaafi intalaa biqila milkii walharkaa fuudhanii ilaaluun milkiin qajeeltuu ta'uu mirkaneeffatu. Gurbaanis seera ayyoofi abbootiin irreessa ulmaayii of harkaa qabuun qarree intalaatti al-sadii aggamuun intala keewwata. Warri gurbaa intala ergatee yeroo warra intalaa dhaqan hunda buna qabatanii dhaqan gingilchaatti naqu.

Tajaajjila gingilchaa kan biraa mana warra ayyaantuutti akkasumas galma waaqeffannaa keessatti baalcha (waan irreessaa) gingilchaa migiraa dhiyaateerra kaa'u. Mana ayyaanaafi mana

eeker dubbistuutti waan irreessaa gingilchaarra kaa'uun kunis gingilchaan waa adda baasaa kan jedhutti fakkoomsuu oola. Mana warra ayyaantuufi galma waaqeffannaa keessatti hodhaan biro akka gingilchaafi qaawa hin qabne kan gingilchaa irreessaa (baalchaa) jedhamufi irratti balfatan ni jira. Meeshaan kun yeroo hunda marga jiidhaa irra kaa'anii irratti baalfachuu qofaaf kan ooludha.

Dabalataanis gaafa sirna ateetee facaafatanis tajaajilli gingilchaan qabu, haati ateetee marga jiidhaa (coqorsa) ittiin facaafattu gingilchaa irra kaawamee dhiyaataaf. Haati ateetees margicha gingilchaa irraa fudhattee ittiin facaafatti. Dhimmoota kanniin huda keessatti gundoonis gingilchaa biraa hin dhabamu. Kunimmoo kan ibsu gingilchaan meeshaa ittiin midhaan qulqulleessan waan ta'eef gaa'illi sun qulqulluufi milki qabeessa hiika jedhu qaba. Obbo Taaddasaa Farajaa (Caamsaa 26/2012)



***Suuraa 20ffaa Suuraa Gingilchaa***

**Gundoo:** Gundoon meeshaa diriiraa mana keessatti dubartoonni harkaan hodhuun itti fayyadamanidha. Gundoon mana keessatti itti fayyadamuu bira darbee akka meeshaa safuu qabuuttis ilaalamuu danda'a. Gundoon kan hojjatamu migira irraa yoo ta'u, Naannoo tokko tokkotti coqorsa irraas ni hodhama. Akka Oromoota Jiddaatti adeemsa sirna fuudhaafi heerumaa keessatti gundoon gahee qaba. Kunis warri gurbaa fuudhuu yeroo saddeeta warra intalaatti

deddeebi’an buna qabatanii dhaqan gundoofi gingilchaa irratti naqu. Kunimmoo akkuma mana keessatti hojiif gundoofi gingilchaan wal biraa hin dhabamne warri wal fuudhuuf deeman kunis wal biraa akka hin dhabamne hawwii qaban ibsachuuf gargaara.

Kana malees sirna fuudhaafi heeruma Oromoota Jiddaa keessatti intalli guyyaa cidhaa gundoo qabattaa heerumtu qabdi. Gundoon sunis gundoo waaddi jedhama. Faayidaan isaas gurbaan intala fuudhee yeroo galu hoolaa qaluun dhiiga irra ijjachiisee ol seensisa. Sana booda hoolaa qalame sana (hoolaa rakoo) foonisaa waadanii gundoo waaddii sanaan namoota man asana keessa jiran hundatti qabu. Hunduu gundoo sanarraa nyaataa jechuudha. Kunimmoo gurbaan fuudhe dirqama akka hoolaa rakoo sana qalu isa taasisa. Issheenis niitii rakoo taatee seera guutuu ishee kanaan mirkeeffatti. Kanaaf gundoon sirna fuudhaafi heerumaa keessumaayyuu kaadhimannaa keessatti iddoo olaanaa qaba. Obbo Abarraa Maammoo (Waxabajjii 03/2012)



***Suuraa 21ffaa Suuraa Gundoo***

**Coqorsa (marga):** Margi (coqorsi) akka meeshaalee kaanii harka namaatii tolfamuu baatus sirna Oromoon godhatu kamiyyuu keessaa hin dhabamu. Margi biqilaa jiidhaa rooba waaqaatiin dachiin biqilchituufi uummanni Oromoo yeroo waaqa kadhatuufi galateeffatu meeshaalee ulfoo biro waliin qabachuun malkaa bu’uun yookiin tulluu bahuun uumaa isaa galateeffatu yookiin kadhatudha. Sirna kadhaafi galateeffannaa kanaafis yeroo baay’ee coqorsatu filatama.

Coqorsi marga bonaa ganna lalisaa, kan hin gogneefi hiddi isaa jabaafi lafarra loo’u waan ta’eef, bonaa ganna akka coqorsa kanaa jidhiinaafi akkasumas hiddi warra sanaa akka baay’atu kan agarsiisuudha. Kunis, yeroo ayyaana irreechaa, ateetee, gubaa, fuudhaafi heerumaa, yeroo eebbifatan, yeroo ayyaana wadaajaa bulfatan maanguddoonni qabatanii kan eebbisaniidha. Kana malees galma waaqeffannaa keessatti yeroo korma qalan karma sana damboobsuuf (eebbisuuf) coqorsa qaama korma Sanaa mataa hanga miilaa tuqsiisuun qajeelfatanii qalu. Fakkeenyaaf maanguddoonni yeroo eebbisan akka coqorsaa lafarra loo’aa jedhu. Kunimmoo, dameen keessan haa baay’atu lafa guutaa jechuudha. Coqorsa kanas namni kamiyyuu harkatti qabachuun kan hin dhorkamne ta’us, nama eebbisuuf garuu kan itti fayyada mu yeroo baay’ee maanguddoota. Kana malees, jiidhaa lafa keessatti qabata, nilata, nilalisa waan ta’eef, akkuma nuti jiidhinaafi lalisaa qabannee fuldura kee siif dhaabbannee jireenya keenya bonaa ganna nuuf lalisi, nujiisi jedhanii waan amananiifi. Kanumaan walqabatees coqorsi araara waaqaati, jireenya namaati. Kanaafuu, coqorsi safuufi ulfina waan qabuuf filatamaadha. Obbo Ballaxaa Hayiluufi Obbo Obsaa Mangistuu (Caamsaa 29/2012)



**Suuraa 22ffaa Suuraa Margaa (Coqorsaa)**

# BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAAFI YABOO

Boqqonnaan kun haala waliigalaa qorannoo jalqabaa hanga dhumaa kan ilaallaatuudha. Iddoo kanatti irra caalmaadhaan guduunfaa argannoofi yaboon qorannoo kana ibsa isaanii faana dhiyaataniiru.

## 5.1. Guduunfaa.

Ummanni Oromoo akkuma uummata addunyaa biroo aadaa, seenaa, duudhaa fi falaasama garagaraa kan qabuu dha. Sabni kun caasa hidda latiinsaa hedduu qaba. Akkasumas dachee bal’aa irra qubatee kan jiraatudha. Haa ta’u malee aadaa walfakkaataa kan walitti isa hidhuufi wal irraa adda isa hin baafne hedduu qaba. Aadaan qabeenya ummatichaa ta’e kunis gosa barnootaa fookloorii kan damee bal’aa qabu kana keessatti kan ilaalamuudha. Haata’umalee gosa barnoota fookloorii keesatti afoolli Ummata Oromoo, meeshaaleen aadaa, Og-afaan, Aartin ummatichaa qorannoodhaan waan biraa gahame hin qabu. Ummanni Oromoo kan jiruufi jireenya isaa keessatti itti fayyadamu keessaa meeshaaleen aadaa isa tokko. Meeshaaleen aadaa kunis damee fookloorii keessaa tokko yoo ta’u, ummata Oromoo Godinaalee gargaraa keessatti argaman biratti iddoo olaanaa qaba.

Ummanni Oromoo Salaalees Meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaatiin wal qabatan kan dhaaloonni abbootii isaanii irraa dhaaluun akka dhala isaatti ilaalaafi kunuunsaa yeroo dheeraaf gola mana isaa kessatti ol kaa’aa asiin gaheera. Gosoonni meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa yeroo amma keessa jiraannu kanatti maalummaa Oromoo ibsan, haalli itti fayyadama isaa hawaasicha keessatti faayidaa inni qabu, ergaafi hiika maaliif akka dhaabbatan dagatamuu bira darbee akka aadaa boodatti hafaatti lakkaa’amaa jira. Oromoonis meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa keessatti itti fayyadamu kanniin sirnoota waaqeffannaa keessatti sufuufi kabajaa guddaa qabaataafii ture. Haa ta’u malee adeemsa keessa sababaa ilaalcha, siyaasan, amantiiwwanfi ammayyummaa biyya alaatiin liqimfamaafi balleessuuf itt duulamaa turus jabina Oromoon Salaalee eenyummaa isaa irratti qabuun as gahuu danda’eera.

Qorannoon kunis akkaataa itti fayyadama meeshaalee Aadaa Amantii waaqeffannaa Ilaallatan Haala Qabatamaa Godina Salaalee Anaa Jiddaa keessatti argaman xiinxaluun dhaloota har’aafi dhaloota dhufu barsiisuuf kan gaggeffameedha. Qorannoon dhimmota meeshaalee aadaa keessumaayyuu waaqeffannaan wal qabatan irratti yeroo baay’ee kan hin gaggeefamne ta’uun

immoo meeshaalee abbootiin dhoksanii kunuunsanii asiin gahan dhaloonni ammaa hanga maqaa isaa wallaaluu bira ga’uuf sababa ta’uu danda’eera. Qorannoon kunis mala qorannoon qulqulleeffataa (qualitative research) yoo ta‟u ragaa qabatamaa argachuuf mala iddattoo akkaayyoofi darbaa dabarsaatti fayyadamuun kan hojjatamedha. Haaluma kanaan gaaffilee bu’uuraa ka’umsa qorannoo, boqonnaa tokko keessatti ka’an, deebisuuf maloota adeeffannoo garagaraa kan akka, afgaaffii, marii gareefi daawwannaan maddeen ragaa garaagaraafi meeshaalee funaansa ragaalee adda addaatti dhimma bahuun walitti qabuun danda’ameera. Dabalataanis sakatta‟a barruu keessatti yaada hayyootaatiin deegaramuufi yaaxinaalee qorannoo kanaaf mijatan yaadiddama tajaajilaa (functionalism theory)fi yaadiddamaa duudhaa hawaasaa (folk-custom theory)tti gargaarramee kan dhiyaatefi qorannoo walfakkiis kan xiyyeeffannoo argatedha. Kutaa xiinxala ragaalee keessattis, meeshaawwan aadaa Amantii waaqeffannaa keessatti dhimma itti bahaman gosan, maaliif akka fayyadan, maalirra akka hojjetama, eenyu akka itti fayyadamu,yoomiifi eessatti akka fayyadan, yeroo ammaa kana hawaasni ilaalcha akkamii akka qabuuf, akkasumas wantoota meeshaalee kanniin irratti miidhaa geessisan xiinxaluun ibsuu ta’a.

Akkaataan itti fayyadama meeshaaleen Aadaa amantii waaqeffannaa Oromoo Salaalee Aanaa Jiddaa hanga ammaatti hawaasni itti gargaaramuun, aadaa hambaalee ummatichaa tursiisuu keessatti iddoo olaanaa qaba. Haata’u malee, meeshaaleen aadaa kanniin gosa gosaan itti fayyadaman kun salphaatti akka dhalootaan baramuu danda’anitti ibsi bal’aan gama manguddootaatiin itti kennamuu dhabuun ammas dhaloonni ammaa meeshaalee kanniiniifi faayidaa isaa beekuu dhabuudhaaf sababa ta’uu mala.

Tajaajilli meeshaaleen aadaa amantii waaqeffannaa Oromoo Jiddaatiif qaban guddadha. Dubartoonni meeshaalee aadaa fayyadamuun kabaja qaban mul‟isuun, dabalataanis jiruufi Kanneen keessaa hawaasni naannoo kanaa meeshaalee aadaa kanniin qabachuun sirnootaafi ayyaanita garaa garaa kabajachuu danda’u. Fakkeenyaaf, Hawaasni Aanaa Jiddaa yeroo sirna Irreechaa meeshaalee aadaa Oromoon waaqa galateeffachuufi kadhachuuf dhimma itti bahu kanneen akka Kallachaa, Caaccuu, Bokkuu, Elemtuufi kkf qabachuun malkaafi tulluutti bahee waaqa galateeffata yookiin kadhata. Kanaafuu meeshaalee aadaa kanniin akkuma waarri keenya nuuf dabarsan dhaloonni ammaa kunis dhaloota dhufaaf dabarsuun barbaachisaadha.

### 5.2. Argannoo

Qorannoon tokko hojjatamee erga raawwatameen booda bu'a qabeessummaan isaa kan mirkanaa'u argannoo dhuma irratti qoratichi argatuuni. Qorannoo mata dureen isaa itti fayyadama meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa keessatti haala qabatamaa Godina Salaalee Aanaa Jiddaa jedhu irratti gaggeeffameen kanarraa qoratichi argannoowwan armaan gadii argateera.

- Meeshaaleen aadaa amantii waaqeffannaa keessatti dhimma itti bahaman kanneen akka Kallachaa, Bokkuu, Horooroo, Siinqee, Caaccuu, Elemtuu, Alangee, Onkolaa, Callee, Qorii, Jaaloo, Ciicoo, Gundoo, Gingilchaa, Dibduu, Buqqee biifaafi kkfdha. Meeshaaleen kunniin meeshaalee ulfaa Oromoo biratti kabaja guddaa qaban, akkasumas ergaa mataa ofii qaban ta'uu qorannoo kanaan bira ga'amee jira.

- Meeshaaleen aadaa kunniin kanneen mukarraa hojjataman siinqee, Horooroo, Bokkuu, Muka Alangee, Qorii. Kanneen Sibiila irraa hojjataman Kallacha, Kanneen migira irraa hojjataman; Elemtuu, Gundoo, Gingilchaa, Ciicoo; Kanneen buqqee irraa hojjataman, Onkolaa, Ciicoo; kanneen gogaa irraa hojjataman, Caaccuu yoo ta'an Elemtuu, ciicoo, Caaccuufi dibduun calleefi elellaadhaan faayamanii kan hojjatamanidha.

- Meeshaaleen aadaa amantii waaqeffannaa keesatti fayyadan irra caalaa isaanii kan itti fayyadamu maanguddoota yoo ta'u, isaan kunis kanneen dubartoonni itti fayyadamaniifi dhiironni itti fayyadan ta'ee namoonni kunniin ayyaantuu yookiin namoota hawaasa keessatti gaarummaan yookiin hayyummaan beekaman ta'uu qabu. Sababni isaa namoonni yakka garaa garaa hojjatan meeshaalee ulfoo kanniin qabachuun dhorkaadha. Haa ta'u malee kan dargaggoonniifi shamarranis itti fayyadaman jiraachuu bira gahameera.

- Yeroofi bakki meeshaaleen aadaa ulfoon baay'een isaanii keessatti tajaajilan garee hawaasaa tokko tokkoon irraanfatamuufi meeshaalee ammayyaa gabaa bitamuun bakka buufamuun itti fayyadamuun mul'achuu.

- Meeshaaleen aadaa amantii waaqeffannaa keessatti itti fayyadaman: Meeshaalee Sirna Irreechaa irratti fayyadan, Kanneen sirna Ateetee irratti fayyadan, kanneen sirna gubaa keessatti fayyadan, kanneen sirna fuudhaafi heerumaa keessatti fayyadanfi kanneen sirna

wadaajaa irratti fayyadan jechuun qoqqoodamu. Garuu meeshaan sirna tokko keessatti dhimma itti bahamu sirna biroo keessattis fayyaduu danda'a. Keessumaayyuu, wal dhabdee hiikuuf, heera uumaa dabe qajeelchuufi faayaafis kan oolan jiru. Namoonni hedduun garuu faayidaa isaanii adda baasanii osoo hin beekiin itti fayyadamaa jiru.

- ☞ Tajaajjilli meeshaaleen aadaa tokkoo tokkoon kabaja, safuu, duudhaa, hawaasummaa keessatti qaban dhiibbaalee gara ammayyummaa, amantiifi kan birootiin dhufan irraa kan ka'e tuffatamuun dhaloota haarawaa biratti hubannoon xiqqaachuu.
- ☞ Meeshaaleen aadaa sirnootaafi ayyaanota adda addaa irratti rakkoo furuuf yookiin kabaja addaa qaban akka meeshaa faayaatti fudhachuun abbaan arge bakka argetti itti fayyadamaa jiraachuufi kunimmoo akka meeshaaleen kunniin hawaasa keessatti iddoo dhabaniif sababa ta'uun qorqnnoo kanaan bira ga'ameera.

### 5.3. Yaboo

Ummanni Oromoo Salaalee gama meeshaalee aadaa waaqeffannaa keessatti itti fayyadamaniitiin eenyummaafi falaasama Oromoo gadi fageenyaan kan ibsan kana haala tolaafi hamaa keessattii osoo hin dagatin itti dhimmee rakkoofi gidiraan amantaafi sirnoota adda addaarraa isa qunnamaa tureef osoo hin jilbiiffatiin dhaloota ammaa kana biraan gaheera. Meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa eenyummaa sabaa ibsan kana kunuunsuun dhalootaaf dabarsuun barbaachisaadha. Kanaafuu, itti fayyadama meeshaalee aadaa amantii Oromoo kana tursiisuuf; Sabni Oromoo Salaalee keessumaayyuu uummanni Aanaa Jiddaa meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa kana fayyadaman meeshaaleen kun eenyummaa isaanii kan ibsu waan ta'eef, sirriitti kunuunfachuuf carraaquu qabu.

- ➢ Namoonni meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa keessatti dhimma itti bahaman kanneen irratti beekumsa qaban meeshaalee ulfoo kanniin kunuunsuufi dhaloota dhufuuf dabarsuu qabu.
- ➢ Maashaaleen aadaa hawaasni Oromoo Jiddaa sirnoota waaqeffannaa irratti dhimma itti bahaman wantoota irraa tolfamaniifi akkaataa itti tolfaman qabu. Kanaafuu maanguddoonni wantoota meeshaaleen kun irraa tolfamaniifi akkaataa meeshaaleen kunniin itti hojjataman irratti beekumsa qaban akka meeshaaleen kun qabiyyee isaanii duraa gad hin dhiifnetti hojjatamuu akka qaban dhaloota ammaa barsiisuu qabu.

- Meeshaaleen aadaa Oromoon sirnoota waaqeffannaatiif fayyadan safuufi kabaja guddaa waan qabaniif abbaan arge itti gargaaramuu akka hin dandeenyeefi yoom, eenyu, eessatti itti fayyadamuu akka qabu xiyyeeffannaan itti kannamuun barbaachisaadha.
- Akka Aanaa Jiddaatti meeshaalee aadaa sirnoota waaqeffannaa keessatti tajaajilan namoonni akka boodatti hafaatti ilaaluun meeshaalee ammayyaa gabaa irraa bitanii bakka buusuu irra meeshaalee kanniin kunuunsuufi dhaloota itti aanuuf dabarsuun irratti qaama dhimmi ilaanuun hojjatamuu qaba.
- Meeshaalee aadaa uummanni Oromoo waaqa kadhachuufi sirnoota adda addaa keessatti safuufi heera uumaa qajeelchuuf itti fayyadamaa tureefi dhaloonni ammaa akka meeshaa faayaatti itti fayyadamaa waan jiruuf maanguddoonni irratti hojjachuu qabu.
- Namoonni baratan meeshaalee aadaa Oromoon waaqeffannaaf itti tajaajilamaa tureefi jiru kana irratti qorannoo gaggeessuun barreeffamaan idhaloota itti aanuuf dabarsuu qaba.
- Waajjirri Aadaafi Turizimii Aanaas ta’ee Godinaa meeshaalee aadaa kanniin funaanuun goda hambaa keessa kaa’uun dhaloonni ammaa akka daawwatuufi waa;ee isaa baru irratti hajjachuufi dhaloota dhufuuf dabarsuu qaba.
- Dhaloonni ammaa immoo ammayyummaafi dhiibbaa amantaalee alaa dhufaniitiin liqimfamuu dhiisee hambaa akaakileefi abaabilee isaarraa darbee bira gahe kana kunuunfachuun gahee isaa bahuu qabaan dhaamsa qorqtichaati.

**Wabiilee**

Addunyaa Barkeessaa, (2011). *Akkamtaa, Yaad-rimee qorannoo hujoo*: Finfinnee

Alamaayyoo Hayileefi kawwaan.(1998). Seenaa Oromoo Hanga Jarraa 16ffaa. Biiroo Aadaafi Turizimii: Berhana Selam Printing Enterprise.

Asafaa Tafarraa, (2009), *Eelaa, Seena oguma oromooFinfinnee*. Finfinnee First trading

Dhaabbata Hordoftoota A/Waaqeffannaa (2015), Barruu kabaja Hundeeffama waggaa 2ffaa Galma Buraayyuu. Buraayyuu, Oromiyaa

Bukeenya Austin,(1994). Understanding Oral literature. Nirobi City University press.

Buzunash Caalchisaa (2017), Qaaccessa Meeshaalee Aadaa Buqqee, Migiraafi Suphee irraa Hijjatamanii; Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) guuttachuuf Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruutiif dhiyaata: Yuunivarsiitii Finfinnee (Kan hin maxxanfamiin)

Darajjee Darrasaa (2016), Qaaccessa Itti Fayyadama Meeshaalee Aadaa Faaya Dubartootaa

Ilaallatan; waraqaa qaorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Guuttachuuf Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruuf dhiyaate: Yuunivarsiitii Finfinnee (Kan hin maxxanfamiin).

Dastaa Dasaalany (2013). Bu’uura Qorannoo.Finfinnee dhaabbata Manxansaa Boolee.

________________(2013). Bu’uura Qorannoo: Qorannoo Furmaataafi Deebii. Finfinee, plc.East Trading

David E. Gray. (2004). Doing Research in the Real World. London: SAGE publications Ltd

Denscombe, M. (2007). The good research guide for small scale social research project 3rd ed.open university press

Dirribii Damusee (2009). Ilaalcha Oromoo: Barroo Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo. Mana Maxxansaa Finfinnee.

Dorson, Richard.(1972). Foklore and Folk Life. An introduction. Chicago and London; The University of Chicago press.

Dundes Allen.(1965). The Study of Folklore. Berkle: Prentce hall.

Fedhasaa Taddasaa.(2013). Subii: Bu'uuraalee ogbarruu Oromoo. Finfinnee: Subii printing press.

Geetaachoo Rabbirraa (2008). Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo. Addis Ababa: kuraz International publishing Enterprise.

Leeiilsaa Aadaa Bantii (6413 ALW). Kudhaama Seenaa. Elleni Printing Press plc. Oromiyaa, Finfinnee.

Hayiluu Bantii. 1997. Cora Aadaa. Bole Printing Press.

Hundasaa waaqwayyaa, AsnaaqaaT.Irkoofi Amaaree Baqqalaa (2018).WAAQEFFANNAA: Gumii Waaqeffannaa Addunyaan Kan Qophaa'e: Norway

Imaanaa Bayyanaa (2007)."Qaaccessa Qabiyyee Faaruu Amantii Duudhaa Oromoo." Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Muummee Afaan Oromoofi Hogbarruuf Dhiyaate: Yuuniiversiitii Addis Ababaa, (Kan hin Maxxanfamne)

Iristee Akkawaaq. 2012. "Qaaccessa Sirna Lufiinsaa: Raaawwii Sirna Da‟umsaa Godina Jimmaa Aanaa Mannaa" AAU. Waraqaa Qorannoo MA kan hinmaxxanfamne.

Maammoo Gadaa (2016), Barruu Amantii, Safuu, Aadaafi Duudhaa Oromoo, Mana Maxxansaa MYBT Printing press Finfinnee Oromiyaa.

Maatii Sabaa (2006). Daaniyaa; Waldaa Aadaafi Duudhaa Oromoo. Finfinnee, Oromiyaa.

Misgaanuu Gulummaa, (2011). *Dilbii, bu'uura afoolaa, og-afaanii fi af-walaloo*

Okpewho, Isidore,(1992). Africa Oral literature: Back ground, character and continuity Bloomington and Indianapolis: Indian University press.

Oring,E.(1986).Folk Groups and Folklore Genres: Anintroduction. Logan Utaha: Utaha University pres

Raayyaa Horoo (2008). Wqqaeffannaa.  Africa Printing press plc, Finfinnee.

Tarruu Unguree (2015). Waaqeffannaa; Amantii Duudhaa Ganamaa. Finfinnee Oromiyaa.

Victor.D.(2009) Research Design and Methods for studying Culculture.NewYork: Altamira

Warqinaa Abbaa Soorii (2008). Sirna Gadaa.Finfinnee.Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Jiddaa (2006), Barruu Shanan Jiddaa. Kan hin maxxanfame.

**DABALEE A**

YUUNIVERSIITII FINFINNEE

KOLLEEJJII NAMOOMAA QORANNOO AFAANOTAA,

JOORNAALIIZIMIIFI SABQUNNAMTIITTI,

MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFI FOOKLOORII

Gaaffiiwwan maanguddoota naannoofi namoota seenaa beekaniif af-gaaffii dhiyaatan. Gaaffilee armaan gadii bu'uura godhachuun odeeffannoon isinirraa argamu qorannoo ani gaggeessu kana guutuu taasisa. Kanaaf odeeffannoo dhugummaafii qabatamummaa qabu akka naaf kennitan kabajaan isin gaafadha.

Maqaa-------------- Umurii------------------ Saala---------- Gahee hojii----------- Amantaa------

Qorannoon kun mata duree 'Itti Fayyadama Meeshaalee Aadaa Amantii Waaqeffannaa Keessatti' kan jedhu irratti kan xiyyeeffatedha.

1. Meeshaaleen amantii waaqeffannaa keessatti dhimma itti Bahaman maal fa'i?
2. Meeshaaleen akka Kallachaafi Bokkuu maaliif akka meeshaalee kaanii sirnoota hunda irratti hin bane?
3. Faayidaan meeshaaleen kunniin qaban maali?
4. Meeshaalee amantii waaqeffannaa keessatti dhimma itti Bahaman meeshaalee hawaasni mana isaa keessatti fayyadamu irraa maaltu adda taasisa?
5. Meeshaaleen kunniin sirnoota akkamii irratti fayyadu?
6. Meeshaalee sirna waaqeffannaa irratti fayyadan kanniin eenyutu itti fayyadama?
7. Garaa garummaan Bokkuufi Horooroo maali?
8. Meeshaaleen amantii waaqeffannaafi akkaataan isaan itti hojjataman maal ibsu?
9. Meeshaaleen kunniin sirna akkamii irratti dhimma itti bahamu?

10. Garaa garummaan meeshaalee ulfoofi meeshaalee faayaa maali?
11. Sirna waaqeffannaa keessatti meeshaaleen dubartoonni qofti itti fayyadaman maal fa’i? Maaliif?
12. Ilaalchi hawaasni yeroo ammaa kana meeshaalee kanniin iif qabu maal fakkaata?
13. Wantoonni meeshaalee aadaa amantii waaqeffannaa keessatti tajaajilan miidhuu danda’an maal fa’i?
14. Meeshaaleen kunniin yeroo ammaa sadarkaa maalii irra jiru?

## DABALEE B

Odeef-kennitoota afgaaffiifi marii garee xiyyeeffatamaa irratti hirmaatani

| La k. | Maqaa Guutuu | Saala | Umrii | Ganda | Gahee Hojii | Guyyaa Afgaaffiin godhame |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Obb. Abdiisa Diilalleessaa | Dhi | 41 | Sirxii 01 | Hog/W/A/Turiz | 26/9/2012 |
| 2 | Obb. Ballaxaa Hayiluu | Dhi | 52 | Siibaa Dagaa | Daldalaafi Hay Biyyaa | 27fi 29/9/2012 |
| 3 | Aadd. Maartaa Galataa | Du | 67 | Googilee | Qo. Bultuu | 27/9/2012 |
| 4 | Aadd. Asteer Ballaxaa | Du | 64 | Googilee | Qo. Bultuu | 27/9/2012 |
| 5 | Obb. Milkeessaa Daadhii | Dhi | 37 | Sirxii 01 | BarreessaaG/A/W | 27/9/2012 |
| 6 | Obb. Obsaa Mangistuu | Dhi | 43 | Acifaaraa | W/G/A Waaqeff. | 27/9/2012 |
| 7 | Obb. Faxxanaa Biraanuu | Dhi | 73 | Gaangoo | Hayyuu Biyyaa | 27/9/2012 |
| 8 | Aadd. Iftuu Siyyum | Du | 42 | Sirxii 01 | Q/Q/G/A/Waaqef | 29/9/2012 |
| 9 | Obb. Asaamminoo | Dhi | 39 | Sirxii 01 | Hog/W/A/Turiz. | 26/9/2012 |
| 10 | Obb. Abarraa Maammoo | Dhi | 77 | Googilee | Qo/Bulaa | 03/10/2012 |
| 11 | Obb. Taaddasaa Farajaa | Dhi | 76 | Sirxii 01 | Hayyuu Biyyaa | 27/9/2012 |
| 12 | Malkaa Kabbadaa | Dhi | 38 | Sirxii 01 | I/A/W/G/A/Waaqef | 29/9/2012 |
| 13 | Obb. Baqqalaa Damee | Dhi | 73 | Siibaa Sirxii | Hayyuu Biyyaa | 29/9/2012 |
| 14 | Aadd Bashaadduu Fiqiruu | Dhi | 66 | Siibaa Sirxii | Haadha Ateetee | 26/9/2012 |
| 15 | Aadd. Baqqalach Hillikuu | Du | 71 | Siibaa Sirxii | Ayyaantuu | 28/9/2012 |
| 16 | Aadde Galaanee Jimaa | Du | 64 | Siibaa Dagaa | Ayyaantuu | 29/9/2012 |